


# KAAWUNTII-TRI
# QAJEELCHA MISEENSA 2023

OROMO (AFAAN OROMOA)

Amajjii 1 2023 haareffame

1-877-600-5472 (TTY 711)

TrilliumOHP.com

# Haaromsa Qajeelfamaa

Akkuma seera federaalaatiin gaafatamutti, Trillium Community Health Plan (Karoorri Fayyaa Hawaasaa Trillium) miseensonni haaraan yeroo makaman ykn kanneen durii deebi'an fi Oregon Health Plan (OHP, Karoora Fayyaa Oregon) makamuu isaanii Oregon Health Authority (OHA, Abbaa Taaytaa Fayyaa Oregon) yeroo nu beeksisutti, miseensota isaatiif qajeelfama ni erga. Qajeelfama dhiyeenyaatti baayyee haaroomfame kunoo asitti argattu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. Yoo gargaarsa barbaaddan ykn gaaffii qabaattan, Tajaajila Maamilaatiif karaa 877-600-5472; TTY: bilbilaa 877-600-5473.

# QACCEEWWAN ISIN GARGAARAN:

- Jechoota tarii beekudhaaf isin barbaachisaniif hiika jechootaa xumura qajeelchaa irratti ilaala

- Yeroo hundaa kaardiiwwan OHP fi Trillium Community Health Plan keessan of biratti qabadhaa.
    - Yaadannoo: Kunniin kophaa kophatti kan isin kennaman yoo ta'u, Eenyummeessa OJP kee eenummeessa miseensummaa Trillium Community Health Plan kee dursa fudhatta.

- Kaardii Eenyummeessaa kan Trillium Community Health Plan kiisa anaadhufuu qajeelcha miseensaa kana keessatti ni argatta. Eenyummeessi keessan odeeffannoo armaan gadii of keessaa qaba:
    - Maqaa keessan
    - Lakkoofsa eenyummeessaa keessan
    - Odeeffannoo saganataa keessanii
    - Maqaa fi Odeeffannoo Dhiyeessaa keessan kan jalqabaa
    - Lakkoofsa Bilbilaa Tajaajila Maamilaa
    - Lakkoofsa Argannaa Afaanii

- Dhiyeessaan Eeggumsa Fayyaa Jalqabaa kiyya _________ dha
    - Lakkoofsi isaanii_________dha
- Dhiyeessaan Eeggumsa Ilkaanii Jalqabaa kiyya _________ dha
    - Lakkoofsi isaanii ___________dha
- Dhiyeessitootni biroo ani qabu_________ dha
    - Lakkoofsi isaanii_________dha

## Gargaarsi tolaa afaanotaa fi bifa biraa.

Namni kamiiyyuu waa’ee sagantaawwanii fi tajaajiloota Trillium Community Health Plan barachuu mirga qaba. Miseensotni hunduuakkaataa fayyadama sagantaawwanii fi tajaajilootaa beekuu mirga qabu.

Gargaarsa tolaaa gosa kanneenii kennina: x-rays

- Namoota afaan mallattoo hiikan
- Afaanota biraatiif, namoota afaan hiikan kanneen ulaagaa guutanii fi ragaa qaban
- Waraqaalee barreeffamaa afaanota biraa
- Barreeffama qaro dhabeeyyii
- Maxxansa qubee gurguddaa
- Sagalee fi bifa biraa

Qajeelcha miseensaa kana marsariitii keenya irratti argachuu ni dandeessu: [www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html](www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html) Gargaarsa barbaadda ykn gaaffii qabdu taanan, Tajaajila Hawaasaatif karaa 877-600-5472; TTY: tiin bilbila. 877-600-5473

**Odeeffannoo afaan biraa fi bifa biraatiin argadhaa.**

Ati ykn bakka bu’aan keessan wantoota akka qajeelcha kanaa ykn beeksisawwan CCO afaan biraatiin, maxxansa gurguddaadhaan, barreeffama qaro dhabeeyyiitin, ykn bifa barbaaddan kamiiniyyuu argachuu ni dandeessu. Waraqaalee gaafa gaafattan irraa guyyoota 5 keessatti argachuu ni dandeessu. Gargaarsi kuni bilisaani. Bifti kamiiyyuu odeeffannoo wal fakkaataa qaba. Fakkeenyotni wantoota miseensotaa :

- Qajeelcha kana
- Tarree dawaawwan haguugamanii
- Falannoo dhiyeessitoota
- Xalayaalee, kanneen akka komii, ittisaa, fi beeksisawwan ol iyyannoo

Faayidaawwan fayyadamaa, komiiwwanii, ol iyyannaawwanii, ykn caqasaa afaan biraa ykn bifa biraatiin barbaachuu keessan irratti hundaa'udhaan hin ittifaman ykn hin daangeffamanii.

Wanroota karaa elektiroonikaalaatiin gaafachuu ni dandeessa. Uunka keenya iccitaa'aa marsariitii keenya www.trilliumohp.com irratti guutaa. Maaloo sanadni inni kum isiniif akka ergamu akka barbaaddan nu beeksisaa. Garagalcha Qajeelcha Maamilaa ykn sanadoota biraa karaa elektiroonikaalaa gaafattu yoo ta'e, tajaajilootni maamilaa isiniif erguudhaaf hayyama isin gaafatu. Iimeelli keessan mirkaneessa keessaniin qofa fayyadamaa. Akkasumas Tajaajila Maamilaatiif karaa 877-600-5472; TTY: tiin bilbiluu ni dandeessa. 877-600-5473.

**Nama afaan isinii hiiku argachuu ni dandeessu.**

Isin, bakka bu'aan keessan, miseensonni maatii fi eegdonni nama afaan hiiku kan ragaa qabuu fi ulaagaa guutu gaafachuu ni danda'u. Akkasumas hiikkaawwan barreeffamaa fi gargaarsa gurraa fi tajaajiloota gaafachuu ni danda'u. Tajaajilootni kunneen bilisa.

Yeroo daawwannaa keetti nama afaan isiniif hiiku barbaaddu taanan, waajjira dhiyeessaa keessanitti himaa. Afaan kamii fi bifa kamiin akka barbaaddan itti himaa. Waa'ee Namoota Afaan Hiikanii kan caalmaatti Oregon.gov/OHA/OEI irratti baradhaa.

Gargaarsa barbaaddu taanan, maaloo 877-600-5472; TTY 877-600-5473 ykn Tajaajila Maamilaatif 800-273-0557 (TTY 711) irratti nuuf bilbilaa. "Mirgoota komeewwanii, ol iyyannaa fi caqasaatiif" fuula 87 ilaalaa.

Gargaarsa hiikkaa afaanii barbaaddan argachuu hin dandeenye taanan, qindeessaa Sagantaa Argannaa Tajaajiloota Afaaniitif karaa 844-882-7889, TTY 711 tiin bilbilaa ykn iimeela: LanguageAccess.Info@odhsoha.oregon.gov. irratti erga.

## English

You can get this letter in other languages, large print, Braille or a format you prefer. You can also ask for an interpreter. This help is free. Call 877-600-5472; or TTY: 877-600-5473. We accept relay calls.

-

You can get help from a certified and qualified health care interpreter.

## Spanish

Puede obtener este documento en otros idiomas, en letra grande, braille o en un formato que usted prefiera. También puede recibir los servicios de un intérprete. Esta ayuda es gratuita. Llame al servicio de atención al cliente 877-600-5472 o TTY: 877-600-5473. Aceptamos todas las llamadas de retransmisión.

-

Usted puede obtener ayudar de un intérprete certificado y calificado en atención de salud.

## Russian

Вы можете получить это письмо на другом языке, напечатанное крупным шрифтом, шрифтом Брайля или в предпочитаемом вами формате. Вы также можете запросить услуги переводчика. Эта помощь предоставляется бесплатно. Звоните по тел. 877-600-5472 или TTY: 877-600-5473. Мы принимаем звонки по линии трансляционной связи.

-

Вы можете получить помощь от аккредитованного и квалифицированного медицинского переводчика.

## Vietnamese

Quý vị có thể nhận tài liệu này bằng một ngôn ngữ khác, theo định dạng chữ in lớn, chữ nổi Braille hoặc một định dạng khác theo ý muốn. Quý vị cũng có thể yêu cầu được thông dịch viên hỗ trợ. Sự trợ giúp này là miễn phí. Gọi 877-600-5472 hoặc TTY (Đường dây Dành cho Người Khiếm thính hoặc Khuyết tật về Phát âm): 877-600-5473. Chúng tôi chấp nhận các cuộc gọi chuyển tiếp.

-

Quý vị có thể nhận được sự giúp đỡ từ một thông dịch viên có chứng nhật và đủ tiêu chuẩn chuyên về chăm sóc sức khỏe.

## Arabic

يمكنكم الحصول على هذا الخطاب بلغات أخرى، أو مطبوعة بخط كبير، أو مطبوعة على طريقة برايل أو حسب الصيغة المفضّلة لديكم. كما يمكنكم طلب مترجم شفهي. إن هذه المساعدة مجانية. اتصلو على 877-600-5472 أو المبرقة الكاتبة 877-600-5473. نستقبل المكالمات المحولة.

-

يمكنكم الحصول على المساعدة من مترجم معتمد ومؤهل في مجال الرعاية الصحية.

## Somali

Waxaad heli kartaa warqadan oo ku qoran luqaddo kale, far waaweyn, farta dadka indhaha aan qabin wax ku akhriyaan ee Braille ama qaabka aad doorbidayso. Waxaad sidoo kale codsan kartaa turjubaan. Taageeradani waa lacag la'aan. Wac 877-600-5472 ama TTY: 877-600-5473. Waa aqbalnaa wicitaanada gudbinta.

-

Waxaad caawimaad ka heli kartaa turjubaanka daryeelka caafimaadka oo xirfad leh isla markaana la aqoonsan yahay.

## Simplified Chinese

**您可**获取本文件的其他语言版、大字版、盲文版或您偏好的格式版本。您还可要求提供口译员服务。**本帮助免**费。致电 877-600-5472 或 TTY: 877-600-5473。**我**们会接听所有的转接来电。

-

**您可以从**经过认证且合格的医疗口语翻译人员那里获得帮助。

## Traditional Chinese

您可獲得本信函的其他語言版本、大字版、盲文版或您偏好的格式。您也可申請口譯員。以上協助均爲免費。請致電 877-600-5472 或聽障專線: 877-600-5473。我們接受所有傳譯電話。

-

您可透過經認證的合格醫療保健口譯員取得協助。

## Korean

이 서신은 다른 언어, 큰 활자, 점자 또는 선호하는 형식으로 받아보실 수 있습니다. 통역사를 요청하실 수도 있습니다. 무료 지원해 드립니다. 877-600-5472 또는 TTY: 877-600-5473 에 전화하십시오. 저희는 중계 전화를 받습니다.

-

공인 및 자격을 갖춘 의료서비스 전문 통역사의 도움을 받으실 수 있습니다.

## Hmong

Koj txais tau tsab ntawv no ua lwm yam lus, ua ntawv loj, ua lus Braille rau neeg dig muag los sis ua lwm yam uas koj nyiam. Koj kuj thov tau kom muaj ib tug neeg pab txhais lus. Txoj kev pab no yog ua pub dawb. Hu 877-600-5472 los sis TTY: 877-600-5473. Peb txais tej kev hu xov tooj rau neeg lag ntseg.

-

Koj yuav tau kev pab los ntawm ib tug kws txawj txhais lus rau tib neeg mob.

## Marshallese

Kwomaroñ bōk leta in ilo kajin ko jet, kōn jeje ikkillep, ilo braille ak bar juon wāwein eo eṃṃanḷọk ippaṃ. Kwomaroñ kajjitōk bwe juon ri ukōt en jipañ eok. Ejjeḷọk wōṇāān jipañ in. Kaaltok 877-600-5472 ak TTY: 877-600-5473. Kwomaroñ kaaltok in relay.

-

Kwomaroñ bōk jipañ jān juon ri ukōt ekōmālim im keiie āinwōt ri ukōt in ājmour.

## Chuukese

En mi tongeni angei ei taropwe non pwan ew fosun fenu, mese watte mak, Braille ika pwan ew format ke mwochen. En mi tongeni pwan tingor emon chon chiaku Ei aninis ese fokkun pwan kamo. Kokori 877-600-5472 ika TTY: 877-600-5473. Kich mi etiwa ekkewe keken relay.

-

En mi tongeni kopwe angei aninis seni emon mi certified ika qualified ren chon chiaku ren health care.

## Tagalog

Makukuha mo ang liham na ito sa iba pang mga wika, malaking letra, Braille, o isang format na gusto mo. Maaari ka ring humingi ng tagapagsalin. Ang tulong na ito ay libre. Tawagan ang 877-600-5472 o TTY: 877-600-5473. Tumatanggap kami ng mga relay na tawag.

-

Makakakuha ka ng tulong mula sa isang sertipikado at kwalipikadong tagapagsalin ng pangangalaga sa kalusugan.

## German

Sie können dieses Dokument in anderen Sprachen, in Großdruck, in Brailleschrift oder in einem von Ihnen bevorzugten Format erhalten. Sie können auch einen Dolmetscher anfordern. Diese Hilfe ist gratis. Wenden Sie sich an 877-600-5472 oder per Schreibtelefon an: 877-600-5473. Wir nehmen Relaisanrufe an.

-

Sie können die Hilfe eines zertifizierten und qualifizierten Dolmetschers für das Gesundheitswesen in Anspruch nehmen.

## Portuguese

Esta carta está disponível em outros idiomas, letras grandes ou braile, se preferir. Também poderá solicitar serviços de interpretação. Essa ajuda é gratuita. Ligue para 877-600-5472 ou use o serviço TTY: 877-600-5473. Aceitamos encaminhamentos de chamadas.

-

Você poderá obter a ajuda de intérpretes credenciados e qualificados na área de saúde.

## Japanese

この書類は、他の言語に翻訳されたもの、拡大文字版、点字版、その他ご希望の様式で入手可能です。また、通訳を依頼することも可能です。本サービスは無料でご利用いただけます。877-600-5472 または TTY: 877-600-5473 までお電話ください。電話リレーサービスでも構いません。

-

認定または有資格の医療通訳者から支援を受けられます。

# Tarsiimoo keenya loogimaleessaa.

Trillium Community Health Plan dirqama seerota mirga namoomaa naannoo fi federaalaa eeguu qaba. Namoota (miseensotas ta'ee kanneen tarii miseensota ta'uu malan) sagantaawwanii fi sababoota armaan gadii kamiiyyuu irratti hundaa'uun qoodinsa hin taasisinu:

- Umrii
- Miidhamummaa Qaamaa
- Eenyummaa saalaa
- Haala fuudhaf heerumaa
- Biyya irraa dhufan
- Sanyii
- Amantii
- Bifa
- Saala
- Fedhii saalaa
- Haalota fayyaa fi tajaajiloota barbaaduu

Sababoota armaan olii kana kamiifiyyuu irratti hundaa'uun miidhaan isinirra gaheera taanan, kamii ykn ceephoo taasisuu ni dandeessu. Komii karaalee armaan kadii kanneen keessaa kamiiniyyuu KarooraFayyaa Hawaasaa Trillium tti taasisaa (erga)

- Bilbila: 541-214-3948
- Qindeessituu Komee keenya Emily Farrell tiif karaa 877-600-5472
  TTY: tiin bilbilaa 711
- Faaksii: 844-805-3991
- Ergaa: Trillium Community Health Plan
  LSP 11740
  Eugene, OR 97440-3940
- Iimeela: Grievances@TrilliumCHP.com
- Marsariiti: www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/member-satisfaction.html

Komee erguu feetuu? Tajaajila maamilaa, ogeessa nageenyummaa daraboo, ykn qorataa fayyaa dhuunfaatiif bilbilaa. Akkasumas komee karaa dhaabbilee armaan hadii kamiiyyuu ergachuu ni dandeessa:

**Oregon Health Authority (OHA) Civil Rights**

- Bilbila: 844-882-7889, TTY 711
- Marsariiti: www.oregon.gov/OHA/OEI
- Iimeela: OHA.PublicCivilRights@odhsoha.oregon.gov
- Ergaa: Office of Equity and Inclusion Division
  421 SW Oak St., Suite 750
  Portland, OR 97204

**Bureau of Labor and Industries Civil Rights Division**

- Bilbila: 971-673-0764
- Marsariiti: www.oregon.gov/boli/civil-rights
- Iimeela: crdemail@boli.state.or.us
- Ergaa: Bureau of Labor and Industries Civil Rights Division
  800 NE Oregon St., Suite 1045
  Portland, OR 97232

**U.S. Department of Health and Human Services Office for Civil Rights (OCR)**

- Marsariiti: https://ocrportal.hhs.gov/ocr/smartscreen/main.jsf
- Bilbila: 800-368-1019, TDD: 800-537-7697
- Iimeela: OCRComplaint@hhs.gov
- Ergaa: Office for Civil Rights
  200 Independence Ave. SW, Room 509F, HHH Bldg.
  Washington, DC 20201

# Odeeffannoo keessan iccitiidhaan qabna.

Galmeewwan keessan namoota ilaaluun barbaachise qofa waliin qoodna. Kuni immoo sababoota yaalaa ykn kaffaltiitif ta'uu mala. Eenyu odeeffanno kee akka argu irratti daangaa kaa'uu dandeessa. Yoo galmeewwan keessan akka namni kamiiyyuu hin agarre kan barbaaddan ta'e, **ykn** galmeewwan keessan nama ta'e wajjiin akka qoodnu yoo barbaaddan nu beeksisa. Uunki www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html irratti guutamuu, akkasumas ProtectMyInfo@TrilliumCHP.com tti ergamuu ni danda'a. Nama odeeffannoo kee waliin qoodne hundaa nu gaafachuu ni dandeessa.

Seerri Keewwata Health Insurance Portability and Accountability Act (HIPAA) jedhamu galmeewwan fayyaa keetii kan eeguu fi iccitaa'ummaa isaanii eega. Kuni iccitaa'ummaa jedhama. Nuti waraqaa Ibsa Gochaalee Dhuunfaa jedhamu kan waa'ee akkaataa nuti odeeffannoo miseensota keenyaa fayyadamnuu ibsu qabna. Yoo nu gaafattan isiniif ergina. Tajaajila Maamilaatti bilbilaa Ibsa Gochaalee Dhuunfaa keenyaa gaafadhaa. Akkasumas www.trilliumohp.com irratti fuula gara gadiitti adeemuun "Ibsa Gochaalee Dhuunfaa" irratti cuqaasudhaan arguu ni dandeessu.

# Galmeewwan fayyaa.

Galmeen fayyaa rakkoowwan fayyaa keetii fi tajaajiloota isin fudhattan qaba. Akkasumas ergaawwan isiniif taasifaman agarsiisa.

**Galmeewwan fayyaa keessan maal gochuu dandeessu?**

- Barbaachisaa taanan galmee keessan dhiyeessaa biraatti ergachuu.
- Galmeewwan keessan tolchuu ykn sirreessuudhaf gaafachuu.
- Garagalcha galmee keessanii gaafachuu, kunis kanneen armaan gadii of keessaa qaba:
  - Galmeewwan fayyaa dhiyeessaa keessanii
  - Galmeewwan fayyaa ilkaanii ogeessa ilkaanii keessanii
  - Galmeewwan Trillium Community Health Plan

Yeroon seerri itti argannaa keessan ittisu jiraachuu mala. Galmeewwan gaafatamaniif kaffaltii hamma barbaachisaa ta'ee gaafatamuu maltu.

**Galmeewwan muraasni qoodamuu hin danda'an.**

Dhiyeessaan akkaataa murtii ogummaa isaanitti, galmeewwan qooduun miidhaa "ifagalaa fi hatattamaa" isin, namoota biroo ykn hawaasa irratti fida jedhanii kan yaadan yoo ta'e, galmeewwan fayyaa hin qoodan. Akkasumas dhiyeessaan galmeewwan mana murtiitif dhiyaatan hin qoodu.

# Qajeelcha kana keessatti maaltu jira


Gargaarsi tolaa afaanotaa fi bifa biraa. .................... 3

*Odeeffannoo afaan biraa fi bifa biraatiin argadhaa. .................... 3*
*Nama afaan isinii hiiku argachuu ni dandeessu. .................... 4*

Tarsiimoo keenya loogimaleessaa. .................... 10

Odeeffannoo keessan iccitiidhaan qabna. .................... 11

Galmeewwan fayyaa. .................... 11

Baga Gara Trillium Community Health Plan Nagaan Dhuftan! .................... 14

Nu qunnamaa. .................... 15

*Lakkoofsota bilbilaa barbaachiso. .................... 15*
*Oregon Health Plan qunnamaa. .................... 16*

Mirgootaa fi dirqamoota keessan. .................... 17

*Mirgoota keessan akka miseensa OHPtti. .................... 17*
*Akka miseensa OHPtti, itti gaafatmummaawwan keessan. .................... 19*

Miseensotni ulfa ta'an .................... 21

Miseensota Indiyaanota Ameerikaa fi Jiraattota Alaska. .................... 21

Miseensotni haaraan kallattiidhaan tajaajiloota barbaadan. .................... 22

Qorannoo waa'ee fayyaa keessanii. .................... 22

Faayidaawwan keessan. .................... 24

*OHP'n maal akka haguugu Oregon akkamiin murteessa. .................... 24*
*Mirkaneessa argachuu, akkasumas mirkaneessa dursaa (PA) kan jedhamu. .................... 24*
*Ergaawwan dhiyeessaa fi ergaawwan ofee .................... 25*
*Faayidaawwan fayyaa qaamaa. .................... 25*
*Faayidaawwan eeggumsa fayyaa sammuu. .................... 32*
*Faayidaawwan yaala fayyadama wantoota. .................... 33*
*Faayidaawwan ilkaani. .................... 34*

Tajaajila barbaaddan argachuu. .................... 39

Eeggumsa argachuuf yeroo hangamii fudhata. .................... 40

Dhiyeessitoota eeggumsa jalqabaa (PCPwwan). .................... 42

*Qajeelcha dhiyeessaa. .................... 43*
*Beellamoota qabadha. .................... 43*

Qindeessaa eeggumsaatin qindeessuu irratti gargaarsa argadha. .................... 45

Qindeessaa Eeggumsa Cimaa .................... 47

Qorannoo fi eeggumsa ittisaa addaa miseensota umriin isaanii 21 gadi ta'eef. .................... 49

Hojjattoota Fayyaa Aadaa (THW). .................... 51

Tajaajiloota dabalataa .................... 53

*Tajaajiloota In Lieu (ILOS) .................... 53*
*Tajaajiloota In Lieu(ILOS) .................... 53*

*Tajaajiloota Fayyaan Walqabatan* ........ *54*
Geejjiba eeggumsaa tola ........ 57
Eeeggumsa karaa suursagalee ykn bilbilaa argachu. ........ 61
Ajaja dawaawwanii. ........ 63
Tajaajiloota nuti hin haguugne. ........ 65
Hospitaalota. ........ 66
Eeggumsa Ariifachiisaa. ........ 66
Eeggumsa Ariifachiisa ........ 70
*Rakkoowwan fayyaa qaamaa* ........ *70*
*Rakkoon ilkaanii hatattamaa* ........ *71*
*Rakkoowwan fayyaa amalaa ariifachiisoo* ........ *72*
*Hordoffii rakkoo ariifachiisaa boodaa* ........ *75*
Tajaajila manaa alaa ........ 75
*Tajaajila sagantaa'aa eeggumsaa isteetaa alaa* ........ *75*
*Rakkoo hatattamaa manaan alaa* ........ *75*
Kaffalchiisa tajaajilaa ........ 76
*Miseensonni OHP tajaajiloota haguugamaniif hin kaffalchiifaman.* ........ *76*
*Tajaajilootni isin kaffaluufii maltan jiraachuu malu.* ........ *77*
*Uunka Kaffaluudhaaf walii nan galaa akka mallatteesitaniif gaafatamuu maltu.* .... *78*
*Waa'ee tajaajilootaaf kaffaluu fi kaffalchiifamuu qabxiilee barbaachiso.* ........ *79*
Miseensota OHP ykn Medicare qaban. ........ 81
CCOwwan jijjiiruu fi eeggumsa sochoosu ........ 82
*Yoom CCO jijjiiruu ykn dhiisuu akka dandeessan.* ........ *82*
*Akkamiin CCO akka jijjiirtan ykn keessaa baatan* ........ *83*
*Trillium Community Health Plan sababoota muraasaaf akka baatan isin gaafachuu danda'a.* ........ *84*
*Yeroo CCO jijjiirtanitti ykn dhiistaniiti eeggumsa* ........ *85*
Murtiiwwan xumura jireenyaa. ........ 86
*Qajeelfama dursaa.* ........ *86*
*Garaagarummaan POLST fi qajeelfama dursaa maali?* ........ *88*
*Ibsa yaala Fayyaa Sammuu.* ........ *88*
Malaammaltummaa, Qisaasumaa fi Miidhama Gabaasu ........ 90
Komeewwan, Aariiwwan, Ol iyyannaawwanii fi caqasawwan ........ 92
*Komee taasisuu ni dandeessu* ........ *92*
*Murtoo kennine akka jijjiirru nu gaafachuu dandeessu.* ........ *94*
*Gaafifii deebii waa'ee ol iyyannaawwanii fi caqasaawwanii* ........ *97*
Jechoota beekuu qabdan ........ 99

# Baga Gara Trillium Community Health Plan Nagaan Dhuftan!

Isin qaama Trillium Community Health Plan ta'utti baayyee gammadnee jirra.
Trillium Community Health Plan keessan irratti isin gargaarutti gammachuu qabna.
Eeggumsa gaarii dandeenyu isiniif kennuu barbaadna.

Karoora keessan akkamiin akka fayyadamtan beekun barbaachisaadha. Qajeelchi kun waa'ee kaampanii keenyaa, akkamiin akka eeggumsa argattan, fi faayidawwan keessan caalmatti akkamiin akka fayyadamtan isinitti hima.

## OHP fi Trillium Community Health Planakkamiin waliin hojjatu

Oregon Health Plan (OHP)'n, Oregaanotaaf haguuggaa eeggumsa fayyaa tolaati. OHP'n, sagantaa Medicaid kan Oregonti. Tajaajiloota fayyaa qaamaa, ilkaanii, fi fayyaa amalaa (fayyaa sammuu fi yaala fayyadama rakkoo fayyadama wantootaa) haguuga. Akkasumas OHP'n ajajawwan dawaa fi geejjiboota eeggumsaa ni haguuga.

OHP'n karoorawwan fayyaa naannoo kan faayidaawwan keessan akka argatan isin gargaaran qaba. Karoorawwan kunniin dhaabbilee eeggumsa qindaa'aa ykn CCOwwan jedhamu.
Trillium Community Health Plan CCO dha.

CCOwwan eeggumsa fayyaa keessaniif ni kaffalu akkasumas ni qindeessu. Akkaataa isin itti eeggumsa argattan fooyyessuudhaaf, haakimootaa fi dhiyeessitoota karaa garagaraan kafallaaf. Kuni dhiyeessitootni akka fayyaa keessan waliigalaa fooyyessuu irratti hojjataniif gargaara. Akkamiin dhiyeessitootaaf akka gaffallu gaafachuudhaaf mirga qabdu. Kaffaltiiwwan dhiyeessaa ykn daballiiwwan eeggumsa keessan ykn akkaataa itti faayidaawwan argattan hin jijjiiran. Odeeffannoodhaaf, Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472 bilbilaa.

CCOwwan hunduu faayidaawwan OHP wal fakkaataa haguugu. Muraasni tajaajiloota dabalataa kanneen akka meeshaalee daa'imman reef dhalatanii fi maamilummaa gym ni kennu. Waa'ee Trillium Community Health Plan dabalataan fuula 50 irratti ilaalaa.

# Nu qunnamaa.

Wajjirri Trillium Community Health Plan Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. irraa hanga 5:00 p.m. banaadha.

Nuti gaafa Guyyaa Waggaa Haaraa, Guyyaa Martin Luther King Jr, Guyyaa Yaadannoo, Guyyaa Bilisummaa, Guyyaa Hojjataa, Guyyaa Galataa, Jimaata Gaafa Guyyaa Galataatti aanuu, Jalbultii Ayyaana Dhalootaa, Gaafa Ayyaana Dhalootaa, Jalbultii Gaafa Waggaa Haaraa irratti hin hojjannu.

Iddoon waajjira keenyaa:

Trillium Community Health Plan
13221 SW 68th Parkway, Ste 315
Tigard, OR 97223

Kaffaltii malee bilbilaa: 877-600-5472, TTY 711, ykn afaan 877-600-5472 irratti argadhaa.
Faaksii: 844-805-3991.
Sarara irratti: www.TrilliumOHP.com
Teessoo ergaa: Trillium Community Health Plan
LSP 11740
Eugene, OR 97440-3940

## Lakkoofsota bilbilaa barbaachiso.

- Faayidaawwan fayyaa fi eeggumsa
  Tajaajila maamilaaf bilbilaa: 877-600-5472. Fayyadamtooti TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa.
  Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m.
  Waa'ee faayidaawwan fayyaa fi eeggumsaa fuula 24 irratti ilaala.

- Faayidaawwan dukkaana qoricha
  Tajaajila Maamilaa Dukkaana Qoricha 877-600-5472. Fayyadamtootni TTY, 711 irratti bilbila.
  Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m.
  Waa'ee faayidaawwan dukkaana qorchaa fuula 60 irratti baraa.

- Faayiddwwanii fi eeggumsa fayyaan amalaa, dawaa, hirkannaa alkoolii, ykn rakkoo hirkannaa fayyadama wantootaa
  Tajaajila Maamilaa 877-600-5472. Fayyadamtooti TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa.
  Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m.
  Waa'ee faayidaawwan fayyaa amalaa fuula 30 irratti baraa.

- Faayidaawwanii fi eeggumsa ilkaanii
  Advantage Dental Services
  Tajaajila Maamilaa Kaffaltirraa bilisaa 1-866-268-9631 TTY: 711

  Capitol Dental Care
  Tajaajila Maamilaa 1-503-585-5205 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-525-6800
  TTY: 1-800-735-2900

Oregon Dental Service
Tajaajila Maamilaa 1-503-243-2987 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-342-0526

- TTY: 1-503-243-3958 yookan 1-800-466-6313

- Eeggumsa fayyaa qaamaa, eeggumsa ilkaanii, ykn fayyaa amalaatif geejjiba tolaa

Eeggumsa fayyaa qaamaa, eeggumsa ilkaanii, ykn fayyaa amalaatif geejjiba tolaa argachuu ni dandeessu. Geejjibsa tolaa argachuudhaaf, 877-600-5472 irratti bilbila. Fayyadamtooti TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa.
Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. irraa hanga 5:00 p.m tti, Guyyaa Waggaa Haaraa, Guyyaa Martin Luther King Jr, Guyyaa Yaadannoo, Guyyaa Bilisummaa, Guyyaa Hojjataa, Guyyaa Galataa, Jimaata Gaafa Guyyaa Galataatti aanuu, Jalbultii Ayyaana Dhalootaa, Gaafa Ayyaana Dhalootaa, Jalbultii Gaafa Waggaa Haaraa irratti hin hojjannu. Waa'ee geejjibawwanii fuula 54 irratti caalmatti bara.

# Oregon Health Plan qunnamaa.

Tajaajilli Maamilaa OHP kan isin gargaaruu danda'u:

- Jijjiirraa teessoo, lakkoofsa bilbilaa, haala maatii ykn odeeffannoowwan biroo
- Kaardii Fayyaa Oregon kan isin jalaa bade bakka buusuu
- Faayidawwaniif iyyachuu ykn haaromsuu
- Gargaarsa maamila naannoo irraa argachuu

**Tajaajila Maamilaa OHP akkamiin qunnamuu dandeenya?**

- Bilbilaan: 800-699-9075 kaffaltirraa bilisa (TTY 711)
- Marsariitii: www.OHP.Oregon.gov
- Iimeela: Iddoo iimeela iccitaa'aa kan https://secureemail.dhsoha.state.or.us/encrypt fayyadamuudhaan iimeela Oregon.Benefits@odhsoha.oregon.gov irratti erguu.
    - Maqaa keessan, guyyaa dhalootaa, Lakkoofsa eenyummeessaa Fayyaa Oregon, teessoo fi bilisa keessan nuuf himaa.

# Mirgootaa fi dirqamoota keessan.

Akka miseensa Trillium Community Health Plan, mirgoota ni qabdu. Akkasumas yeroo OHP argattanitti, itti gaafatamummaawwan ykn wantootni isin gochuu qabdan ni jiraatu. Waa'ee mirgootaa fi ittigaafatamummaawwan asitti ibsamanii gaaffii yoo qabaattan, Tajaajila Maamilaatif 877-600-5472 irratti bilbilaa.

Deebii gadhee fi alabaasummaa alatti, mirgaa mirgoota maamilummaa keessan hojirra oolchuu ni qabdu. Mirgootni keessan kan hin kabajamin fakkaatee isinitti mul'ata taanan, komii taasisuu dandeessu. Waa'ee kameewwan taasisuu fuula 87 irratti baraa. Akkasumas Abbagaar Abbaa Taaytaa Fayyaa Oregoniitif karaa 877-642-0450 (TTY 711) tiin bilbiluu ni dandeessu. Iimeelsa iccitaa'aa karaa www.oregon.gov/oha/ERD/Pages/Ombuds-Program.aspx dhaatin isaanif erguu ni dandeessa.

Yeroowwan itti namootni umriin isaanii 18 gadii (ijoolleen) tajaajiloota eeggumsa fayyaa ofii isaanitii itti barbaadan jiraachuu mala. Caalmaatti baruudhaaf, "Mirgoota Daa'immanii: Argannaa fi Hayyama Eeggumsa Fayyaa" dubbisaa. Jildiin kuni gosoota tajaajilawwanii daa'imman ofii isaanii argatan fii akkaataa galmeewwan isaanii itti qoodaman isiniif hima. Kanas www.OHP.Oregon.gov irratti dubbisuu ni dandeessa. "Mirgoota daa'immanii fi argannaa eeggumsaa" irratti cuqaasa. Ykn:
https://sharedsystems.dhsoha.state.or.us/DHSForms/Served/le9541.pdf ilaala

## Mirgoota keessan akka miseensa OHPtti.

| Haala kanaan ilaalamuudhaaf mirga qabdu |
| --- |
| • Yaala bilisummaa, kabajaa, fi iccitaa'ummaa kee yaada keessa galchu argachu<br>• Haala wal fakkaataa namoota biraa eeggumsa fayyaa barbaadaniitiin dhiyeessadhan yaala argachuu.<br>• Garee eeggumsa wajjiin hariiroo tasgabbaa'aa kan hoggansa eeggumsaa kee irratti gaafatamummaa qaban wajjiin qabaachuu.<br>• Namootni yoo isin gargaaran salphaa waanta'uuf, isin adabuudhaaf, ykn waan isin gochuu hin barbaadne akka gootan gochuudhaaf gadi hin qabamtan ykn achi hin qabamtan. |
| **Odeeffannoo kana argachuudhaaf mirga qabdu** |
| • Wantoota akkaataa fi afaan isin hubattaniin ibsaman. (fuula 3 ilaalaa)<br>• Wantoota waa'ee CCOwwanii fi akkamiin akka siistama fayyaa fayyadamtan isinitti himan. (Kanaaf maddi gaariin Qajeelcha Miseensaati)<br>• Waraqaalee mirgoota, itti gaafatamummaawwan, faayidaawwam, akkamiin tajaajila akka argattan, fi yeroo hatattamaatti maal gochuu akka qabdan ibsan. (Kanaaf maddi gaariin Qajeelcha Miseensaati) |

- Waa'ee haala keetii, maaltu akka haguugamu, maaltu akka hin haguugamne, irratti akka murtii gaarii kennuu dandeessuuf odeeffannoo argachuu. Odeeffannoo kana afaan fi bifa isin babaaddaniin argachuu.
- Galmee fayyaa kan haalota, tajaajiloota isin argattan, ergaawwan keessan hordofan. (fuula 11 ilaalaa)
    - Galmeewwan fayyaa keessan argachuu
    - Galmeewwan fayyaa keessan dhiyeessaa waliin qoodaa.
- Beeksisa barreeffamaa faayidaan keessan ittifamuu ykn jijjiiramuu dura argachuu. Seerota federaalaa ykn isteetaatin hin gaafataman taanan, beeksisa argachuu dhabuu maltu.
- Beeksisa barreeffamaa waa’ee dhiyeessitoota waliigaltee hin qabnee.
- Beellamni ni haqama yoo ta’e, yeroon beeksifamuu.

## Eeggumsa kana argachuudhaaf mirga qabdu

- Eeggumsaa fi tajaajiloota jiddugala keessa isin kaa’an. Eeggumsa filannoo, of dandeettii, fi birmadummaa isiniif kennu. Eeggumsi kuni fedhii fayyaa keessanii fi gochaalee akka waliigalaatti fudhatama qaban irratti hundaa'a.
- Tajaajilooti aadaa fi afaan keessan ilaalcha keessa galchan naannoo isin jiraattanitti ni argamu. Yoo argame, tajaajilawwan bakkeewwan aadaan addaatti argachuu ni dandeessu (fuula 48 ilaala).
- Qindoomini eeggumsaa, eeggumsa hawaasa keessaa, fi haala aadaa fi afaan keessan wajjiin wal simaniin daddabarsa gargaarsaa fi eeggumsaa argachuu. Kuni immoo hospitaala ykn iddoowwan irraa isin hambisa.
- Tajaajiloota rakkoo fayyaa maalii akka qabdan beekuudhaaf isiniif kennaman.
- Gargaarsa akkaataa fayyadama siistama eeggumsaa. Gargaarsaa aadaa fi afaanii isin barbaaddan argachuu. (Fuula 48 ilaalaa) Kuni immoo kan ta’uu danda’u:
    - Hiiktota afaanii ragaa qaban ykn ulaagaa guutan
    - Hojjataa fayyaa addaa raga qabeeyyii
        - Hojjatoota fayyaa hawaasaa.
        - Ogeessota addaa nageenyummaa hiriyaa.
        - Ogeessota addaa gorsaa hiriyaa.
        - Deessistuuwwan.
        - Qorattoota fayyaa dhuunfaa.
- Gargaarsa hojjataa CCO kan poolisiiwwanii fi adeemsa CCO irratti guutumatti leenji’een.
- Tajaajiloota ittisaa haguuggaman. (Fuula 24 ilaalaa)
- Tajaajiloota hatattamaa fi ariifachiisoo guyyatti sa’aatiiwwan 24f, torbanitti guyyoota 7 mirkaneessa ykn hayyama malee. (fuula 63 ilaalaa)

- Haala barbaachisummaa fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan tajaajiloota addaa qindaa'an kan haguugamaniif ergaa argachu. (fuula 24 ilaalaa)

### Wantoota kanneen gochuudhaaf mirga qabdu

- Dhiyeessaawwan keessan filachuu fi filannoowan sanneen jijjiirachuu. (fuula 39 ilaalaa)
- Hiriyaa, miseensa maatii, nama si garaaru akka beellamawwan kee irratti argammu taasisuu.
- Karoora yaalaa keessan hojirra oolchurratti si'aayinaan hirmaachu.
- Tajaajiloota fudhachuu ykn daduu. Murtee keessan irratti hundaa'un waan isin mudachuu malu baruu. Ajajni mana murtiitin ajajaman didamuu hin danda'an.
- Hayyama dhiyeessaan ala tajaajiloota fayyaa amalaa fi karoora maatiitif of erguu.
- Ibsa fedhii dawaa barbaaddanii taasisuu. Kuni immoo fedhiiwwan keessan kan dawaa fayyaa, baqaqsanii yaaluu, ykn fayyaa amalaa fudhachuu ykn diduuti. Akkasumas, mirga eeggumsa fayyaatiif qajeelcha kennuu fi bakka buusuu kan ORS 127 jalatti ibsaman kennuu jedhuudha. (Fuula 82 ilaalaa).
- Komii taasisuu ykn ol iyyannaa gaafachuu. Kana yeroo taasistanitti, Trillium Community Health Plan irraa deebii argachuu. (fuula 87 ilaalaa)
    - Murtii Trillium Community Health Plan wajjiin walii hin galtan taanan, isiteetni akka keessa deebi'u gaafachuu. Kuni caqasa jedhama.
- Afaanota Ingiliffa hin taane hundaa fi afaan mallattootif, hiiktota afaanii eeggumsa fayyaa ragaa qabanii ykn ulaagaa guutan argachuu (fuula 4 ilaalaa).

## Akka miseensa OHPtti, itti gaafatmummaawwan keessan.

### Namoota biroo haala kanaan ilaaluu qabdu

- Hojjattoota Sagantaa Fayyaa Hawaasaa Trillium, dhiyyeesitoota, fi kanneen biroo kabajaadhan keessummeessuu.
- Eeggumsa gaarii akka siif kennaniif dhiyeessaa keetti dhugaa himi.

### Odeeffannoo kana OHPtti himuu qabdu

Karaa 800-699-9075 (TTY 711) tiin OHPtti bilbilaa, yoo:

- Teessoo ergaa keessan sochoostan ykn jijjiirtan.
- Miseensi maatii kamiiyyuu yoo manaa bahe ykn manatti deebi'e.
- Lakkoofsi bilbilaa keessan yoo jijjiirtan.
- Yoo ulfooftan ykn yeroo deessanitti.
- Inshuraansii biroo yeroo qabaattanitti.

## Karaalee kanneenin eeggumsa keessan gargaaruu qabdu

- Dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa ykn kilinika keessan filachuu ykn filachuudhaf gargaaruun.
- Fayyaa keessan eeggachuudhaaf hordoffiiwwan, ilaalchaawwan nageenyummaa, fi eeggumsa ittisaa dursii taasisuun.
- Beellamoota irratti yeroon argamuun. Yeoo tarii kan barfattan ta'e dursaa bilbilaa ykn yoo dhufuu hin dandeenyee beellama keessan addaan kutuun.
- Kaardiiwwan fayyaa keessan bakka beellamaatti fiduudhan Waajjirri OHP ykn inshuraansii fayyaa kan biraa qabaachuu keessan akka beeku taasisuun. Balaa keessatti akka miidhamni isinirra gahe isaanitti himuun.
- Dhiyeessaan keessan karoora dawaa keessan akka taasisu gargaaruun. Karoora dawaa keessan hordouun fi eeggumsa keessan keessatti si'aaninaan qooda fudhachuun.
- Kallattii dhiyeessaan keessan kaa'e hordofaa ykn filannoo biraa gaafadhaa.
- Yoo hin hubatin, waa'ee rakkoowwan, dawaawwan, fi rakkoowwan biroo eeggumsaan wal qabatanii gaafadhaa.
- Waa'ee yaala keessanii murtiiwwan hubatamaa akka taasistaniif, odeeffannoo dhiyeessitootaa fi gareewwan eeggumsaa irraa argattan fayyadamaa.
- Yoo ariifachiisaa ta'uu baate, qorannoo fi fedhiiwwan eeggumsaa keessan birootif dhiyeessaa eeggumsaa keessan jalqabaa fayyadama.
- Nama Trillium Community Health Plan waliin hin hojjanne ilaaluu barbaadda taanan, mirkaneessaadhaf ogeessota waliigaltee qaban ykn dhiyeessaa keesan waliin hojjadhaa.
- Tajaajiloota ariifachisoo ykn saffisaa sirnaan itti fayyadama. Tajaajiloota kanneen fayyadamtu taanan, sa'aatiiwwan 72 keessatti dhiyeessaa jalqabaa keessanitti hima.
- Dhiyeessitootni akka galmee fayyaa argatan gargaaraa. Kanaaf tarii uunka akka mallatteessitan gaafatamuu maltu.
- Rakkoowwan, komeewwan, ykn gargaarsa kamiiyyuu ni barbaaddu yoo ta'e, Trillium Community Health Plan hima.
- Tajaajiloota OHP dhaan hin haguugamneef kaffalaa.
- Sababa miidhamaatiitin mallaqa argattu taanan, sababa sanaaf tajaajiloota isiniif kennineef Trillium Community Health Plan kaffaltii akka argatu gargaaraa.

# Miseensotni ulfa ta’an

Ulfa taatu taanan, OHP’n isinii fi daa’ima keessan eegudhaaf tajaajiloota dabalataa isiniif kenna. Yeroo isin ulfaatti, Trillium Community Health Plan eeggumsa isin barbaaddan akka argataniif isin gargaara. Akkasumas daa’umsa keessanii fi ulfa booda eeggumsa keessan waggaa tokkoo ni haguuga..

## Da’uumsa dura wantootni isin gochuu qabdan kanneeni:

- ☐ **Akkuma ulfa ta’uu keessan beektaniin, OHPtti himaa.** 800-699-9075 (TTY 711) irratti bilbilaa ykn hedda keessan sarara irraatti karaa ONE.Oregon.gov tiin seenaa.
- ☐ **Guyyaa da’uumsi keessan ga’u OHPtti hima.** Ammatti guyyaa sirrii isaa beekun isin irra hin jiraatu. Yeroodhuma da’uuf jettanitti, kallattiidhan nuuf bilbilaa.
- ☐ **Waa’ee faaydaawwan ulfaa keessanii nu gaafadha.** Start Smart For Your Baby (SSFB®)’n sagantaa miseensota ulfaa fi maatiiwwan haaraati. Sagantaan kuni ulfa fayya qabeessaf eeggumsa barbaaddan akka argattaniif isin gargaara. Beellama keessan irratti argamuu fi garee Bulchiinsa Eeggumsa SSFB wajjiin hirmaachuu keessaniif badhaasota argattu. Akkasumas Tajaajiloota Deessistuu waliigaltee qabanii waliin wal isin qunnamsiisna. Caalmaatti barachuudhaaf 877-600-5472 irratti nuuf bilbila.

## Erga deessanii:

- ☐ **OHP dhaaf bilbilaa ykn hospitaalli yaadachiisa dhalattuu haaraa gara OHP akka erguuf gaafadha.**
  OHP’n daa’uumsa daa’ima keessanii ni haguuga. Daa’imni keessanis Trillium Community Health Plan qabaata.

# Miseensota Indiyaanota Ameerikaa fi Jiraattota Alaska.

Indiyaanoti Ameerikaa fi Jiraattoti Alaska mirga eeggumsa eessatti akka argatan filachuu qabu. Dhiyeessitoota qaama CCO keenyaa hin taane fayyadamuu ni danda’u, kan akka:

- Jiddugaleessota nageenyummaa Tribal
- Kilinikoota Indian Health Services (IHS)
- Native American Rehabilitation Association of the Northwest (NARA, Waldaa Haaromsaa Jiraattota Buleeyyii Ameerikaanotaa kan Kaaba Lixaa).

**Dhiyeessitoota kanneen irraa tajaajila argachuudhaaf, Indiyaanoti Ameerikaa fi Jiraattoti Alaska ergaa ykn hayyama hin barbaadan.** Dhiyeessitooti sunneen dirqama Trillium Community Health Plan kaffalchiisuu qabu. Nuti faayidaawwan haguugamaniif qofa kaffalla. Tajaajiloota mirkaneessa barbaadu taanan, dhiyeessan dursa isa gaafachuu qaba.

Indiyaanoti Ameerikaa fi Jiraattoti Alaska yeroo barbaadanitti Trillium Community Health Plan keessaa bahuu ni danda’u fi eeggumsa isaanitiif kaffaltii OHP Fee-For-Service (FFS, Tajaajilootaaf Bilisa) qabu. Waa’ee CCO kee dhiisuu ykn jijjiiruu fuula 78 irratti ilaalaa.

# Miseensotni haaraan kallattiidhaan tajaajiloota barbaadan.

Miseensotni OHP dhaaf ykn Trillium Community Health Plan dhaaf haaraa ta'an, ajaja dawaa, dhiyeessii, ykn wantoota ykn tajaajiloota biraa dhiyeenyaatti barbaaduu malu. Guyyoota 30 keessan jalqabaa Trillium Community Health Plan keessatti primary care provider (PCP, dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa) hin argattu taanan:

- Qindeessaa Eeggumsaatif karaa 877-600-5472 tiin bilbilaa. Eeggumsa keessan kan isin barbaaddan akka argattan isin gargaaru. (Qindeessaadhaf fuula 42 ilaalaa)
- Dhiyootti hanga danda'ameen PCP keessaniif bilbilaa. Maqaa fi lakkoofsa isaanii kaardii eenyummeessaa Trillium Community Health Plan irratti ni argattu.
- Gaaffii yoo qabaattanii fi waa'ee faayidaawwan keessanii caalmatti baruu barbaaddu taanan, Tajaajila Maamilaatiif karaa 877-600-5472 tiin bilbilaa. Waan isin barbaaddaniin isin gargaaru.

# Qorannoo waa'ee fayyaa keessanii.

Trillium Community Health Plan miseensota haaraa faayidaawwan keessanii gulaaluu fi waa'ee fayyaa isaanii gaafachuudhaaf guyyoota 90 keessatti ni bilbilaaf. Qorannoon kuni Gaaffii Miidhama Fayyaajedhama.

Gaaffiin Miidhama Fayyaa qorannoo gaaffiiwwanii kan waa'ee fayyaa waliigalaa keessanii kan galma miidhaawwan fayyaa hir'isuu, fayyaa eeguu, fi dhukkuba ittisuu qabaniiti.

Gaaffiiwwan kunniin kan gaafatan:

- Amalota keessan (kan akka sochii qaamaa, amala nyaataa, fi yoo ni aarsitu ykn alkoolii dhugdu ta'e).
- Miira isinitti dhaga'amu (yoo mukuu qabdu ykn dhiyeessaa fayyaa barbaaddu ta'e ilaaludhaaf).
- Nageenyummaa waliigalaa fi seenaa fayyaa keessan.
- Afaan keessan jalqabaa.

Deebiiwwan keessan akka hubannuuf nu gargaaru:

- Qorannoo kamiiyyuu barbaaddu taanan, qorannoowwan ijaa fi ilkaaniitis dabalatee.
- If you have routine or fedhii eeggumsa fayyaa addaa.
- Dhibeewwan jajjaboo.
- Yoo tajaajilootaa fi gargaarsa yeroo dheeraa barbaaddu ta'e
- Yaadoowwan nageenyaa.
- Rakkoowwan eeggumsa argachuu irratti isin qunnamuu malan.
- Qindoomina eeggumsaa fi qindeessaa eeggumsa cimaa irraa gargaarsa dabalataa barbaaddu yoo ta'e. Qindoomina eeggumsaa fi qindeessaa eeggumsa cimaatiif fuula 42 ilaalaa.

Miseensotni Bulchiinsa Eeggumsaa (Narsii, Hojjataa Hawaasaa Kilinikaalaa Raga Qabeessa, Qindeessaa Gargaarsa Kilinikaalaa, ykn Farmaasistii) qorannoo keessan ni ilaalu. Faa'ee fedhiiwwan keessanii isinitti haasa'uu fi faayidaawwan keessan akka hubattaniif isiniif bilbilu.

Waggaadhaan ykn haalli fayyaa keessan jijjiirama taanan gaaffii haaraatu isiniif ergama.

Qorannoowwan kanneen hin deebi'amne taanan, deebisuu keessan mirkaneessudhaaf isin qunnamna. Gaaffiiwwan akka isiniif erginu barbaaddu taanan Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 bilbilaa, isiniif ergina.

Qorannoowwan keessan haakimoota ykn dhiyeessitoota biroo wajjiin qoodamuu malu. Dhiyeessitoota waliin qorannoowwan keessan qooduu dura, Trillium Community Health Plan hayyama isin gaafata.

## Ittisni Barabachisaadha

Rakkoowwan fayyaa dhufuu isaanii dura ittisuu feena. Kana qaama eeggumsa keetii barbaachisaa taasifachuu dandeessa. Fayyaa keessan akkam akka jiru baruuf, maaloo qorannoowwan fayyaa fi ilkaanii dhaabbatoo taasisaa.

Fakkeenyotni tajaajila ittisaa muraasni:

- Daa'immanii fi ga'eessotaaf lilmee
- Qorannoowwanii fi qulqulleessa ilkaanii
- Mammogramiiwwan (x-raywwan harmaa) dubartootaf
- Eeggumsa ulfaa fi dhalattuu haaraa
- Qorannoowwan waggaa dubartootaa
- Dhiiraf qorannoo cidhaanii
- Qorannoowwan keessan
- Qorannoo daa'imaa

Afaan nagaa qabeessi onnee fi qaama keessan fayyaa qabeessa taasisa.

Gaaffii kamiiyyuu qabdu taanan, 877-600-5472 irratti bilbilaa, TTY: dhaaf, 877-600-5473.

# Faayidaawwan keessan.

## OHP’n maal akka haguugu Oregon akkamiin murteessa.

Akka miseensa OHPtti tajaajiloota hedduu qabdu. Akkaataan Oregnon tajaajiloota kamiif kaffaluun ta’aa itti murteessu **Tarree Tajaajiloota Fayyaa Dursi Kennamuufii** irratti hundaa’a. Tarreen kuni rakkoowwan fayyaa garagara (kan qorannoo jedhaman) fi gosa adeemsaa rakkoowwan yaaludhaaf oolanii irraa kan uumamedha. Tarreewwan kana qindeessudhaaf, gareen ogeessota fayyaa fi lammiilee waliin hojjatu. Gareen kuni Oregon Health Evidence Review Commission (HERC, Komishinii Gulaallii Ragaa Fayyaa Oregon) jedhama. Isaan bulchaadhan muudamu.

Tarreen makaawwan rakkoowwanii fi dawaawwan isaanii of keessaa qaba. Kunneen cimdii rakkoo/dawaa jedhamu.

Cimdiiwwan rakkoo/dawaa haala cimina tokkoon tokkoo rakkinaa fi haala milkaa’ina dawaa irratti hundaa’un sadarkeeffamu. Cimdiiwwan rakkinaa fi yaalii hundaa miti kan OHPdhan haguugaman. Tuqaa dhaabbii “sarara” jedhamutu tarree irra jira. Cimdiiwwan sararaa olii ni haguugamu cimdiiwwan sararaa gadii hin haguugamani. Rakkoowwanii fi yaaliiwwan sararaa olii seerota mataa isaanii qabu.

Waa’ee Tarree Dursi Kennamuufii asitti caalmatti baraa:
[www.oregon.gov/oha/hsd/ohp/pages/prioritized-list.aspx](www.oregon.gov/oha/hsd/ohp/pages/prioritized-list.aspx)

## Mirkaneessa argachuu, akkasumas mirkaneessa dursaa (PA) kan jedhamu.

Tajaajilootni muraasni tajaajila argachuu dura mirkaneeffamuu barbaadu. Kuni “mirkaneessa duraa (PA)” ykn “mirkaneessa dursa” jedhamu. Dhiyeessaan tajaajila mirkaneessa duraa gaafachuudhaaf Trillium Community Health Plan waliin hojjata. Waa’ee mirkaneessa duraa tajaajilaa irratti gaaffii qabda taanan, Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan karaa 877-600-5472 tiin qunnamaa.

Hin mirkanoofne taanan, tajaajila argachuu dhabuu malta. Gaafannwwan PA akkaataa saffisni fayyaa keessanii barbaaduun gulaalla. Murtiiwwan hedduun guyyoota 14 keessatti kennamu. Yeroo takka takka murtiin hanga guyyoota 28 fudhachuu mala. Kuni kan ta’uu malu yoo odeeffannoo dabalataaf kan eegnu ta’e qofaadha. Yoo dhiyeessan keessan yeroo barataamaa eeguun lubbuu, fayyaa ykn dandeettii socho’uu keessan miidharra buusa jedhee kan yaadu ta’e, murtii “mirkaneessa tajaajilaa saffisaa” kennuu dandeenya. Murtiiwwan tajaajilaa saffisoon yeroo hedduu sa’aatiiwwan 72 keessatti kennamu, garuuu guyyaa 14tti dheeressuun jiraachuu mala. Murtii dheeressuu wajjiin walii hin galtu taanan, mirga komachuu ni qabda. Akkamiin akka komee keessan galfattaniif fuula 87 ilaalaa.

Tajaajiloota saffisoo ykn ariifachiisoo ykn ariifachiisoo tajaajila boodaatif mirkaneessi isin hin barbaachisu. See page 67 to learn about tajaajiloota hatattamaa.

# Ergaawwan dhiyeessaa fi ergaawwan ofee.

Tajaajiloota muraasa argachuudhaaf, dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa (PCP) keessan irraa ergaa isin barbaachisa. **Ergaan** ajaja barreeffamaa dhiyeessaadhaaf tajaajila barbaachuu ibsuudhaan kennamuudha.

PCP'n tajaajilota isin barbaaddan isiniif kennuu hin danda'u taanan, ogeessatti isin erguu danda'u. Ogeessi naannoo ati jiraattutti dhiyoo hin jiru taanan ykn kan Trillium Community Health Plan wajjiin (waliigaltee kan qaban) hin jiran taanan, eeggumsa bakka waliigaltee hin qabnerraa akka argattuuf garee Qindeessa Eeggumsaa wajjiin hojjatu. Kuni ta'a taanan, gatiin dabalataa hin jiru.

Yeroowwan hedduu PCP'n tajaajiloota isin barbaaddan ni kennu. Ogeessa eeggumsa fayyaatti ergaa barbaada jettanii yaaddu taanan, PCP keessan gaafadhaa. Haala hatattamaa keessa kan jirtanii fi PCP keessan qunnamuu hin dandeessanu taanan, ergaa isin hin barbaachisu. Tajaajilootni muraasni dhiyeessaa keessan irraa ergaa hin barbaadani. Kuni of erguu jedhama. **Of erguu** jechuun qajeelcha dhiyeessa keessa dhiyeessaa gosa barbaaddanii ilaallachuu jechuudha. Ergaa dhiyeessaa keessanii malee, dhiyeessaa sanaaf bilbiltanii beellama qabachuu ni dandeessu. Waa'ee Qajeelcha Dhiyeessaa fuula 40 irratti caalmaatti bari.

Ogeessa ilaaludhaaf ofiin of ergitee ergaanis siif kennamee, tajaajila dursa mirknaeessaa si barbaachisuu mala. Tajaajila argachuudhaaf dursa mirkaneessaa si barbaachisaa fi kaanii irratti gaaffii qabda taanan, PCP keessan qunnamaa ykn Tajaajila Maamilaa dubbisa.

## Argannaa Kallattii.

Yoo tajaajilaaf ergaan ykn mirkaneessi dursaa kan sin barbaachisne ta'e, "argannaa kallattii" qabda. Tajaajiloota hatattamaa fi ariifachiisodhaaf yeroo hundaa argannaa kallattii qabdu. Tajaajiloota argannaa kallattii qaban kan ergaa ykn mirkaneessa dursaa hin barbaanneef, gabatee gadii ilaala. .

# Faayidaawwan fayyaa qaamaa.

Faayidaa fayyaa bilisaan isiniif argaman tarree isaanii gaditti ilaalaa. Tajaajila yeroo hangamiif bilisaan argachuu akka dandeessu beekudhaaf, tarree "Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii" ilaalaa. Gargaarsa barbaaddu taanan, Trillium Community Health Plan tajaajiloota bilisaan isiniif qindeessuu danda'a.

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Koobaa | Mirkaneessa malee waggaatti daawwannaawwan 8. | Daawwannaan 8 booda hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu. |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Tajaajiloota Eeggumsa Qindeessuu | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Hoggansa Dhimmaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Dhidhiibbaa | Mirkaneessa malee waggaatti daawwannaawwan 8. | Daawwannaan 8 booda hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu. |
| Eeggumsa Mijataa & Tajaajiloota Hospaayisii | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Meeshaalee Fayyaa Dandamannaa Qaban Fakkeenyotni muraasni: Dhiyeessiiwwan fayyaa (dhiyeessiiwwan sukkaaraas dabalatee), meeshaawwan fayyaa, muramaa fi kan lafee. | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu. |
| Tajaajiloota Qorannoowwan Jalqabaa & Deddeebii, Qorannoo fi Dawaa (EPSDT) | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa |
| Geejjibsa fayyaa hatattamaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Hatattamaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Tajaajiloota Karoora Maatii Fakkeenotni muraasni: too’annoo ulfaa fi qorannoowwan waggaa. | Daangaa Hin Qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu). |
| Qindeessa Eeggumsa Cimaadhaaf Qorannoo Rakkoo Fayyaa | Daangaa Hin Qabu | Ergaan hin barbaachisu. Dursa mirkaneessaa barbaaduu mala. |
| Tajaajiloota caqasaa Fakkeenyotni muraasni: Sagalee fi Gargaarsa Caqasaa | Qajeelfamoota OHP irratti hundaa’un daangeffamoota. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa. | Hayyamni barbaachisaadha |
| Tajaajiloota Fayyaa Manattii | Qajeelfamoota OHP irratti hundaa’un daangeffamoota. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa. | Hayyamni barbaachisaadha |
| Tajaajila dhukkubsachiisuu hospitaala keessaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Ergaan hin barbaachisu. Dursa mirkaneessaa barbaaduu mala. |
| Tajaajilawwan Qindeessa Eeggumsa Cimaa (ICC) | Daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu). |
| Tajaajiloota afaan hiikuu | Daangaa hin qabu Odeeffannoo dabalataaf fuula 4 ilaalaa | Hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Mana Qorannoo: | | |
| Qorannoo dhiiga | Daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| X-Raywwan | Daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| CT iskaanii | Daangaa hin qabu | Hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu |
| MRIwwan | Daangaa hin qabu | Hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Haadholii: | | |
| Imalawwan maatii dhiyeessaa waliinii | Daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Eeggumsa Da'uumsa Booda (eeggumsa erga daa'imni keessan dhalatee booda argattan) | Daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajila agartuu idilee | Miseensota ulfaa fi daa’imman waggaa 20 fi sanaa gadi jiraniif ni jira. | Hin barbaachisu |
| Harma hoosisuu irratti ni gargaara, ujummoo harmaa dabalatee | Gadifageenyaaf Trillium qunnami | Hin barbaachisu |
| Humnaa fi da'uumsa | Maaloo Trillium fi Abbaan Taayitaa Fayyaa Oregon yoo ulfa taatan fi ulfi kee xumurame akka beekan taasisi. Daa'ima keetiif OHP daa'imaaf iyyachuu qabda. Manatti da'uun Trilliumdhaan hin kaffalamau OHA dhaani malee | Hin barbaachisu |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Geejjiba gara eeggumsa. Tajaajiloota Geejjiba Fayyaa Haala Hatattama Hin Taanee (NEMT) jedhames ni beekkama | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Hospitaalatti deddeebi'anii yaalamuu, fakkeenyotni muraasni: Keemoo, Raadiyeeshinii, fi Too'annoo Dhukkubbii | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajila Qorichootaa (Dawaa Ajajaa) | Hedduudha garuu dawaawwan hunduu ajaja dawaa dhiyeessaa keessatti ni argamu jechuu miti. Tarreen guutuun tarree dawaa Sagantaa Fayyaa Oregon irratti ni argama. | Dawaawan haguugamaniif haguuggiin hin barbaachisu. Dawaawwan fayyaa sammuu isteetaan too'atamnu. Kaffaltiin waloo dawaawwan kanneenii garagara. Dawaan muraasni ajajatti dabalee hayyama qabaachuu barbaadu. |
| Ogeessota Fayyaa Qaamaa kanneen eeggumsa fayyaa adda ta'ee barbaadanii fi tajaajiloota ICC fi LTSS fudhachaa jiraniif. | Mirkaneessa qajeelfamoota OHP irratti hundaa'udhaan. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu). |
| Teeraappii Qaamaa<br>Teeraappii Hojii<br>Teeraappii Haasaa | Hayyamaan ala waggaatti daawwannaawwan 30 | Ergaan barbaachisa. Daawwannaawwan 30 booda hayyamni barbaachisaadha |
| Ajaja Dawaa | Hedduudha garuu dawaawwan hunduu ajaja dawaa dhiyeessaa keessatti ni argamu jechuu miti. Tarreen guutuun tarree dawaa | Dawaawan haguugamaniif haguuggiin hin barbaachisu. Dawaawwan fayyaa sammuu isteetaan too'atamnu. Kaffaltiin waloo dawaawwan |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| | Sagantaa Fayyaa Oregon irratti ni argama. | kanneenii garagara. Dawaan muraasni ajajatti dabalee hayyama qabaachuu barbaadu. |
| Tajaajiloota Ittisaa Fakkeenyotni Muraasni: qorannoo qaamaa, eeggumsa daa'imaa, talaalliiwwan, fayyaa dubartootaa (maamoogiraamii, qorannoo gadaamessa, kkf), qorannoowwan (kaansarii, kkf), ittisa sukkaaraa, gorsa nyaataa, tajaajila ittisa tamboo, kkf. | Akkaataa eerameen | Hin barbaachisu |
| Daawwannaa Dhiyeessaa Eeggumsa Jalqabaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu). |
| Qorannoowwan Miidhaawwan Saalqunnamtii | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu). |
| Tajaajiloota Ogeessa Addaa | Akkaataa eerameen | Kanneen eeggumsa fayyaa adda ta'e barbaadanii fi ICC ykn LTSS fudhachaa jiraniif: Ergaan hin barbaachisu.<br>Dursa mirkaneessaa barbaaduu mala. |
| Yaala Baqaqsuu | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hayyamni barbaachisaadha |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Tajaajiloota Fayyaa Sarara irraa Fakkeenyotni muraasni: Tajaajiloota Telemedical, daawwannaa sarara irraa, fi daawwannaa iimeela. | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Hin barbaachisu |
| Tajaajiloota Hojjataa Fayyaa Aadaa (THW) | Daangaa hin qabu | Ergaan hin barbaachisu. Dursa mirkaneessaa barbaaduu mala. |
| Tajaajiloota Eeggumsa Hatattamaa | Yoo fayyaadhaaf barbaachise daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |
| Tajaajiloota Agartii: | | |
| Qorannoowwan ijaa | Miseensota ulfaa fi daa'imman waggaa 20 fi sanaa gadi jiraniif ni jira. | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Naduraawwan | Miseensota ulfaa fi daa'imman waggaa 20 fi sanaa gadi jiraniif ni jira. | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Qorannoowwan fayyaa kan ijaa | Mirkaneessa sagantaa irratti hundaa'uun lakkoofsa imalaa | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Tajaajila Fayyaa Dubartootaa (PCPtti dabalee) eeggumsa walitti fufaa fi ittisaatiif. | Akkaataa eerameen | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |
| Tajaajila Eeggumsa Cimaa Dargaggootaa | Akkaataa eerameen | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |

Gabateen olii tarree guutuu tajaajiloota mirkaneessa duraa barbaadiintii miti. Waa'ee mirkaneessa duraa gaaffii qabda taanan, Maaloo Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 tiin bilbila.

## Faayidaawwan eeggumsa fayyaa sammuu.

Faayidaawwan fayyaa amalaa baasii malee isiniif argamaniif tarree isaanii gaditti ilaala. Tajaajila yeroo hangamiif bilisaan argachuu akka dandeessu beekudhaaf, tarree “Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii” ilaalaa. Gargaarsa barbaaddu taanan, Trillium Community Health Plan tajaajiloota bilisaan isiniif qindeessuu danda’a.

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Yaala Hawaasaa Gadifagoo(ACT) | Daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Yaala Fayyaa Amalaa Mana keessattii Cimaa (IIBHT) | Daangaa Hin Qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Qorannoo Fayyaa Amalaa fi Tajaajiloota Qorannoo | Daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Tajaajiloota Yaalaa Bakka Jireenyaa Fayyaa Amalaa Saayakaatirikii (PRTS) | Qajeelfamoota OHP irratti hundaa’un daangeffamoota. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa | Hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu. |
| Tajaajiloota fayyaa amalaa deddeebi’anii yaalamuu fi kan hiriyaan kennamuu dhiyeessaa waliigaltee qabu irraa | Daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |
| Ajaja Dawaa (Fayyaa Amalaa Addaa) | Daangaa hin qabu | Dawaawan haguugamaniif haguuggiin hin barbaachisu. Dawaawwan fayyaa sammuu isteetaan too'atamnu. Kaffaltiin waloo dawaawwan kanneenii garagara. |

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Tajaajiloota Ogeessa Addaa | Qajeelfamoota OHP irratti hundaa’un daangeffamoota. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa | Kanneen eeggumsa fayyaa adda ta’e barbaadanii fi ICC ykn LTSS fudhachaa jiraniif: Ergaan hin barbaachisu. Dursa mirkaneessaa barbaaduu mala. |

Gabateen olii tarree guutuu tajaajiloota mirkaneessa duraa barbaadiintii miti. Waa’ee mirkaneessa duraa gaaffii qabda taanan, Maaloo Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 tiin bilbila.

# Faayidaawwan yaala fayyadama wantoota.

Faayidaawwan yaala fayyadama wantootaa baasii malee isiniif argamaniif tarree isaanii gaditti ilaala. Tajaajila yeroo hangamiif bilisaan argachuu akka dandeessu beekudhaaf, tarree “Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii” ilaalaa. Gargaarsa barbaaddu taanan, Trillium Community Health Plan tajaajiloota bilisaan isiniif qindeessuu danda’a.

| Tajaajila | Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii | Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa? |
|---|---|---|
| Tajaajiloota Dawaa Hawaasaa Gadifagoo | Daangaa hin qabu | Ergaan barbaachisa. Hayyamni hin barbaachisu. |
| Tajaajiloota Rakkoo Miidhama Fayyadama Wantootaa fi Detox | Qajeelfamoota OHP irratti hundaa’un daangeffamoota. Bal'inaaf Trillimtti bilbilaa | Hayyamni barbaachisaadha. Ergaan hin barbaachisu. |
| Rakkoo Fayyadama Wantootaa (SUD)tiif. Yaala Fayyaan Deeggarame (MAT) | Guyyoota jalqabaa 30 booda hayyamni dursaa ni barbaachisa | Guyyoota 30n jalqabaaf mirkaneessi dursaa hin barbaachisu. Ergaan barbaachisuu mala |
| Tajaajiloota Rakkoo Fayyadama Wantootaa (SUD) | Daangaa hin qabu | Argannaa Kallattii (Ergaan ykn mirkaneessi hin barbaachisu) |

Gabateen olii tarree guutuu tajaajiloota mirkaneessa duraa barbaadiintii miti. Waa’ee mirkaneessa duraa gaaffii qabda taanan, Maaloo Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 tiin bilbila.

## Faayidaawwan ilkaani.

Miseensonni Karoora Fayyaa Oregon hunduu haguuggaa ilkaanii qabu. OHP’n qulqulleessa waggaa, x-raywwan, guutuuwwan, fi tajaajiloota biroo ilkaan kee nagaa taasisan haguuga.

**Ilkaan fayya qabeessi umrii kamittuu barbaachisaadha. Dhugaawwan muraasni waa’ee eeggumsa ilkaanii kunooti:**

- Ilkaan fayya qabeessi onnee fi qaama keessanis fayya qabeessa taasisa.
- Waggaatti ogeessa ilkaanii keesan yeroo tokko ilaaluu qabdu.
- Yeroo ulfa taatanitti, fayyaa ilkaanii fi irga keessanii eeggachuun fayyaa daa’ima keessanii eeguu danda’a.
- Rakkoowwan ilkaanii keessan furuun sukkaara dhiiga keessanii akka too’attaniif isin gargaaruu danda’a.
- Daa’imman qorannoo ilkaanii isaanii jalqabaa waggaa 1 tti taasifachuu qabu.

**Tajaajilootni ilkaanii maalii akka haguugaman baruuf, maaloo gabatee gadii ilaalaa.** Tajaajilootni haguuggaman hunduu bilisa. Hanga dhiyeessaan keessan tajaajiloota kana ni barbaaddu isiniin jedhetti, kunneen bilisa. Tajaajila yeroo hangamiif bilisaan argachuu akka dandeessu beekudhaaf, tarree “Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii” ilaalaa.

Yeroo takka takka ogeessa addaa ilaaluun isin barbaachisuu mala. Tajaajilootni gara ogeessa addaatti ergamamuun isaan barbaachisu baratamoon:

- Yaala Baqaqsanii Yaaluu Afaanii
- Hospitaala ykn jiddugala baqaqsanii yaalu
- Hundee
- Rakkoo irgaa
- Caccapha

| Tajaajiloota Haguugaman | **Hamma, yeroo, fi bakka faayidaawwanii** (fakkeenya faaydaa haguugamuu agarsiisa) | **Ergaan ykn mirkaneessi dursaa ni barbaachisaa?** (fakkeenya faaydaa haguugamuu agarsiisa) |
|---|---|---|
| Eeggumsa ilkaanii ariifachiisaa fi hatattamaa (dhukkubbii ykn infeekshinii cimaa, dhiiguu ykn iita'uu, miidhama ilkaanii ykn irgoowwani) | Daangaa Hin Qabu | Ergaan ykn hayyamni hin barbaachsu |

| Faayidaa Miseensota Ulfaa fi kanneen umriin isaan 21 gadii | | |
|---|---|---|
| Qorannoowwan afaanii | Waggatti yeroo lama | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Qulqulleessa afaanii | Waggatti yeroo lama | |
| Yaala Foloraayidii | Waggatti yeroo lama | |
| X-raywwan Afaanii | Waggatti yeroo takka | |
| Dhiqaa | Waggaa 16 gadi. Ilkaan Ga'eessotaa irratti waggoota 5 keessatti yeroo takka | |
| Guuticha | Akka barbaadameen | |
| Qabduu Ilkaanii Cinaa | Waggoota 5 keessatti yeroo takka | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Qabduu ilkaanii guutuu | Waggoota 10 keessatti yeroo takka | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Goonfoo | Ilkaan Gubbaa fi Ilkaan Jalaa muraasa. Waggoota 7 keessatti, goonfoowwan 4 | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Baasichawwan | Akka barbaadameen | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Teeraappii Karaa Hundee | A'oo sadaffaa (Ilkaan Beekaa) irratti hin haguugamu Miseensonni ulfaa A'oo jalbqaa irratti ni haguugama. | Ilkaan duraa fi A'oo jalqabaatif, mirkaneessi hin barbaachsu. A'oowwaniif mirkaneessi duraa tarii barbaadamuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |

| Faayidaawwan Ga’eessotaa (Kan ulfa hintaane, waggaa 21 oli) | | |
|---|---|---|
| Qorannoowwan afaanii | Waggatti yeroo takka | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Qulqulleessa afaanii | Waggatti yeroo takka | |
| Yaala Foloraayidii | Waggatti yeroo takka | |
| X-raywwan Afaanii | Waggatti yeroo takka | |
| Dhiqaa | Hin haguugamu | |
| Guuticha | Akka barbaadameen | |
| Qabduu Ilkaanii Cinaa | Waggoota 5 keessatti yeroo takka | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Qabduu Ilkaanii Guutuu | Waggoota 10 keessatti yeroo takka | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Goonfoo | Hin haguugamu | |
| Baasichawwan | Akka barbaadameen | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |
| Teeraappii Karaa Hundee | Ilkaan duraa fi A’oo Jalqabaa | Mirkaneessi duraa barbaachisuu mala. PCD keessanii miti taanan, ergaa barbaachisa. |

Gabateen olii tarree guutuu tajaajiloota mirkaneessa duraa barbaadiintii miti. Waa’ee dursa mirkaneessaa gaaffii qabdu taanan, maaloo Tajaajila Maamilaa karaa 877-600-5472 tiin qunnama.

## Tajaajiloota OHP’n kaffaluuf.

Trillium Community Health Planeeggumsa keessaniif ni kaffala, garuu tajaajilootni nuti hin kaffalleefis ni jiru. Kunniin immoo Karoora Fayyaa Oregon Fee-For-Service jedhamuun kan haguugamanii fi kaffalamaniidha. CCO’n yeroo takko tokko tajaajiloota kanneen “faayidaawwan hin haguugammne” jedhee waama. Tajaajilootni OHP’n kallattiidhaan kaffaluuf lamatu jira.

1. Tajaajiloota isn Trillium Community Health Plan irraan qiindeessa eeggumsaa argattan.
2. Tajaajiloota isn OHP irraan qiindeessa eeggumsaa argattan.

## Tajaajiloota qindeessa eeggumsaa Trillium Community Health Plan waliin jiran.

Trillium Community Health Plan ammayyuu qindeessa eeggumsaa kan tajaajiloota muraasaa isiniif kenna. Qindeessa eeggumsaa jechuun tajaajiloota haguugamaniif MTM (Medical Transportation Management) irraa geejjiboota bilisaa, gochaalee gargaarsaa fi qabeenyota mirkanaa'an kan tajaajiloota hin haguugamnee ni argattu jechuudha.

**Trillium Community Health Plan eeggumsa keessan kan tajaajiloota kanneenii qindeessa:**

- Akkaataa murtii Kutaa Siistamoota Fayyaa OHAtti, namoota ulfa xiqqaa qabanii fi da'uumsa booda tajaajiloota maatummaa fi Da'uumsa Sagantaa'aa Hawaasaa (PCB) ni kennama. OHA'n tajaajiloota PCB jalqabaa kennuu fi kaffaluudhaaf gaafatamummaa ni fudhata, kuns yoo xiqqaate miseensota PCBwwaniif ulaagaa guutaniif, hordoffii qorannoo jalqabaa, qorannoo dhiigaa dhalattuu, kiitii qorannootis dabalatee, eeggumsa da'uumsaa, daawwannaawwan maatii fi eeggumsa da'uumsa boodaati.
- Tajaajilootni fi gargaarsonni yeroo dheeraa (LTSS) Trillium Community Health Plan hin kaffalaman.
- Tajaajila Qunnamsiisa Maatii Oregon
- Miseensonni tajaajiloota fayyaa amalaa akka argatan gargaaruu. Fakkeenyotni tajaajiloota kanaa:
    - Dawaawwan muraasa kan rakkoowwan fayyaa amalaa
    - Miseensota ganna 21 gadiitif, kaffaltii manaa garee teeeraappuweetikii.
    - Miseensota ganna 18 fi sanaa oliitif eeggumsa saaykaatirikii yeroo dheeraa (fayyaa amalaa).
    - Miseensota ganna 18 fi sanaa oliitif, manneen kunuunsa ga'eessotaa dhuunfaa keessaatti.
    - Dargaggoota ganna 17 fi sanaa gadiitif, kaawwannaa ciisanii yaalamuu fi tursiisaa.
- Fi Tajaajiloota biroo

Odeeffannoo dabalataa fi tarree guutuu tajaajiloota kanaatif, Maaloo bulchiinsa Eeggumsaatif karaa 877-600-5472 ykn Tajaajila Maatiitif karaa 877-600-5472 tiin bilbilaa.

## Tajaajiloota OHP'n kaffaluufii eeggumsa kennuuf.

**OHP'n eeggumsa keessan kan tajaajiloota kanneenii qindeessa:**

- Akkaataa Oregon Death with Dignity Actitti, ajjeechaa haakimaan deeggarame.
- Miseensota bakka kunuunsa addaa ta'e jiraataniif, tajaajiloota eeggumsa mijataa (hospaayisii)
- Tajaajiloota mana barnootaatti akkaataa Individuals with Disabilities Education Act (IDEA) tiin kennaman. Daa'imman mana barnootaatti tajaajiloota fayyaa akka teeraappii haasaa fudhataniif.
- Qorannoo fayyaa kan sagantaa gargaarsaa ykn sagantaa abbaa dhimmaa tif ulaagaa kan guuttan ta'uu ittiin ilaalan.
- Tajaajiloota miseensota Citizen Waived Medical tiif ykn CWM Plus-CHIP Prenatal Coverage for CWM tiif kennaman.

- Adeemsa ulfa adda kutuu
- Fi tajaajiloota biroo

Tajaajiloota kanaan wal qabatee gaaffii yoo qabaattanii fi gargaarsaf, garee gargaarsaa Qindeessa Eeggumsaa KEPRO OHP karaa 800-562-4620 tiin qunnamaa.

Tajaajiloota kanneen kamiifiyyuu, ammallee MTM (Medical Transportation Management) irraa geejjiba tolaa ni argattu. Odeeffannoo dabalataaf fuula 54 ilaalaa Geejjiba qindeessuuf, MTM (Medical Transportation Management) tiif karaa 877-583-1552 tiin bilbilaa. Fayyadamtooti TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa.

## Miseensota Sagantaa Ilkaanitiif, Veterans and Compact of Free Association (COFA)

Isin yoo miseensa Sagantaa Ilkaanii Buleeyyoyaa ykn Sagantaa Ilkaanii COFA taatan, Trillium Community Health Plan faayidaawwan ilkaanii fi geejjibawwan tolaa gara beellama ilkaanii **qofa** kenna.

Tajaajiloota kanneen, tajaajiloota qindeessa eeggumsaa malee hin haguugamne kanneenif, OHP fi Trillium Community Health Plan tajaajila fayyaa qaamaa, yookan fayyaa amalaa ykn geejjiba tolaa hin kennu.

Waa'ee haguuggii irratti gaaffii qabdu yoo ta'ee fi tajaajilootni maalii akka jiran baruuf, Tajaajila Maamilaa karaa 877-600-5472 qunnamaa.

## Diddaa amantii safuu ykn amantii

Trillium Community Health Plan tajaajiloota diddaa amantii fisafuu irratti hundaa'udhaan hin daangeessu.

# Tajaajila barbaaddan argachuu.
Argannaa jechuun tajaajiloota barbaadan argachuu jechuudha. Eeggumsa akkaataa addaa fi afaan keessan irratti bu'uureffateen argachuu dandeessa. Trillium Community Health Plan dhiyeessaa fedhiiwwan keessan guutu wajjiin hin hojjatu taanan, tajaajiloota kanneen bakka nuti waliigaltee hin qabnerraa argachuu dandeessu. Trillium Community Health Plan tajaajilootni bakka isin jiraattanii fi bakka isin itti tajaajiloota fudhachuu barbaaddanitti akka ta'an ni mirkaneessa. Kana jechuun dhiyeessisoota gahaatu bakka kana jira jechuudhaa fi gosoota dhiyeessaa keessaa filattantu jira jechuudha.

Eeggumsa jalqabaa fi ogeessa eeggumsaa isin barbaaddan qabaachuu keenya mirkaneeffachuudhaaf, dhiyeessitoota nu waliin waliigaltee qaban ni hordofna. Akkasumas tajaajiloota haguugaman naannoo keessan jiran hundaa argachuu keessan ni mirkaneessina.

- **Naannoo magaalaa:** Argannaa dhiyeessitootaa maayiloota 30 keessatti, ykn bakka isin jiraattan irraa daqiiqaawwan 30. Naannoo magaalaa jechuun magaalaa keessa ykn ollaa jiraattu jechuudha.
- **Naannoo baadiyya:** Argannaa dhiyeessitootaa maayiloota 60 keessatti, ykn bakka isin jiraattan irraa daqiiqaawwan 60. Naannoo magaalaa jechuun magaalaa keessa ykn ollaa hin jiraattan jechuudha.

Dhiyeessaan keenya akkasuma isin miidhamummaa qaamaa fi/ykn sammuu qabdu taanan, meeshaalee argachuu silaa male qaamaan argachuu, mijatiinsi sababaa'an isiniif taasifamuu ni mirkaneessa. Naatoo addaa gaafachuudhaaf Trillium Community Health Plan irratti karaa 877-600-5472bilbillaa. Dhiyeessitootni sa'aatiiwwan waajjiraa miseensota OHP fi nama kamiifiyyuu wal fakkaataa akka ta'u ni mirkaneessa.

**Geejjiba gara eeggumsa.**
Beellamoota haguugamaniif geejjiba tolaa ni argattu. Geejjiba tolaa akkamiin akka argattaniif, fuula 54 ilaalaa. Geejjiba qindeessuuf, MTM (Medical Transportation Management) tiif karaa 877-583-1552 tiin bilbilaa. Fayyadamtootni TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa

**Dhiyeessaa filadha.**
Mirga dhiyeessaa keessan filachuu fi eessatti akka tajaajila keessan barbaaddan filachuu qabdu. Tarree dhiyeessitoota Trillium Community Health Plan waliin hojjatanii keessaa filachuu ni dandeessa. Tarreen dhiyeessitootaa kuni Qajeelcha Dhiyeessitootaa Trillium Community Health Plan jedhama. Waa'ee qajeelchaa fuula 40 irratti caalmatti bara.

**Tajaajilli keessan akka qindaa'u gargaaraa.**
Qindeessa sagantaa jechuun tajaajiloota keessan saganteessuf, gargaarsa argachuuf, fi qabeenyotaaf deeggarsa argattu jechuudha. Waa'ee qindeessa eeggumsaa fuula 42 irratti caalmatti baradhaa ykn Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472 tin bilbila.

# Eeggumsa argachuuf yeroo hangamii fudhata.

Yeroowwan gaditti tarreeffaman keessatti akka ilaalamtan, yaalamtan, ykn ergaan akka isiniif kennamu mirkaneessudhaaf dhiyeessitoota waliin hojjanna.

| Gosa eeggumsa | Yeroo |
|---|---|
| **Fayyaa Qaamaa:** | |
| Beellamoota baratamoo | Torbanoota 4 keessatti |
| Eeggumsa Hatattamaa | Sa'aatiiwwan 72 keessatti ykn akka qorannoorratti dura kaa'ametti: |
| Eeggumsa Ariifachiisa | Haala keessan irratti hundaa'uudhaan, kallattiidhaan ykn kutaa ariifachiisaatti ergamuu. |
| **Eeggumsa ilkaanii fi afaanii daa'immanii fi namoota ulfa hin taanef** | |
| Beellamoota fayyaa afaanii baratamoo | Yoo sababni kilinikaalawaan caalatti isin tursiisu jiraate malee torbanoota 8 keessatti |
| Eeggumsa afaanii hatattamaa | Torbanoota 2 keessatti. |
| Tajaajiloota ilkaanii ariifachiisoo | Sa'aatiiwwan 24 keessatti ilaalameera ykn laalameera yoo ta'e |
| **Eeggumsa ilkaanii fi afaanii namoota ulfaatif** | |
| Eeggumsa afaanii idilee | Yoo sababni kilinikaalawaan caalatti isin tursiisu jiraate malee torbanoota 4 keessatti |
| Eeggumsa afaanii hatattamaa | Torbanoota 1keessatti |
| Tajaajiloota ilkaanii ariifachiisoo | Sa'aatiiwwan 24 keessatti ilaalameera ykn laalameera yoo ta'e |
| **Fayyaa amalaa** | |
| Fayyaa amalaa idilee ummata dursi hin kennamneef. | Qorannoo erga gaafatanii guyyoota 7 keessatti, akkaataa barbaachisummaa kilinikaalaatti beellamni lammaffaan kan saganteeffamu. |
| Rakkoo fayyaa amalaa hatattamaa hawaasa hundaaf | Sa'aatiiwwan 24 keessatti |
| **Eeggumsa fayyaa amalaa addaa hawaasa dursi kennamuuf** | |
| Miseensota ulfaa, buleeyyii fi maatii isaanii, dubartoota daa'ima qaban, eegduuwwan hin kaffalamneef, maatiiwwan, daa'imman waggaa 0-5, miseensota HIV/AIDS ykn somba qabaniif, miseensota maraattummaa sadarkaa jalqabaa qabaniif, fi hawaasa I/DD dhaaf. | Hordoffii fi galuumsa hatattamaa. Dhiyeessaan ilaalamu naannoo sana waan hin jirreef tajaajilli yeroo yoo kan barbaadamu ta'e, yeroo dhukkubsataan tarree eeggumsaa irra kaa'ame irraa kaasee guyyoota 120 keessatti eeggumsi sadarkaa sirriin kennamuu qaba. |
| Fayyadamtoota dawaa IV heroin dabalatee | Hordoffii fi galuumsa hatattamaa.<br>Galmeen tajaajiloota eeggumsa sadarkaa bakka jireenyaatif tasifamu guyyyoota 14 keessatti gaafatama, ykn, yoo dhiyeessaan hin jiru ta'ee fi eeggannaa irra kaa'amtan guyyoota 120 keessatti kaawwatamuu qaba. |

| | |
|---|---|
| Dhukkuba fayyadama Opioid | Qorannoo fi seenicha sa’aatiiwwan 72 keessattii |
| Yaala fayyaan deeggaramu | Yoo danda’ame saffisaan, garuu qorannoo fi seenichaa sa’aatiiwwan 72 yeroo hin caalle keessatti. |

Tajaajila eeggumsa fayyaa amalaa addaatiif, yoo dareen ykn bakki banaan hin jiraannee:

- Tarree eeggannaa irra kaawwamtu.
- Tajaajiloota biraa sa’aatiiwwan 72 keessatti isiniif kennaman qabdu.
- Tajaajilootni kunneen hanga iddoon ykn bakki banaan argamutti yeroodhaaf ta’u.

Waa’ee argannaa tajaajilaa irratti gaaffii qabdu taanan, Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472 tiin bilbilaa.

## Yaadota lammaffa.

Waa’ee rakkoo keessanii fi yaala keessanii mirga yaada lammaffaa argachuu qabdu. Yaadni lammaaffaan bilisaani. Yaada lammaffaa barbaaddu taanan, Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif bilbilaatii dhiyeessaa biraa ilaaluu akka barbaaddan nutti hima.

Yaada lammaffaadhaaf dhiyeessaan ulaagaa guutu kan nu waliin waliigaltee qabu yoo hin jiraannee fi isin dhiyeessaa nu waliin waliigaltee hin qabne ilaaluu barbaaddu taanan, gargaarsaaf tajaajila maamilaa Trillium Community Health Plan dubbisaa. Yaada lammaffaa tolaan isiniif qindeessina.

# Dhiyeessitoota eeggumsa jalqabaa (PCPwwan).

**Dhiyeessaan eeggumsa jalqabaa dawwannaawwan idileetiif, ajawwaniif fi eeggumsaaf kan isin ilaaltaniidha. Tokko filachuu dandeessu, ykn akka filattaniif nuti isin gargaarra.**

Dhiyeessitootni eeggumsa jalqabaa (PCPwwan) haakimoota, narsiiwwan shaakaltuu fi kan birootis ta'uu malu. Mirga dhiyeessaa PCP Trillium Community Health Plan waliin qabu keessaa filachuu ni qabdu. Guyyoota 30 keessatti dhiyeessaa hin filattanu taanan, Trillium Community Health Plankilinikatti isin erga ykn PCP isiniif fila.
Trillium Community Health Planxalaayaa odeeffannoo dhiyeessaa keessanii qabu isiniif erga.

**Dhiyeessitoota waliigaltee qaban**
Trillium Community Health Plan dhiyeessitoota muraasa waliin hojjata, hundumaa isaaniitii miti. Dhiyeessitootni nuti waliin hojjannu dhiyeessitoota waliigaltee qaban ykn hirmaattota jedhamu. Dhiyeessitootni nuti waliin hin hojjanne dhiyeessitoota waliigaltee hin qabne jedhamu. Yoo barbaaddan dhiyeessaa nu waliin waliigaltee hin qabne ilaaluu ni dandeessu, garuu isaan dirqama Karoora Fayyaa Oregon waliin hojjachuu qabu.

PCP'n keessan akka isin fayya qabeessa taataniif hanga danda'ameen ni hojjata. Fedhiiwwan keessan idilee fi addaa hundumaa ni hordofu. PCP'n keessan:

- Isinii fi seenaa fayyaa keessan beekuu.
- Eeggumsa fayyaa keessan kennu.
- Galmeewwan fayyaa keessan haaromsuu fi bakka tokkotti ol kaa'u.

Ni barbaadama taanan, dhiyeessan keessan isin erga ykn akka hospitaala seentan isin taasisa.

Miseensi maatii keessan kan OHP irra jiran hunduu PCP qabaachuu qabu. Namni kamiiyyuu PCP garagaraa qabaachuu danda'a.

Isin PCP hin filattan taanan, nuti tokko isiniif filla, maalooo PCP keessan jijjiiruu barbaaddu taanan Tajaajila Maamilaatti bilbila. Erga jijjiiramni kuni taasifamee guyyaa tokko keessatti dhiyeessaa keessan ilaaluu ni dandeessu.

Waa'ee ogeessa ilkaanii, dhiyeessaa fayyaa sammuu, fi mana qorichaa Trillium Community Health Plan gaafachuu hin dagatina.

Ogeessa Ilkaanii Jalqabaa (PCD) marsariitii Trillium Ogeessa Ilkaanii Argachuu irraa filachuu ni dandeessa. https://www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/benefit-information.html.html ykn tajaajila maamilaaf karaa 877-600-5472, TTY:877-600-5473 bilbilaa.

Dhiyeessaa fayyaa sammuu keessanii, Trillium Find, dhiyeessaa marsariitii keenya irraa irraatii argachuu ni dandeessu.
www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/benefit-information.html.html
Dhiyeessaa fayyaa sammuu filachuu irratti gargaarsa barbaaddu taanan, Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472 bilbila, TTY: 877-600-5473.

Miseensi maatii keessanii kamiiyyuu dirqama ogeessa ilkaanii kan dhiyeessaa yaala ilkaanii keessan jalqabaa (PCP) ta'u qabaachuu qabdu. Fedhiiwwan eeggumsa ilkaanii keessan

jalqabaatif, PCD keessanitti dhaqxu. Ogeessa barbaaddu taanan, PCD'n keessan isin erguu danda'a.

PCD'n keessan barbaachisaadha, sabani:

- Yoo eeggumsa ilkaanii barbaaddan qunnamtii keessan jalqabaati.
- Tajaajiloota fayyaa ilkaanii fi yaala keessan ni too'atu.
- Eeggumsa keessan addaa ni qindeessu.

**PCP keessan jijjiira**
Jijjiiramni yoo jiraatee fi PCP'n keessan kana booda Trillium Community Health Plan waliin hojjatu yoo ta'e, jijjiiramni taasifamuu guyyoota 30 dursinee xalayaa isiniif ergina. Jijjiiramni kuni durumaa taasifameera yoo ta'e, xalayaa guyyaa jijjiirraa irraa guyyoota 15 keessatti isiniif ergina.

# Qajeelcha dhiyeessaa.

PCP keenya qajeelcha dhiyeessaa keessaa filachuu ni dandeessu: www.trilliumohp.com/find-a-provider.html. Akkasumas gargaarsaaf Tajaajila Maamilaa qunnamuu ni dandeessu, ykn garagalcha waraqaa qajeelcha dhiyeessaa gaafachuu ni dandeessu.

Fakkeenyotni odeeffannoo Qajeelcha Dhiyeessaa irratti argattanii kunooti:

- Dhiyeessaan dhukkubsataa haaraa kan jiru ta'uu isaa.
- Gosa dhiyeessaa (fayyaa, ilkaan, fayyaa amalaa, mana qorichaa, kkf).
- Akkaamiin isaan qunnamtu.
- Filannoowwan eeggumsa bilbilaa (telehealth).
- Gargaarsa afaanii (hiikaa barreeffamaa fi afaaniitiinis).
- Namoota miidhamummaa qabaniif, ilaalcha addaa.

Garagalcha barreeffamaa argachuu ni dandeessa. Bifa biraatiin (kan akka afaan biraa, maxxansa guddaa, barreeffama qaro dhabeeyyii) argachuu bilisaan ni dandeessu. Tajaajila maamilaatif karaa 877-600-5472 bilbilaa.

# Beellamoota qabadha.

**Tokko qabaattan taanan, dhiyeessaa keessan waliin beellama qabachuu ni dandeessu.**

PCP'n keessan yoo barbaaddan kan jalqaba itti bilbiltaniidha. Beellama isiniif ni qabsiisu ykn tajaajila maalii akka barbaaddan irratti isin gargaaru. Akkasumas PCP'n keessan tajaajiloota ykn qabeenyawwan haguugamanitti isin ni erga. Beellama qabachuudhaaf kallattiidhan isaanif bilbila.

PCP dhaaf haaraa taatu taanan, qorannoodhaaf beellama qabadhaa. Karaa kanaan isin yaaddoo ykn rakkoo qabaachuu keessaniin dura waa'ee keessan baru jechuudha. Kuni yeroo jalqabaa yeroo isin tajaajila fayyadamuuf jettanitti, turtiiwwan kamiiyyuu akka hin uumaneef fayyada.

Beellama keessan dura, wanti barreessuu qabdan:

- Gaaffiiwwan isin PCP keessaniif ykn dhiyeessaa birootiif qabdan.
- Seenaa rakkoowwan fayyaa maatii.

- Ajajawwan, dawaawwan ofee, vitaaminoota ykn gargaartuuwwan isin fudhattan.

Yeroo hojiitti beellama qabachuudhaaf bilbilaatii kana itti hima:

- Miseensa Trillium Community Health Plan akka taatan.
- Maqaa keessanii fi lakkoofsa eenyummeessa Trillium Community Health Plan.
- Beellama akkamii akka barbaaddan.
- Hiikkaa yoo barbaaddanii fi afaan barbaaddan.

Yoo dhukkubsattannii fi guyyaadhuma sana ilaalamuu barbaaddan, itti himaa.

**Gara bakka beellamaa keessanii geejjiba tolaa ni argattu.** Waa'ee geejjiba tolaa bal'inaa fuula 54 irratti baraa.

## Beellamoota isin darban.

Beellamni akka isin hin dabarre yaalaa. Dabarsuu barbaaddu taanan, PCP keessanitti bilbilaa kallattiidhan adda kutaa. Beellama biraa isiniif qabu. Waajjira dhiyeessaa keesanitti dursitanii hin himtan taanan, lammaffaa isin ilaaluu diduu malu.

Waa'ee beellamoota isin darbanii, dhiyeessan kamiiyyuu seera mataa isaa qaba. Waa'ee seerota isaanii gaafadhu.

# Qindeessaa eeggumsaatin qindeessuu irratti gargaarsa argadha.

Qindeessa eeggumsaa patient-centered primary care home (PCPCH), dhiyeessaa eeggumsa fayyaa, ykn garee eeggumsa jalqabaa biroo irraa ni argattu. Qindeessaa eeggumsaatif Dhiyeessaa keessan ykn Tjaaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan qunnamuu ni dandeessu.

Kaayyoon tajaajila kanaa waliigala fayyaa keessanii fooyyeessyydha. Fedhiiwwan eeggumsa fayyaa keessan akka argattanii fi fayyaa fi nageenyummaa keessan akka too'attan isin gargaarra.

Qindeessaa eeggumsaa gaafachuu ni dandeessu. Bakka bu'aan keessanis isiniif gaafachuu danda'a. Tajaajila Maamilaatiif Wiixataa hanga Jimaataa 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m. karaa 877-600-5472 tiin bilbilaaf. TTY: 877-600-5473

**Eeggumsa keessaniif waliin hojjachuu.**
Gareen qindeessaa eeggumsa keesanii isiniif dhiyeessaa keessan waliin dhiyeenyaan hojjata. Qabeenyota hawaasaa fi gargaarsa ummataa isin gargaaruu danda'an waliin wal isin qunnamsiisu. Gareen eeggumsaa keessan eeggumsa keessan isiniif kennuuf waloodhaan hojjachaa akka jiranii fi eeggumsa keessan booda hordoffiidhaaf akka hojjatan karoora ni baasu.

Namni eeggumsa isiniif kennuu irratti hirmaatu kamiiyyuu akka nagaa taatanii turtan fayyaa keessan akka fooyyeessitan irratti isin gargaaruu feena. Tajaajiloota keessan hogganuu fi qindeessudhaaf gareen keessan waliin hojjata. Kuni immoo fedhiiwwan keessaniif eeggumsa gaarii akka argattan mirkaneessa.

Narsoonnii fi hoggantoonni dhimmaa garee eeggumsaa keessan keessa jiran, rakkoowwan fayyaa hedduu irratti leenjii qabu. Isaan kan isin gargaaruu danda'an:

- Sukkaara.
- Onnee.
- Asmaa.
- Mukuu,
- Dhiibbaa dhiigaa cimaa.
- Fi rakkoowwan biroo irratti.

Gareen eeggumsaa keessan kuni mirkaneessa fi fedhiiwwan keessan biroo irratti isin gargaarudhaafis qophiidha. Isaan kan danda'an:

- Faayidaawwan keessanii fi akkaataa hojii isaanii akka hubattan isin gargaaru.
- Dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa (PCP) akka argattan isin gargaaru.
- Eeggumsaa fi gorsa hordoffiidhaaf salphaa ta'e isiniif kennuu.
- Mala fayyaa qindaa'aa akka hubattan isin gargaaru.
- Tajaajiloota fayyaa amalaa akka argattan isin gargaaru.
- Waa'ee fedhiiwwan fayyaa keessanii dhiyeessitoonni akka waliin haasa'an mirkaneeffachuu.

Gareen eeggumsaa keessan qabeenyota biroo hawaasa keesatti argaman, kan akka fedhiiwwan fayyaan alaa argachuurratti isin gargaaru. Fakkeenyotni muraasni:

- Mana nagaa.
- Nyaata fayya qabeessa.
- Geejjiboota.
- Leenjiiwwanii fi dareewwan.
- Gargaarsa maatii, ykn
- Tajaajiloota hawaasaa

**Miseensota Medicare qaban.**
Akkasumas gargaarsa faayidaawwan OHP fi Medicare wajjiin argachuu ni dandeessu. Qindeessan isin, dhiyeessaa keessan, Karoora Medicare Advantage fi/ykn eegduu keessan wajjiin isin tajaajilu. Tajaajiloota haawaasaa fi gargaarsaa akka tajaajiloota aadaa hawaasa keessattiii kanneen isinii arguudhaaf, namoota kanneen waliin qindoofna.

## Bakka Bu’oota Qunnamtii Miseensaa (MCRwwan)

Bakka bu’ooti qunnamtii miseensaa Hojjattoota Fayyaa Hawaasaa ragaa qaban ta’anii kan isteeta Oregon keessatti Trillium wajjiin hojjataniidha.

MRCwwan miseensota tajaajiloota barbaachisan wajjiin wal qunnamsiisu. MCRwwan faayidaawwan kee akka argattuuf fi beellama fayyaa akka qabattuuf si gargaaru. Akkasumas faayidaawwan hawaasa kanneen akka manaa fi nyaataatis ni qindeessu. Qabeenyota hawaasaa wajjiin wal qunnamsiisuuf hojjatu.

MCRwwan garee eeggumsa fayyaa jalqabaa manaa fi keessoo Trillium wajjiin dhiyeenyaan hojjatu. Karaa bilbilaa, suursagalee ykn mana keetti si qunnamuu ni danda'u. Wantoota akka dawaa keessan yeroon fudhachuu akkamiin yaadachuu akka dandeessuutin si gargaaru. Akkasumas gargaarsawwan akka manneenii fi hoo’istuutif iyyachuu irratti isin gargaaru. Akkasumas wantoota karaa tajaajila hawaasaa akka argattaniif isin gargaaru. MCR namoota dhibeewwan sukkaaraa fi asmii qabaniif leenjii ni kenna.

MCRwwan baayyee barbaachisoo fi hawaasa isaanii kanneen beekaniidha. MCR wajjiin hojjachuu yoo barbaaddan, maaloo 877-600-5472 irratti bilbilaa Bakka Bu'aa Qunnamtii Miseensaa qunnamaa.

# Qindeessaa Eeggumsa Cimaa

Gargaarsa dabalataa barbaaddu taanan, tajaajila Qindeessaa Eeggumsa Cimaa (ICC) argachuu ni dandeessu. Tajaajilootni ICC nama barbaaduuf tajaajiloota dabalataa kennu.

Namootni tokko tokko kan tajaajiloota ICCtiif ulaagaa guutuu malan:

- Gadaamoojjiiwwan, kanneen dhaga'uurratti hanqaina qaban, duudaan, arguu ykn miidhamummaa biroo qaban.
- Kanneen fedhii eeggumsa fayyaa baayyee qaban, rakkoowwan fayyaa ciccimoo ykn ulfaatoo qaban. rakkoo fayyaa dhaabbataa (SPMI).
- Namoota dhuunfaa tajaajiloota yeroo dheeraa fi gargaarsaalee (LTSS) Medicaid dhaan kennaman fudhachaa jiran.
- Kanneen yaala dawaadhan deegarama (MAT) kan Miidhama Fayyadama Wantootaa (SUD) qaban.
- Dubartoota ulfa baayyee rakkoo qabaachuu danda'u qaban.
- Fayyadamtoota dawaa IV.
- Kanneen SUD qaban kan yaala keessaa bahuu barbaadan.
- Namoota dhuunfaa HIV/AIDS ykn somba qaban.
- Buleeyyii fi maatii isaanii.
- Kanneen maraattummaa sadarkaa ol-aanarra jiran.
- Namoota hanqina barachuu fi guddachuu (IDD) qaban keessa tokko yoo taatan.
- Fi kanneen biro.

Eeggumsi Fayyaa Cimaan akkasumas kan gargaaru:

- Kanneen waggaa 0-5 jiran mallattoo rakkoowwan hawaasaa/miiraa ykn amalaa agarsiisan ykn rakkoo Miidhama Miiraa Cimaa (SED) qaban.
- Kanneen dhala dhaban.
- Kan Child Welfare keessa jiran.

Isinii fi qindeessaan ICC keessan sagantaa Karoora Qindeessaa Eeggumsa Cimaa (ICCP) jedhamu qabaattu. Karoorri kuni isin sagantaa ICC jalqabuu keessan irraa guyyoota 10 keessatti jalqaba. Fedhiiwwan keessan akka guutamaniif isin gargaaru. Galmawwan fayyaa fi nageenyummaa dhuunfaa akka baafattaniif isin gargaaru.

Karoorri keessan gargaarsawwanii fi tajaajiloota galmawwan keessan milkeessudhaaf isin barbaachisan tarreessa. Eeggumsi fayyaa keessan jijjiiramuu barbaada taanan, sagantaan eeggumsaa keessan guyyoota 90 keessatti jijjiirama. Garagalcha sagantaa keessanii ni argattu.

Garee ICC isin gargaaru qabaattu. Gareen kuni namoota garagaraa kanneen fedhiiwwan keessan milkeessudhaaf wajjiin hojjattan kanneen akka dhiyeessitootaa fi ogeeyyiiwwanii of keessatti hammata. Karoorri kun rakkoowwan fayyaa, hawaasaa, aadaa, dagaaginaa, amalaa, barnootaa, amantii, fi dingadee isn qabdan fooyeessuudhaan akka isin bu'aawwan fayyaa fi nageenyaa gaarii argattan taasisa. Hojiin garee eeggumsaa keessanii namootni sirriin akka isin

galmoota keessan mirkaneessitaniif isin gargaaran jiraachuu mirkaneessuudha. Iisn gargaarudhaaf waliin hojjanna.

Qindeessaan eeggumsa keessanii akkasumas:

- Akka isinitti mijatee, nageenyaan eeggamtaniif tajaajiloota ni barbaada.
- Rakkoowwan fayyaa ciccimoo akka too'attaniif, sagantaawwan eeggumsaa ni fayyadama.
- Rakkoowwan fayyaa kanneen akka sukkaaraa, dhukkuba onnee fi asmaa irratti isin gargaara.
- Rakkoowwan fayyaa amalaa kanneen akka mukaa'uu fi fayyadama wantootaa irratti isin gargaara.
- Karoora fayyaa isin waliin baasa.

Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tti karaa 877-600-5472 tiin bilbiluudhaan, qindeessaa eeggumsa ICC argadha. Trillium Community Health Plan isin ykn bakka bu'aan keessan maqaa ykn lakkoofsa bilbilaa qindeessaa eeggumsa ICC keessan fudhachuu ni mirkaneessa.

Qindeessi eeggumsa cimaa Wiixataa hanga Jimaataa 8:00 a.m. irraa hanga 5:00 p.m. ni argama, Yeroo hojii isa sirriitti tajaajiloota ICC hin argattan taanan, Trillium Community Health Planfilannoo biroo isiniif kenna.

# Qorannoo fi eeggumsa ittisaa addaa miseensota umriin isaanii 21 gadi ta'eef.

Tajaajilootni qorannoo dursaa fi deddeebii, Qorannoo fi Yaala (EPSDT) tajaajiloota mijatoo fi ittisaa kan daa'imman waggaa 21 gadii hanga dhalootaatti jiraniiti. Faayidaan kuni rakkoowwan ykn dhibeewwan fayyaa yoo jiraatan daddaffiidhaansadarkaa jalqabaatti arguu fi ittisuudhaaf tola. Saaxilamummaa dhukkubbii, miidhamummaa qaamaa, ykn eeggumsa fayaa/sammuu barbaachisan biroo barbaadamuu malan kenna.

Sagantaan EPSDT kan kennu:

- Qorannoo fayyaa "Well-child", qorannoowwan, fi qorannoo miseensoti umriidhaan 0 hanga 21 ta'an rakkoo fayyaa qaamaa, ilkaanii, guddinaa, fi fayyaa sammuu qabaatan addaa baasuf taasifamu.
- Akkasumas rakkoowwan argaman kana sirreessudhaaf ykn gargaarudhaafis eeggumsa fayyaa, yaala, fi tarkaanfiiwwan birootis ni kenna.

Miseensota EPSDT gaafataniif, Trillium Community Health Plan kennuun kan isarra jiraatu:

- Qorannoowwan dhaabbii waliigalaa kan fayyaa qaamaa fi sammuu, guddinaa, dagaaginaa, fi daa'immaniif haala nyaataa, daa'immanii, fi dargaggoota waggaa 21 gadiitif.

Ati ykn miseensi maatii keessanii tajaajila EPSDT barbaaddu taanan, dhiyeessaa eeggumsaa keessan jalqabaa (PCP) waliin hojjadhaa. Eeggumsa barbaaddan akka argattaniif isin gargaaru. Tajaajilli mirkaneessa barbaadu kamiiyyuu jiraata taanan, isaan ni hordofu. Tajaajila ilkaanii EPSDT kamiifiyyuu ogeessa ilkaanii dhiyeessaa kee jalqabaa waliin hojjadhu. Hanga waggaa 21tti, tajaajilootni EPSDT miseensotaaf bilisa.

Tajaajiloota EPSDT ogeessa fayyaa (MD ykn DO), narsii shaakaltuu, gargaaraa fayyaa seera qabeessa, fi ogeessa fayyaa seera qabu kan biraa waliin (tajaajila itti fufuu) irraa argachuu ni dandeessa. Dhiyeessitootni kunneen ergaa kallattii tajaajila ilkaanii akka kennuuf ogeessa ilkaanitti isiniif ergus ni danda'u. Yeroo fi tajaajilootni ilkaanii asirratti ni argamu: www.oregon.gov/oha/HSD/OHP/Tools/OHP-Recommended-Dental-Periodicity-Schedule.pdf

## Gargaarsa tajaajiloota EPSDT argachuu.

- Tajaajila maamilaatif karaa 877-600-5472 bilbilaa.
- Tajaajiloota ilkaanii tochuudhaaf ykn odeeffannoo dabalataatif dhiyeessaa ilkaanitti bilbila.

  Advantage Health Services
  Tajaajila Maamilaa kaffaltirraa bilisaa 1-866-268-9631 TTY: 711

  Capitol Dental Care
  Tajaajila Maamilaa 1-503-585-5205 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-525-6800
  TTY: 1-800-735-2900

  Oregon Dental Service
  Tajaajila Maamilaa 1-503-243-2987 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-342-0526
  TTY: 1-503-243-3958 yookan 1-800-466-6313

- Daawwannaawwan dhiyeessaa EPSDT iirraa fi dhaquudhaaf geejjiba tolaa ni argattu. Geejjiba saganteessuf ykn odeeffannoo dabalataatif, 877-600-5472 irratti bilbila.
- Akkasumas odeeffannoo kana marsariitii keenya irratti argachuu dandeessu: www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/transportation.html

## Qorannoowwan.

OHP'n daawwannaan qorannoo EPSDT haala yeroo umrii isaanitiin haguuga. Takka qorannoodhaaf gaafattu taanan, yaaliin beekkamaatti ji'ooat 6 keessatti jalqaba. OHP'n qajeelfamoota American Academy of Pediatrics fi Bright Futures hordofa. Bright Futures asirratti argamuu mala: https://brightfutures.aap.org/Pages/default.aspx.

Qajeelchi *Bright Futures* qajeelfama qorannoowwan eeggumsa ittisaa fi dawwaannaawwan well-child kenna.

Daawwannaawwan qorannoo dirqama:

- Qorannoo guddinsa.
- Qorannoo liidii:
  - Daa'imman dirqama qorannoowwan liidii dhiigaa umrii ji'oota 12 fi ji'oota 24tti raawwachuu qabu. Daa'imni kamiiyyuu kan umriin isaa ji'a 24 hanga 72 ta'e kan seenaa qorannoo liidii hin qabne, amma qabaachuu qaba.
  - Daa'imman OHP keessa jiraniif, gaaffiiwwan qorannoo guutuun qofti ulaagaa isaan nagaa ta'uu hin guutu. Daa'imman summii liidii qaban hunduu tajaajiloota hoggansa dhimmaa hordoffii qabu.
- Qorannoowwan mana yaalii barbaachisan biroon (kan akka qorannoo hir'ina dhiigaam sickle seelii) umrii fi saaxilamummaa maamilaa irratti hundaa'un.
- Qorannoo haala nyaataa.
- Qorannoo fayyaa qaamaa waliigalaa qorannoo ilkaanii fi irgaatis dabalatee.
- Seenaa fayyaa fi guddinaa guutuu (keessa deebii guddina fayyaa qaamaa fi samuutis dabalatee).
- Madineessummaa (lilmoo) kanneen sadarkaa fayyaa guutan:
  - Sagantaa Madineessummaa Ijoollee (dhalootaa hamma waggaa 18) www.cdc.gov/vaccines/schedules/hcp/imz/child-adolescent.html
  - Sagantaa Madineessummaa Ga'eessaa (19+): www.cdc.gov/vaccines/schedules/hcp/imz/adult.html
- Maatiiwwanii fi daa'immaniif qajeelcha fayyaa fi barnoota.
- Yaala fayyaa qaamaa fi fayyaa sammuu fayyaadhan barbaadameef ergaa.
- Qorannoowwan dhageettii fi agartii barbaadaman.
- Tajaajilootaa fi qorannoowwan umrii ta'etti eeramu, hanga umrii 21 tti. Sagantaa Bright Futures asitti ilaala: https://downloads.aap.org/AAP/PDF/periodicity_schedule.pdf
- Fi kanneen biro.

Daawwannaawwan EPSDT qorannoowwan yeroo dhukkubbiitti uumamana kan haalli fayyaa keessan waan jijjiirameef uumaman kan hin saganteeffamin hammata.

## Ergaa EPSDT, qorannoo fi yaala.

Dhiyeessaan keessan eeggumsa jalqabaa yoo rakkoo qaamaa, fayyaa sammuu, fayyadama wantootaa, ykn rakkoo ilkaani qabaattan isin erguu malu. Dhiyeessan biraa qorannoo fi/ykn yaala caalaatin isin gargaaruu mala.

Dhiyeessaan qorannoo barbaachisummaa ergaa gara daa'immanii fi maatii ykn eegduuttii ibsa. Yoo ergaa wajjiin waliigaltan, dhiyeessaan waraqaa irratti ni hojjata.

Yoo barbaadametti, Trillium Community Health Plan ykn OHP'n eeggumsa qindeessuu irrattis ni gargaaru.

Qorannoowwan tajaajiloota armaan gadiitif barbaadamuu malu:

- Qorannoo fi yaala rakkoo agarree fi dhageettii wajjiin wal qabatan, naduraa fi gargaarsa dhageettiis dabalatee.
- Eeggumsa ilkaani, akka barbaachisetti jalqaba umrii irratti, dhukkubbii fi faalama irraa bayyanachuuf oola, deebisa ilkaanii fi supha fayyaa ilkaanii.
- Madineessummaawwan. (Yeroo qorannootti madineessummaan kan barbaachisu ta'uu fi yeroo qorannootti madineessummaa kennuun kan barbaachisu yoo ta'e, yaalli madineessummaa yerotti kennamuu qaba).

Tajaajilootni kunneen EDPST ulaagaa guuteef fi kanneen barbaadaniif kennamuu qaba.

Trillium Community Health Plan miseensotaaf ykn bakka buutota tajaajila hawaasaa isaanitiif, saganataa barnootaatif, sagantaa gargaarsa nyaataatif, fi tajaajiloota biroof gargaaruuf ergaa ni kenna.

# Hojjattoota Fayyaa Aadaa (THW).

Hojjataan Fayyaa Aadaa (THW) gaaffii waa'ee eeggumsa fayyaa fi fedhiiwwan hawaasaa irratti isin gargaara. Isaan haasaa jidduu keessanii fi dhiyeessaawwan eeggumsa fayyaa fi namoota biroo eeggumsa keessan keessatti hirmaatan irratti gargaarsa taasisu. Akkasumas namootaa fi tajaajiloota hawaasa keessa jiran kan isin fayyadan waliin wal isin qunnamsiisun isin gargaaru.

Hojjattoota fayyaa aadaa gosa muraasaatu jira:

- **Deessistuu:** Deessistuun (Da'uumsaa) nama gargaarsa dhuunfaa fayyaa hin taane namoota fi maatiiwwan ulfa ta'aniif yeroo ulfaatti, da'uumsaattti fi da'uumsa booda gargaaruudha.

- **Hojjataa Fayyaa Hawaasaa:** Hojjataa fayyaa ummataa kan namootaa fi hawaasa isin keessa jiraattan beeku. Tajaajiloota fayyaa fi hawaasaa akka argattaniif isin gargaaru. Hojjataan fayyaa hawaasaa amaloota fayya qabeeyyii akka qabaattaniif isin gargaaru. Yeroo hedduu sanyummaa, afaanii fi muxannoo jireenyaa isiniin wal fakkaataa qabu.

- **Abuuraa fayyaa dhuunfaa:** Haala fayyaa keessanii irratti hundaa'udhaan, akka waa'ee fayyaa fi nageenyummaa keessanii murtii gaarii murteessuu dandeessaniif nama odeeffannoo, meeshaa, fi gargaarsa kennuudha.

- **Ogeessa Gargaartuu Hiriyaa:** Nama muxannoowwan fayyaa sammuu, araadaa fi irraa fayyuu qabu. Ykn maatii daa'ima fayyaa sammuu qabu ykn yaala dawaa qabuu yoo turan. Namoota araadaa fi rakkoowwan fayyaa sammuu qabaniif gargaarsa, jajjabina, fi deeggarsa kennu. Karaa wal fakkaataadhaan isin gargaaru.

- **Ogeessa Nageenyaa Hiriyaa:** Nama akka garee fayyaa manattiitti hojjatu kan bakka keessan bu'ee isiniif dubbatu. Haala fayyaa waliigalaa hawaasa isaanii gargaaru, fi namootni akka araadaa, fayyaa sammuu fi fayyaa qaamaa irraa dandamatiin ni gargaaru.

- **Hojjattoota Fayyaa Aadaa Gosaa:** Nama gosa ykn hawaasa indiyaa magaalaa walumaagala fayyaa isaanii fooyyessuu irratti gargaaru. Barnoota, gorsa, fi gargaarsa akkaataa gosa sanaa wajjiin adeeman kennuu malu.

THW karaa hedduun isin gargaaruu mala, fkn:

- Dhiyeessaa haaraa argachuu.
- Tajaajila isin barbaaddan argachuu.
- Fedhiiwwan keessan hubachuu.
- Tajaajilootaa fayyaa hawaasaa irratti odeeffannoo kennuu fo gargaaruu.
- Qabeenyota hawaasaa isin fayyadamtan irratti gorsa kennuu.
- Hawaasa keessan keessaa nama isin qunnamtan.

Waa'ee THW caalmaatti baruu fi faayidaawwan isaanii fayyadamuudhaaf, qunnamtii THW keenya dubbisa.

## Odeeffannoo Karaa Qunnamtii THW

Kristinia Rogers
krogers@trilliumchp.com
877-600-5472

Odeeffannoo karaa qunnamtii TWH ni jijjiirra taanan, odeeffannoo haaraa marsariitii keenya irratti argachuu dandeessa: www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/wellness/traditional-health-workers.html.

# Tajaajiloota dabalataa

## Tajaajiloota In Lieu (ILOS)

**Tajaajiloota In Lieu(ILOS)**

Trillium Community Health Plan tajaajilootaa fi bakkeewwan fayyaadhaaf filannoo tajaajila OHP dhaan haguugamanii ta'an dhiyeessa. Kunniin immoo "in lieu of services" (ILOS) jedhamu. Isaan kunneen akka filannoo gargaarsaatti yoo bakkeewwanii fi tajaajilootni baratamoon fedhii miseensota keenyaa hin guutne kennamu. Trillium Community Health Plan ILOS armaan gadii kenna:

**Tajaajiloota Gargaarsa Fayyina Fayyaa Sammuu Hiriyootaa fi Ulaagaa Guutan kan bakka addaatti kennaman** jechuun tajaajiloota teeraappii fayyaa amalaa kan bakka bu'aniidha. ILOS kuni miseensota rakkoowwan fayyaa amalaa qabanii fi tajaajiloota haaromsa hawaasumaa barbaadaniif sirrii ta'uu mala.

- Tajaajiloota Gargaarsa Fayyina Fayyaa Sammuu Hiriyootaa fi Ulaagaa Guutan kan bakka addaatti kennaman kan of keessatti hammatu, sagantaan qaman dhaquu, kenniinsa tajaajilaa hawaasa keessaa bakka barataamaa akka kilinikaa ykn wajjiraatin alatti tajaajiloota fayyaa hawaasaa ta'a.
- Fakkeenya ILOS: Tajaajiloota Dhiyeessii fi Qindoomii Ogeessa Gargaarsa Hiriyaa raga qabeessaan kennamu, Ogeessota Nageenyummaa Hiriyaa, ykn Qindeessaa Fayyaa Sammuu Ulaagaa Guute, miseensota eeggumsa isaanii keessatti akka hirmaachisanii fi tajaajila walitti fufaa akka nageenya, dandamannaa, dandeettiiwwan, dandeettiiwwan jireenyaa of danda'oo, fi gargaarsa wayyaa'insarratti kan kennuudha. Tajaajiloota qorannoo dursaa ykn boodatti, kilnika ykn hawaasa keessatti, dhuunfaadhan ykn namoota wajjiin, fi tajaajiloota tasa qaaman dhufuu dabalachuu malu, tajaajiloota jijjiirraa eeggumsaa, tajaajiloota aadaarratti hundaa'an, fi tajaajiloota hawaasawwan OHP ta'e tokko qofa irratti xiyyeeffataniif kennamuu malu.

**Tajaajiloota Hojjataa Fayyaa Hawaasaa** bakka tajaajiloota aadaa walfakkaatoo. ILOS kuni tarii miseensota dawaawwan ittisaa barbaadaniif-gorsaa fi ittisa sababaa, leenjiiwwan dandeettii fi dagaaginaa, tajaajiloota gargaarsa hawaasaa mijatoo ta'aniif tarii isa sirrii ta'uu mala.

- Tajaajiloota Hojjataa Fayyaa Hawaasaa bakka biraatti kennaman ykn kan haala kaffalchiisaa aadaa hin taane fayyadaman.
- Fakkeenya ILOS: Qindeessa mala eeggumsaa Hojjattoota Fayyaa Hawaasaa (CHW) bakka hawaasaa keessattii, kanneen akka mana ykn Tajaajila Adeffamaa fi Afaaneffamaa Sirrii ejensiiwwan kan tajaajiloota ofii isaanii danda'anii kaffalchii danda'an ykn dhiisuu malan. Tajaajiloota Miseensoti akka mala fayyaa baraniif gargaaruu danda'an, hirmaannaa miseensotaa bakka fayyaatti ykn beellamoota biraatti qindeessuu, garee eeggumsaa/saganteessaa keessatti hirmaachuu, odeeffannoo fayyaa ykn eeggumsa fayyaa ibsuu, akka fedhiiwwan hubataniif ykn bakka argamaa ibsuu.

**Sagantaan Ittisa Sukkaaraa Biyyaalessaa bakka** bu'aa Tajaajiloota Sagantaa Ittisa Sukkaaraa Biyyaalessaati. ILOS'n kuni miseensota tarii sukkaara gosa 2 qabaachuu malaniif tarii filannoo gaaridha.

- Sagantaan Ittisa Sukkaaraa Biyyaalessaa kan hawaasa keessatti kennamu, kan akka jiimii hawaasaa ykn mana kitaabaa kan tajaajiloota kilinikii qaamaanii ykn sarara irraattii dabalataan kennamuudha,
- Fakkeenya ILOS: Dagaagsa Sagantaan Ittisa Sukkaaraa Biyyaalessaa (DPP Biyyaalessaa) kan Wirtuuwwan Ittisaa fi Qorannoo Biyyaalessaa (CDC) dhaan kennamu sagantaa seera qabeessa kennnudha. *ILOS kuni hoggansa DPP Biyyaalessaa kan dhaabbilee hawaasaariin kennaman kan haala kaffalchiisaa mataa isaanitii hinqabne garuu kan dhiyyeessitoota DPPtiif ulaagaa guutan gargaara.*

**Gorsootni Bakkaa** mala afaa gorsoota bakkaa duraanii kan fedhii maamilootaa hin guutne bakka bu'a. ILOS kuni tarii namoota dhuunfaa ulfa booda ykn daa'ima isaanitiif gorsawwan bakkaa aadaa kan duraan waajjira keessatti ykn bakka yaala deddeebiitti kennamuutif tarii gaarii ta'uu mala.

- Gorsootni Bakkaa bakkeewwan biraatti kennaman ykn qindeessa kaffalchiisaa kan durii hin taani fayyadamani.
- Fakkeenya ILOS: Gorsa Narsii Galmaa'adhaan kennamu, Hojjataa Fayyaa Aadaa, ykn Deessistuu leenjii bakkaa qaban (kan akka gorsaa barnoota bakkaa ragaa qabuu, ykn leenjii ogummaa harma hoosisuu addaa raga qabeessa), hawaasa keessatti kan tajaajiloota sanneen of danda'anii kaffalchiisuu ykn dhiisuu danda'an.

ILOS siif kan ta'u ta'uu murteessun hojii garee gaafata. Filannoo gaarii isiniif taasisuuf, garee keessan waliin hojjanna. Filannoon, garuu keessani. Sagantaawwan kanneen kamiiyyuu keessatti qooda fudhachuu hin qabdan. ILOS isaan fudhachaa jiran itti hin fufu taanan, miseensonni guyyoota 30 dursanii beeksifamu. Beeksisni kuni odeeffannoo komii fii ol iyyannaa kan tajaajiloota haguuggaman garuu guututti ykn gartokkeen ittifamaniitis of keessatti qabata (komiiwwanii fi ol iyyannaawwan irratti odeeffannoo dabalataa fuula 81 irra ilaalaa). Waa'ee faayidaawwan ykn tajaajiloota olii gaaffiiwwan qabdu taanan, maaloo 877-600-5472 (TTY: 877-600-5473) irratti bilbila.

# Tajaajiloota Fayyaan Walqabatan

Tajaajilootni Fayyaan Walqabatan (HRS) tajaajiloota dabalataa Trillium Community Health Plan kennuudha. HRS fayyaa fi nageenya miseensaa fi hawaasaa walumaagalatti fooyyessuu irratti hojjata. Tajaajilootni HRS faayidaawwan miseensotaa fi hawaasa bal'aadhaf haala mijatuun kennamaniidha. HRS'n Trillium Community Health Plan sababoota bu'uuraa irratti herrega sirnaan fayyadamuu, kan akka bakka isin jiraattanii, nageenyummaa hawaasaa fooyyessuu irratti hojjata. Waa'ee tajaajiloota fayyaan walqabatanii dabalataan [www.oregon.gov/oha/HPA/dsi-tc/Pages/Health-Related-Services.aspx](www.oregon.gov/oha/HPA/dsi-tc/Pages/Health-Related-Services.aspx) irratti baradhaa.

## Tajaajiloota Mijoo

Tajaajiloota mijoo jechuun gargaarsa wantootaa ykn tajaajilaa miseensonni akka nagaa ta'an ykn turan taasisaniidha. Trillium Community Health Plan tajaajiloota mijoo kanneen kenna:

- Gargaarsa nyaataa, kan akka midhaan nyaataa, vaawuchara nyaataa, ykn nyaata fayyaadhaaf ajajamanii.

- Gargaarsa manaa yeroo, kan akka bakka jijjiirraadhaaf qabdii kennuu, yeroo gabaabadhaaf kiraa gargaaruu, ykn gatii fayyadamamaa mijeessuu.
- Yeroo hospitaala keessaa baatanutti mana ykn qubsuma yeroo kennuu.
- Wantoota amaloota gaariif tolan, kan akka kophii atileetikii ykn uffataa.
- Telehealth ykn appiiwwan fayyaa akka argattaniif bilbilawwan ykn meeshaalee.
- Wantoota biraa kan fayyaa akka taatanitti isin tursiisan, kan akka too'attuu qilleensaa ykn calaltuu qilleensaa.

Fakkeenyotni biroo Tajaajiloota Mijoo:

  - Sagantaawwan/Tajaajiloota Fayyaa fi Nageenyaa
  - Tajaajila Geejjibaa ykn Gaazii/Suphaa konkolaataa
  - Gargaarsa Dhageettii, Meeshalee Gargaarsaa, Amaloota Argannaa

Waa'ee tajaajiloota mijoo Trillium Community Health Plan www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/Flexible-Services.html irratti caalmatti baraa

## Dhaabbilee Faayidaa Hawaasaa

DhaabbileeN Faayidaa Hawaasaa tajaajilootaa fi gargaarsawwan fayyaa fi nageenya hawaasaa fooyyeessuudhaaf tajaajilootaa fi gargaarsota kennamaniidha.

Trilliumtti, qixxummaan fayyaa nuuf barbaachisaadha. Namni hunduu eeggumsa fayyaa guutuu argachuu qaba jennee amanna. Miseensota hawaasawwan naannoo keenyaa dhageeffanna. Waan isaan barbaadan ni qoranna. Fedhiiwwan kanneen guutudhaaf, dhabbilee hawaasa keessaa (CBOwwan) waliin ni michoomna. Kuni namoota eeggumsa fayyaa qaamaa wajjiin wal qunnamsiisuu ta'uu mala. Akkasumas namoota nyaata, mana, fi geejjibaan wal qunnamsiisuu ta'uu mala. Faayidaawwan dhaabbilsaa faayidaa hawaasaa muraasni:

- Nyaata gargaaruu fi nyaata aadaa isaanii agga argatan taasisuu
- Bakka barnootaa caalaatti nagaa ta'e mijeessuu
- Jiddugaloota hawaasa naannoo deebisanii ijaarudhaaf duula qabeenya hawaasaa irratti taasisu.
- Humna Hojjataa Fayyaa Hawaasaa (THW), Hojjataa Fayyaa Hawaasaa (CHW) fi Deessistuu babal'isuu.

Fakkeenyotni dhaabbilee faayidaa hawaasaa biroo:

- Daree barnootaa maatii fi gargaarsa maatii.
- Sagantaawwan hawaasa keessaa kan akka maatiiwwan kuduraalee fi muduraalee ammaa karaa qonnaan bultootaa akka argatan gochuu.
- Fooyyessi geejjibaa si'ataa, kan akka karaa baayiskilaa nagaa qabeessaa fi karaa miilaa.
- Bakka gaarii sagantaawwan mana barnootaa kan barattoota fayyaa miira hawaasaa fi barnootaa dagaagsu uumuu.
- Gochaalee miidhama qaban irratti barsiisotaa fi dhiibbilee hawaasaa keessaa daa'ima irratti xiyyeeffatan leenjisuu.

## Tajaajiloota fayyaa wajjiin wal qabatan ofii fi maatii keessaniif akkamiin argattu

Tajaajiloota Fayyaa Wajjiin walqabataniif, dhiyeessaa keessan wajjiin irratti hojjachuu dandeessu. Tajaajila maamilaatif karaa 877-600-5472 tiin bilbiluu ni dandeessu. Uunka gaafannaa afaan isin barbaaddanii fi bifa fedhii keessan guuteen akka isiniif ergan gaafadhaa.

Murtiiwwan tajaajiloota mijoo kennuu fi diduu dhimmoota tokkoon tokkoo irratti hundaa'udhaan kennamu. Yoo gaafannaan tajaajila mijoo keessan didame, xalayaatu isiniif dhufa. Tajaajila mijoo isinirraa didame ol iyyachuu hin dandeessan, garuu mirga komee taasifachuu ni qabdu. Waa'ee ol iyyannaa fi komee fuula 87 irratti ilaalaa.

Yoo OHP qabaattannii fi tajaajila argachuu irratti rakkina qabaattan, maaloo Sagantaa Abbagaar OHA qunnamaa. Abbagaar miseensota OHP tiif warra morman yoo ta'e, isin gargaarudhaaf waan danda'an godhu. Maaloo iimeela OHA.OmbudsOffice@odhsoha.oregon.gov irratti ergaa ykn ergaa 877-642-0450 irratti dhiisaa.

Qabeenyi biraa kan gargaarsotaa fi tajaajilaa hawaasa keessa jiru 211 Info dha. Gargaarsaf 2-1-1 irratti bilbilaa ykn marsariitii 211 Info ilaalaa.

### Eeggumsa Hawaasaa Fayyaa Afaanii

Gammachuudhaan miseensotni hawaasa keessatti tajaajola eeggumsa hawaasaa fayyaa afaanii akka argatan gargaarra. Sagntaan Ilkaanii qilqulleessituuwwan ilkaanii hayyamaa addaa qaban gara mana barnootaatti, Dubartoota Daa'imman Ijoollee (WIC), Head Start, Waajjiraalee fayyaa, bakkeewwan eeggumsa yeroo dheeraa fi bakkeewwan hawaasaa qorannoo afaanii guutudhaaf tolutti erguu mala. Yeroo achi jiranitti tajaajiloota ittisaa muraasa, kan akka fluoride, dhqaa, daa'imman umriin mana barnootaa ga'eef ilkaan qulqulleessuu, fi namootni akkamiin akka ilkaan isaanii eeggataa barsiisuu ni raawwatu.

Bakka qulqulleessitootni waan kana hojjatan hin jirretti, dhaabbilee biroo waliin hojjanna. Karoora keessan keessatti haguuggamu taanan, tajaajilootni isin hawaasa keessatti argattan bilsia. Ni shakkitu taanan, nama tajaajila kennaa jiru gaafachuu ni dandeessu, ykn Tajaajiloota maamilaatif bilbiluu dandeessu.

### Qabxiiwwan Argannaa Banaa

Oregon keessa bakka hedduutti, Federally Qualified Health Centers (FQHC), Rural Community Health Centers (RCHC), Indian Health Care Providers (IHCP) and Indian Health Service clinics (IHS) waliin waliigaltee qabna. Waliigalteen keenya addaa kuni miseensotni keenya bakka kanatti ergamuu isaanii malee fi ergaa malee akka ilaalamaniif isaan dandeessisa.

Bakkeewwan akkanaa kana keessaa tokkotti eeggumsi afaanii keessan akka isiniif raawwatamu feetu taanan, dhaabbatichaaf bilbiltanii Karora Fayyaa Hawaasaa Trillium wajjiin akka "Qabxii Argannaa Banaa" kan hojjatan ta'uu isaanii gaafachuu dandeessu, Akkasumas Tajaajiloota Maamilaatif bilbiltanii tarree Qabxiiwwan Argannaa Bannaa ammaa gaafachuu ni dandeessu.

# Geejjiba eeggumsaa tola

## Miseensota Trillium Community Health Plan tiif beellamaaf geejjibawwan tolaa.

Beellama dhaquu irratti gargaarsa barbaaddu taanan, geejjiba tolaatiif MTM (Medical Transportation Management, Hoggansa Geejjiba Fayyaa) tiif bilbilaa. Daawwannaawwan fayyaa qaamaa, ilkaanii. Mana qorichaa fi fayyaa amalaa Trillium Community Health Plan tiin haguugamaniif argachuu ni dandeessa.

Isin ykn bakka bu'aan keessan geejjibaaf gaafachuu ni danda'u. Tikeetii baasii, mallaqa taaksii, ykn akka konkolaachisaan isin fuudhu taasisuu dandeenya. Mallaqa gaasii, isiniif, miseensa maatiitif, ykn hiriyaa isiniin oofuf kafaluu ni dandeenya. Tajaajila kanaaf hin kaffaltan. Trillium Community Health Plan, geejjiba gara tajaajiloota haguuggamanii fi irraa taasifamuuf isin hin kaffalchiisu.

## Geejjiba Saganteessu.

MTM (Medical Transportation Management, Hoggansa Geejjiba Fayyaa) tif karaa 877-583-1552 bilbilaa, fayyadamtootni TTY, maaloo 711 irratti bilbilaa
Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. irraan hanga 5:00 p.m., Cufiinsa Gaafa Ayyaana: Guyyaa Waggaa Haaraa, Guyyaa Yaadannoo, Guyyaa Bilisummaa, Guyyaa Humnaa, Guyyaa Galataa fi Jalbultii Dhalootaa .

Maaloo geejjiba saganteessuuf yoo xiqqaate guyyoota hojii 2 dursaa bilbilaa. Kuni akka fedhii geejjibaa keessan guutnuf nu gargaara.

Geejjibni yeroo imalaa dursee guyyoota lamaa (2) gaditti yoo kan saganteeffamu ta'e, Faddaalaan NEMT waliigaltee qabu yookan waliigaltee xiqqaa qabu miseensaaf lakkoofsa bilbilaa kennuutu irra jiraata, haa ta'uu garuu, miseensaaf maqaa fi bilbila konkolaachisaa NEMT ykn dhiyeessaa NEMT kennuun isaan irratti dirqamaa miti.

Geejjiba wal fakkaataa ykn isa itti aanu qabachuu malta. Maaloo MTM (Medical Transportation Management) dhaaf bilbila.

Yeroo beellama hedduutti, isin ykn namni isin beektan geejjiba hedduu saganteessuu danda'a. Beellama gara fuulduraa hanga guyyootab 90 tiif, geejjiba saganteessuu ni dandeessa.

## Yeroo bilbiltanitti maal eegdu.

MTM (Medical Transportation Management) hojjataa mana bilbilaa kan afaan isin barbaaddanii fi akkaataa isin hubachuu dandeessaniin isin dubbisu qaba. Gargaarsi kuni bilisaani.

Yeroo jalqaba bilbiltan, waa'ee sagantaa isinitti himnee waa'ee fedhii geejjibaa keessanii haasofna. Waa'ee dandeettii qaamaa keessanii fi yoo nama isin wajjiin deemu ka barbaaddanii isin gaafanna.

Yoo geejjibaaf bilbiltanitti, wanti nuti isin gaafannu:

- Maqaa keessan guutu.
- Teessoo fi lakkoofsa bilbilaa keessan.

- Guyyaa dhalootaa keessan.
- Maqaa haakima ykn kilinika isin dhaquu barbaaddanii.
- Guyyaa beellamaa.
- Sa'aatii beellamaa.
- Yeroo itti beellamarraa baatan.
- Nama isin gargaaru yoo barbaaddan.
- Fedhii addaa biroo (kan akka wiilcharaa, ykn bineelda gargaartuu).

Trillium Community Health Plan kan qabdan ta'uu fi beellamni keessan kan haguugamuu fii kaan ta'uu ni ilaalla. Waa'ee geejjiba keessanii odeeffannoo dabalataa sa'aatiiwwan 24 keessatti argattu. Odeeffannoo waa'ee geejjibaa karaa isin barbaaddaniin (bilbilaan, iimeelaan. Faaksiin) isiniif ergina.

## Bakka ka'uumsaa fi ga'uumsaa.

Maqaa kaampanii ykn konkolaachisaa fi lakkoofsa beellama keessan duratti ni argattu. Konkolaachisaan keessan imala keessan dura mirkaneeffachuudhaaf xiqqaatu guyyoota 2 dursee isin qunnama. Yeroo isin saganteeffattanitti dhufanii isin fuudhu. Maaloo yeroon argamaa. Ni barfattu taanan, yeroo sagantaa keessanii irratti dabalata daqiiwwan 15f isin eegu. Kana jechuun yoo sagantaan keessan sa'aatii 10 a.m. irratti ta'e, hanga 10:15 a.m. tti isin eeguu jechuudha.

Beellamni keessan jalqabamuu dursinee yoo xiqqaate daqiiqaawwan 15 keessatti isin buusna.

- **Beellama jalqabaa guyyaa:** Waajjirri banamuu yeroo daqiiqaawwan 15 hin caalle dursinee isin buufna.
- **Beellama xumuraa kan guyyaa:** Erga waajjirri cufamee yeroo daqiiqaawwan 15 hin caalle keessatti isin fudhanna yoo beellamni keessan erga waajjirri cufatee yeroo daqiiqaawwan 15 keessatti xumurama ta'a malee.
- **Yeroo dabalataatif gaafachuu:** Dursitanii fudhatamuu fi turtanii deebifamuudhaaf dirqama dursitanii gaafachuu qabdu. Bakka bu'aan keessan, maatiin ykn eegduun keessanis nu gaafachuu ni danda'a.
- **Yeroo itti fudhatamtan hin qabdan yoo ta'e, bilbilaa:** Yeroo deebisaa keessaniitif yeroon itti fudhatamtan sagantaa'an hin jiru yoo ta'e, yeroo qophooftanitti nuuf bilbila. Erga bilbiltanii yeroo sa'aatii 1 keessatti konkolaachisaan keessan ni dhufa.

MTM (Medical Transportation Management, Bulchiinsa Geejjiba Fayyyaa) sagantaa konkolaataa walooti. Karaa irratti keessummootni birootis fe'amuu ykn buufamuu ni danda'u. Beellamoota hedduu qabdu yoo ta'e, guyyaa wal fakkaataa irratti akka taasistaniif gaafatamuu maltu. Kuni geejjiba muraasa akka taasisnuuf nu gargaara.

Hiriyaan ykn miseensi maatii akka bakka beellamaa isin geessan gaafachuu ni dandeessu. Hanga maayilii adeemaniitiin isaanif deebifama (kaffalama).

## Akka konkolaachisaatti mirgootni fi dirqamootni isin qabdan:

Mirgi isin qabdan:

- Geejjiba fedhiiwwan keessan guutu amanamaa argachuu.
- Kabajaan keessummeeffamuu.
- Yeroo tajaajila maamilaa qunnamtan tajaajiloota hiikkaa gaafachuu.
- Waraqaalee fedhiiwwan keessan guutan afaanii fi bifa barbaaddaniin argachuu.
- Yoo geejjibni kan hin hayyamamne ta'e, beeksisa barreeffamaa argachu.
- Waa'ee muxannoo konkolaachisaa keessanii komii dhiyeeffachu.
- Ol iyyannoo gaafachuu, caqasa gaafachuu, ykn tajaajila geejjibaa haqaan ala dhabe jettanii yaaddu yoo ta'e lachuu gaafachuu.

Gaafatamummaawwan keessan:

- Konkolaachistootaa fi keessummoota kabajaan ilaaluu.
- Geejjibsa saganteessuuf, jijjiiruuf, ykn adda kutuuf hanga danda'ame dursitanii nuuf bilbiluu.
- Akkuma seeran gaafatametti, qabattoowwan nageenyaa fi meeshaalee biraa (fkn: teessoo konkolaataa) sirnaan fayyadamu.
- Dhaabbannaawwan dabalataa, kanneen akka mana qorachaatif dursaa gaafadhaa.

### Geejjiba keessan adda kutuu ykn jijjiiru.

Yeroo geejjiba keessan adda kutuu ykn jijjiiruu beektan, ka'iinsaa keessan sa'aatiiwwan 2 dura Call MTM (Medical Transportation Management, Bulchiinsa Geejjiba Fayyaa) tiif bilbila.

MTM (Medical Transportation Management, Bulchiinsa Geejjiba Fayyaa) dhaaf Wiixataa hanga Dilbataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m. bilbiluu ni dandeessa, sa'aatiiwwan hojiitti bilbiluu hin dandeessan taanan, ergaa kaa'aa. Gaaffiiwwan ykn jijjiiramoota geejjibaa qabdu taanan MTM (Medical Transportation Management, Bulchiinsa Geejjiba Fayyaa) dhaaf bilbilaa.

## Yoo isin hin argamne.

"Argamuu dhabuu" jechuun yoo isin yeroo ka'uumsaa keessan irratti hin argamin jechuudha. Konkolaachisaan keessan deemuu dura yeroo geejjiba keessaniif saganteeffame booda yoo xiqqaate daqiiqaawwan 15f isin eega. Yeroo hedduu hin argamtan yoo ta'e, geejjibawwan keessan kan gara fuulduraa daangeessuu dandeenya.

Daangeffama qabaachuu jechuun lakkoofsa geejjibaa isin taasistanii daangeessuu, konkolaachisaa tokkotti isin daangessuu, geejjiba kamiiyyuu dura akka bilbiltan gaafatamuu dha.

## Yoo geejjibni keessan didame.

Geejjibni keessan akka didame akka beektaniif isiniif bilbilama. Diddaan kamiiyyuu isiniif ergamuu dura miseensota hojjattootaa lamaan keessa deebi'amee ilaalama. Yoo geejjibni keessan didame, yeroo murtii sa'aatiiwwan 72 keessatti xalayaa diddaa isiniif ergina. Beeksisichi seera fi sababoota ittisaa ibsa.

Ittisa wajjiin walii hin galtan yoo ta’e, Trillium Community Health Plan waliin ol iyyannoo gaafachuu ni dandeessu. Ol iyyannoo gaafachuudhaaf, guyyaa beeksisa ittisaa irraa guyyoota 60 qabdu. Ol iyyannaa booda, diddaan ni mirkanaa’a yoo ta’e, caqasa isteetaatis gaafachuu ni dandeessu.

Yoo dhiyeessaan keessan kan nu waliin waliigaltee qabu ta’ee fi bakka keessan geejjiba kan gaafatu ta’e, isaanifis xalayaa ni erginaaf.

Yeroo kamittuu komii fi himannaa taasisuu ni dandeessu. Fakkeenyotni muraasni komii fi himannaa muraasni:

- Komeewwan waa’ee nageenyommaa konkolaataa
- Tajaajila qulqulluu
- Simannaa konkolaachistootaa fi dhiyeessitootaa (kan akka addaggummaa)
- Tajaajilli konkolaataa akka yaadametti hin kennamne.
- Mirgoota fayyadamtootaa

Waa’ee komiiwwanii, himannaawwanii, ol iyyannaawwanii fi caqasawwanii fuula 87 irratti caalmatti bari.

## Qajeelfama Konkolaachisa

Qajeelfama MTM (Medical Transportation Management, Bulchiinsa Konkolaachisaa Fayaya): www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/transportation.html irratti argadhu. Garagalcha waraqaa tolaatiif isin yknbakka bu’aan keessan Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472 tiin bilbiluu ni dandeessa. Guyyoota hojii 5 keessatti isiniif ergama. Garagalchi waraqaa afaanii fi akkaataa isin barbaaddaniin isiniif kennama.

Qajeelfamichi odeeffannoo hedduu qaba, kan akka:

- Wiilcharaa fi gargaarsa sochii.
- Nageenyummaa konkolaataa.
- Hojiiwwanii fi seerota konkolaachisaa.
- Haala rakkoo fi ariifachiisaa keessatti maal akka gootan.
- Beellamoota bakka dheeraa.
- Kaffaltii deebisaa nyaataa fi fe’iinsaa.

# Eeeggumsa karaa suursagalee ykn bilbilaa argachu.


Telehealth (kan telemedicine fi teledentistry jedhamuudhaanis beekkamu) karaa ittiin eeggumsa kilinikatti ykn waajjiratti deemuun ala argattaniidha. Telehealth jechuun karaa bilbilaa ykn suursagalee beellama ni argattu jechuudha. Trillium Community Health Plan daawwannaawwan telehealth tiif ni kaffala. Telehealth karaan ittiin dhiyeessaa keessan wajjiin wal isin qunnamsiisu:

- Bilbila (sagaleen)
- Bilbila ismaartii (sagalee/suursagaleedhan)
- Taableetii (sagalee/suursagaleedhan)
- Kumpiyuutara (sagalee/suursagaleedhan)

Kunneen hundi bilisa. Intarneeta ykn argannaa suursagalee hin qabdan taanan, maaltu akka isiniif ta'u dhiyeessaa keessan waliin haasa'aa.

## Dhiyeessaawwan telehealth akkamiin argachuun danda'ama.

Filannoowwan telehealth kan qaban dhiyeessitoota hundaa miti. Yeroo beellamoota keessan qabachuuf bilbiltan, waa'ee telehealth gaafachuu qabdu. Akkasumas Argannaa Dhiyeessaa keenya meeshaa barbaachaa www.TrilliumOHP.com irra ilaaluu dandeessu.
Sanduuqa dhiyeessaa telehealth fakkii gadii irratti mul'atu ilaalaa. Kuni guutuu miti, kanaaf telehealth kan kennan ta'uu dhiyeessaa keessanitti bilbilaa gaafadha.




Rakkoo sagalee ykn suursagalee daawwannaawwan keessan telehealth irratti qabaattu taanan, maaloo dhiyeessaa keessan wajjiin irratti hojjachuu mirkaneeffadha.

## Telehealth yoom fayyadamna.

Miseensonni Trillium Community Health Plan kan telehealth fayyadaman yeroo barbaadanitti tajaajiloota fayyaa qaamaa, ilkaanii fi amalaa argachuu ni danda'u.
Fakkeenyotni muraasni yeroo isin telehealth fayyadamuu itti dandeessanii:

- Yoo dhiyeessaan keessan ajaja keessan guutuu dura isin wajjiin wal qunnamuu kan barbaadu ta'e.
- Tajaajiloota gorsaa.
- Daawwannaawwan qaamaa irraa hordoffii taasisuu.
- Gaaffiiwwan fayyaa walfaannee yeroo qabaattanitti.
- Yoo kophatti of baastan ykn sababa dhukkubaatin hawaasarraa adda bahuu raawwachaa jiraattan.

- Yoo gara kilinikaa ykn waajjiraa deemuufii dhiisun akka isinirra jiraatu hin beeknee.

Telehealth rakkoowwan ariifachiisodhaaf hin eeramu. Lubbuun keessan haala yaachisaa keessa jira jettanii kan yaaddan yoo ta'e, 911 irratti bilbilaa ykn kutaa ariifachiisaa dhiyoo qunnama. Hospitaalota kutaawwan yeroo ariifachiisaa qabaniif fuula 63 ilaala.

Tajaajiloota ykn filannoowwan telehealth dhiyeessan keessan qabu hin beektan taanan, bilbilaa isaan gaafadha.

## Daawwannaawwan telehealth bilisa.

Tajaajilootni telehealth dhiyeessaa keessan kennu iccitaa'oodha. Dhiyeessaan kamiiyyuu daawwannaawwan telehealthtiif mala ofii isaanii qabu, karoo karaan isaanii hunduu seera hordofuu qaba.

Waa'ee iccitaa'ummaa fi Socho'ummaa fi Gaafatamummaa Inshuraansii Fayyaa (HIPAA) fuula 11 irratti ilaalaa.

Bilbila keessan kutaa addaa ykn beellama keessan dhiyeessaa wajjiinii bakka namni biraa itti dhagahuu hin dandeenyetti argachuu keessan mirkaneeffadha.

## Mirgi isin qabdan:

- Afaan barbaaddaniin tajaajiloota telehealth argachuu.
- Dhiyeessaa afaa fi afaan isin barbaaddan kabaju argachuu.
- Tajaajila hiikkaa afaanii ulaagaa guutanii fi ragaa qabanii argachuu Fuula 4] irratti caalmaan baraa.
- Qaaman dhaqaa, daawwannaa karaa telehealth qofa miti.
- Gargaarsa argadhaa akkasumas meeshaalee telehealth dhaaf barbaachisan argadha.

Waa'ee telehealth dhiyeessaa keessanitti hima. Akkasumas Tajaajila Maamilaa karaa 877-600-5472 (TTY 877-600-5473) tiin. Nuti Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. irraa hanga 5:00 p.m. banaadha.

# Ajaja dawaawwanii.

Yoo ajajni keessan akka isiniif guutamu barbaaddan, mana qorichaa Trillium Community Health Plan wajjiin waliigaltee qbau kamiiyyuu dhaqaa. Tarreen manneen qorcihaa nuti wajjiin hojjannuu qajeelcha dhiyeessaa keenya: www.trilliumohp.com/find-a-provider.html irratti ni argamu

Eenyummeessa Trillium Community Health Plan fi Eenyummeessa Fayyaa Oregon lamaanuu mana qorichaa geessa. Isaan malee ajaja keessan guuttachuu dhabuu maltu.

## Ajajawwan kamiitu haguuggama.

Tarreen ajajawwan dawootaa kan Trillium Community Health Plan tiin haguugamanii www.trilliumohp.com/content/dam/centene/trillium/medicaid/pdfs/Trillium_OHP%20Formulary_Medicaid.pdf irratti ni argama. Dawaan keessan tarree irra jiraachuu irraa shakkii qabdu taanan, akka isiniif ilaalluf nuuf bilbilaa.

Ajajaaf mirkaneessa duraa barbaaddu taanan, murtii sa'aatiiwwan 24 keessatti ni kennina. Murtii kennuudhaaf odeeffannoo dabalataa nu barbaachisa yoo ta'e, hanga sa'aatiiwwan 72 fudhachuu mala.

Dawaawwan dhiyyeessan keessan isiniif ajaje muraasne tarree keenya irra jiraachuu dhabuu malu. Akka waan addaatti akka isiniif haguugnuuf nu gaafachuu dandeessu. Wan addaa qabdu taanan, dhiyeessaa keessanitti hima. Haakimootni fi ogeessonni qorichaa keenya kan Trillium Community Health Plan waan addaa keessan ilaaludhaaf, ni gulaalu.

Gaafannaan keessan yoo didame, Trillium Community Health Plan irraa xalayaa argattu. Murtii keenya wajjiin walii hin galtan yoo ta'e, xalayaan mirga ol iyyannoo kan qabuu fi uunka ol iyyannaa kan qabuudha.

Gaaffiiwwan qabdu taanan, Tajaajila Maamilaa Mana Qoichaa Karoora Fayyaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 (TTY: 844-600-5473) tiin bilbila.

## Dawaawwan ofee (OTC).

Dawaawwan ofee (OTC) muraasni Trillium Community Health Plan tiin ni haguugamu. Dawaawwan ofee jechuun dawaawwan ajaja tokko malee kuusa ykn mana qorachaa kamiitiyyuu bitachuu dandeessan kan akka asprin jechuudha. Karoorri Fayyaa Hawaasaa Dawaawwan kanneenif akka kaffaluuf, dhiyeessaa keessan irraa ajaja isin barbaachisa. Ajaja keessan, Eenyummeessa Trillium Community Health Plan fi Eenyummeessa Fayyaa Oregon wajjiin mana qorichaa ajaja OTC keessan wajjiin geessa.

## Mana qoricha ajajaa

Dawaawwan muraasni teessoo mana keessaniitin isiniif ergamuu danda'u. Kuni mana qorichaa ajajaa jedhama. Ajaja dawaa keessanii mana qorchaa dhaqxanii fudhachuu hin dandeessanu taanan, kuni isiniif filannoo gaarii ta'uu mala. Miseensonni Trillium Community Health Plan aoricha ajajaatiif mana poostaa karaa 1-800-552-6694 tiin argachuu ni danda'u. Caalmatti baruu fi mana qorichaa wajjiin haala mijeessudhaaf, Tajaajila Maamilaa Karoora Fayyaa Trilliumtiif karaa 877-600-5472 (TTY: 877-600-5473) tiin bilbilaa.

## OHP’n dawaawwan fayyaa amlaatif ni kaffala.

Dawaawwaan hedduun kan rakkoowwan fayyaa amalaa yaaludhaaf tajaajilan, Trillium Community Health Plan tiin utuu hin taane, OHP dhaan kaffalamu. Manni qorichaa kaffalchiisa ajaja dawaa keessanii kallattiidhan OHPtti erga. Trillium Community Health Plan fi dhiyeessaan keessan dawaawwan fayyaa amlaa isin barbaaddan akka argattan isin gargaaru. Gaaffiiwwan qabdu taanan dhiyeessaa keessan qunnamaa. Tajaajila Maamila Trillium Community Health Plan tiifis karaa 877-600-5472 tiin bilbiluu ni dandeessu.

## Haguuggii ajaja dawaa miseensota Medicare qabaniif.

Trillium Community Health Planfi OHP dawaawwan Medicare Kutaa D jalatti haguugamaniif hin haguugan.

Medicare Kutaa D dhaaf ulaagaa kan guuttan garuu hirmaachuu hin barbaaddan taanan, dawaawwan kanneenif kaffaluutu isin irra jiraata. Kutaa D kan qabdan yoo ta’e, Mana qorichaatti eenyummeessa Medicare fi eenyummeessa Trillium Community Health Plan keessan agarsiisaa.

Dawaan keessan Medicare Kutaa D dhaan hin haguugamu taanan, dawaan OHP jalatti kan haguugamu ta’uu ilaaludhaaf manni qorichaa keessan Trillium Community Health Plan kaffalchiisuu danda’a. Trillium Community Health Plantajaajiloota haguugaman hundaaf ni kaffala.

Waa’ee faayidaawwan Medicare caalmatti baruudhaaf fuula 77 ilaala.

# Tajaajiloota nuti hin haguugne.

OHP ykn Trillium Community Health Plan tiin kan haguugaman eeggumsa fayyaa hundaamiti. Eeggumsa yeroo barbaaddanitti, waa'ee filannoowwanii dhiyeessaa jalqabaa dubbisaa. Tajaajila hin haguugamne argachuu barbaaddu yoo ta'e, kaffaltii kaffaluun isinirra jiraachuu mala. Yaalli ykn tajaajilli hin haguugamu yoo ta'e, waajjirri dhiyeessaa isinitti himuutu irra jiraata. Hangam akka isin kaffalchiisu isinitti himu.

Kan kaffaltan yoo tajaajila fudhachuu keessaniin dura nan kaffala jettanii uunkarratti mallatteessitan qofadha. Uunkichi maqaa fi ibsa tajaajilaa, tarree tilmaama gatiiwwanii, fi ibsa OHP'n gatii tajaajilichaan hin haguugnee qabaachuutu irra jiraata. Waa'ee kaffalchiisaa fuula 73 irratti caalmatti bari.

Waan haguugamu irratti mari'achuudhaaf yeroo hundaa dursaatoo Tajaajila Maamilaa Karoora Fayyaa Hawaasaa irratti bilbila. Kaffalchiisni isiniif kennama taanan, kallattiidhaan Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan qunnamaa.

Fakkeenyi tajaajiloota hin haguugamnee muraasni:

- Yaaliwwan muraasa, kanneen akka dawaawwan ofee, kan rakkoowwan isin mana keessanitti of yaaluu dandeessanii ykn ofii isaanii fooyya'anii (qufa, utaalloo salphaa, dhullaa, madaa, kkf)
- Yaala kosmootiksi ykn yaalawwan bareedanaaf qofaa
- Dawaawwan akka ulfooftaniif isin gargaaran:
- Dawaawwan yeroo hedduu hin milkoofne.
- Supha ilkaanii, daa'immaniif banaa afaanii cufuu irraa kan hafe.

Waa'ee tajaajiloota haguugamanii fi hin haguugamnee gaaffii qabdu taanan, maaloo Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan karaa 877-600-5472 (TTY 711) tin qunnama.

# Hospitaalota.

Eeggumsa hospitaalaa dhaabbataadhaf hospitaalota kanneen waliin hojjanna. Eeggumsa ariifachiisaa hospitaala kam irraayyuu argachuu ni dandeessu.

**Hillsboro**
**Tuality Community Hospital**
335 South East Eighth Avenue, Hillsboro, OR 97123
(503) 681-1111, Toll Free: none, TTY: none
https://tuality.org

**Portland**
**Oregon Health and Sciences University**
3181 SW Sam Jackson Park Road, Portland, OR 97239
(503) 494-8311, TTY/TDD: 503-494-0550
www.ohsu.edu

**Portland**
**OHSU Center for Health & Healing**
3303 S Bond Avenue, Portland, OR 97239
(503) 494-4779, Toll Free: none, TTY: none
www.ohsu.edu/visit/south-waterfront-campus

**Portland**
**Portland Adventist Medical Center**
10123 Southeast Market Street, Portland, OR 97216
(855) 691-9890, TTY: (503) 261-6610
www.adventisthealth.org/portland

**Portland**
**Cedar Hills Hospital**
10300 Southwest Eastridge Street, Portland, OR 97225
(503) 944-5000, Toll Free: 877-703-8880
https://cedarhillshospital.com

# Eeggumsa Ariifachiisaa.

Rakkoon ariifachiisaan kan kallattiidhaan yaalamuun isa barbaachisu, garuu kan kutaa hatattamaa keessatti yaalamuudhaaf hangas hin hatattamsiisne jechuudha. Rakkoowwan ariifachiisoon qaama, amala ykn ilkaan ta’uu malu.

**Tajaajiloota eeggumsaa ariifachiisoo kanneen guyyatti sa’aatiiwwan 24f, torbanitti guyyoota 7f, mirkaneessa dursaa malee argachuu dandeessu.**

Rakkoowwan fayyaa ariifachiisoo fi hattamaaf ergaan isin hin barbaachisu. Tarreewwan jiddugaloota eeggumsa hattattamaa fi kilinikoota qaaman dhaquutiif, gaditti ilaala.

## Eeggumsa qaamaa hattamaa.

Fakkeenyotni muraasni eeggumsa qaamaa hatattamaa:

- Murama dhiiga baayyee hin qabne kan garuu hodhaa barbaadu.
- Capha lafeewwan fi shokookama qubbeen harkaa fi miilaa.
- Miidhama qaamaa.

**Rakkoo ariifachiisaa qabdu taanan, dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa (PCP) keessan qunnama.**
Yeroo barbaaddan, guyyas ta'ee halkan, dhumtorbees ta'ee guyyoota ayyaanaa bilbiluu dandeessu. Waajjira PCPtti miseensa Trillium Community Health Plan ta'uu keessan hima. Daqiiqawwan 30 keessatti deebi'ee isiniif bilbilama. Gorsa ykn ergaa argachuu dandeesu. Waa'ee rakkoo hatattamaa keessaniitif, PCP keessan qunnamuu hin dandeessan ykn PCP'n keessan yeroon isin hin ilaalle taanan, jiddgala eeggumsa hatattamaa ykn kilinika qaaman dhaqan deemaa. Beellama isin hin barbaachisu. Tarree eeggumsa hattamaa fi kilinikoota qaaman dhaqanii gaditti ilaala.

Gargaarsa barbaaddu taanan, Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 (TTY: 877-600-5473) bilbilaa.

**Rakkoon keessan ariifachiisaa ta'uu isaa hin beektan taanan, cufaa yoo ta'es, waajjira dhiyeessaa keessanitti bilbilaa.**
Tajaajila deebisaa ni argattu. Ergaa dhiisaa fi miseensa Trillium Community Health Plan ta'uu keessan dubbadha. Haala bilbilaa keessan qorachuudhaaf, daqiiqaawwan 60 keessatti isiniif bilbilama. Gorsa ykn bakka biraatti akka bilbiltaniif ergaa ni argattu.

Akkasumas Sarara Gorsa Narsii Sa'aatii 24 gargaarsa 844-647-9667 tiin argachuu ni dandeessu.

Gorsawwan ariifachiisoo hin taanee fi beellamootaaf, maaloo sa'aatiiwwan hojiitti bilbilaa.

## Jiddugaleessota eeggumsa ariifachiisaa fi qaaman dhaquu kan naannoo Trillium Community Health Plan keessatti argaman:

**Forest Grove**
**OHSU Tuality Healthcare Urgent Care Forest Grove**
1809 Maple St. Forest Grove, OR 97116
(503) 369-6180, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Gresham**
**Adventist Health Urgent Care Gresham Station**
831 NW Council Dr. Gresham, OR 97030
(503) 665-8176, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Hillsboro**
**Rose City Urgent Care and Family Practice**
6110 B N Lombard Hillsboro, OR 97123
(503) 894-9005, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Hillsboro**
**Rose City Urgent Care and Family Practice**
9975 SW Frewing St. Hillsboro, OR 97123
(503) 894-9005, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Hillsboro**
**Tuality Urgent Care**
7545 SE Tualatin Valley Hwy Hillsboro, OR 97123]
(503) 681-4223, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Lake Oswego**
**AFC Urgent Care**
17437 Boones Ferry Rd. Lake Oswego, OR 97305
(503) 305-6262, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Molalla**
**Molalla Urgent Care**
861 W. Main St., Molalla, OR 97038
(503) 829-7344, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**Adventist Health Urgent Care Parkrose**
1350 NE 122nd Ave. Portland, OR 97230
(503) 408-7008, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**Adventist Health Urgent Care Rockwood**
18750 SE Stark St. Portland, OR 97233
(503) 408-7008 Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**AFC Urgent Care NE Portland**
7033 NE Sandy Blvd. Portland, OR 97213
(503) 305-6262, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**Pacific Crest Children's Urgent Care**
6924 NE Sandy Blvd. Portland, OR 97213
(503) 963-7963, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**Portland Urgent**
4160 NE Sandy Blvd. Portland, OR 97212
(503) 249-9000, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Portland**
**Rose City Urgent Care and Family Practice Gateway**
135 NE 102nd Ave. Hillsboro, OR 97123
(503) 894-9005, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

**Sandy**
**Adventist Health Urgent Care Sandy**
17055 Ruben Ln. Sandy, OR 97055
(503) 668-8002, Kaffaltirraa bilisa: hin jiru TTY: hin jiru

## Eeggumsa ilkaanii hatattamaa.

Fakkeenyotni muraasni eeggumsa ilkaanii hatattamaa:

- Dhukkubbii ilkaanii.
- Ilkaan caphe ykn shorofame.
- Kan buqqa’e ykn guutuu.

**Rakkoo ilkaanii hatattamaa qabdu taanan, ogeessa ilkaanii jalqabaa (PCD) keessaniif bilbilaa.**
PCD keessan qunnamuu hin dandeessan ykn hin qabdan taanan, Tajaajila Maamilaa Ilkaanii karaa

Advantage Dental Services
Tajaajila Maamilaa kaffaltirraa bilisaa 1-866-268-9631 TTY: 711

Capitol Dental Care
Tajaajila Maamilaa 1-503-585-5205 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-525-6800
TTY: 1-800-735-2900

Oregon Dental Service
Tajaajila Maamilaa 1-503-243-2987 ykn kaffaltirraa bilisaa 1-800-342-0526
TTY: 1-503-243-3958 yookan 1-800-466-6313

Haala keessan irratti hundaa’un, eeggumsa ilkaanii ariifachiisaa akka argattaniif isin gargaaru. Rakkoo fayyaa ilkaanii ariifachiisadhaaf, beellama torbanoota 2 keessatti, yoo ulfa taatan immoo torban 1 keessatti argachuu qabdu.

# Eeggumsa Ariifachiisa

**Rakkoo keessa jira jettanii yaaddu taanan, ambulaansii barbaaddu taanan 911 irratti bilbilaa ykn kutaa ariifachiisaatti deema.** Rakkoon ariifachiisaan xiyyeeffannoo hatattamaa barbaada fi lubbuu keessan rakkorra buusa. Miidhama tasaa ykn dhukkubbii tasaa ta'uu mala. Wanti ariifachiisan qaama keessan irrattis miidhaa geessuu mala. Ulfa taatu taanan, rakkoon ariifachiisaan daa'ima keessan irrattis rakkoo fiduu mala.

**Dursa hayyamsiisuun alatti tajaajiloota ariifachiisaa fi hatattamaa guyyatti sa'aatiiwwan 24, torbanitti guyyaa 7 argadha. Ergaan isin hin barbaachisu.**

## Rakkoowwan fayyaa qaamaa

Rakkoo fayyaa qaamaa hatattamaa jechuun, yoo eeggumsa hatattamaa barbaaddan ykn lubbuun keessan miidhama irra jiraate jechuudha.

Rakkoowwan fayyaa hatattamaa kan jedhaman:

- Lafeen caphuu.
- Dhiiguu hin dhaabbanne.
- Rakkoo onnee.
- Of wallaaluu.
- Martoo.
- Dhukkubbii cimaa.
- Hargansuu dadhabuu.
- Alarjikiiwwan.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee eeggumsa hatattamaa:

- Erga eeggumsa hatattamaa fudhattanii guyyoota 3 keessatti, PCP keessan ykn Trillium Community Health Plan qunnamaa.
- Yunaaytid Isteet keessatti, hospitaala kamiiyyu ykn bakka kamiiyyuu qunnamuu ni dandeessan.
- Rakkoon hatattamaa Yunaaytid Isteet keessatti ni haguugama. Meksikoo ykn Canada keessatti hin haguugamu.
- Eeggumsi hatattamaa tajaajiloota tasgabbiin boodaa (eeggumsa boodaa) kenna. Tajaajilootni eeggumsa boodaa tajaajiloota rakkoo hatattamaa wajjiin wal qabatan jechuudha. Tajaajilootni kunneen erga tasgabbooftanii booda isiniif kennamu. Haala tasgabbaa'aa keessan tursiisuf isin gargaaru. Haala keessan fooyyessuuf ykn suphuuf isin gargaaru.

Hospitaalota kutaa ariifachiisaa qaban fuula 63 irratti ilaalaa.

# Rakkoon ilkaanii hatattamaa

Rakkoon ilkaanii hatattamaa yoo guyyaadhuma sanatti eeggumsa ilkaanii barbaaddan jechuudha. Eeggumsi kuni guyyatti sa'aatiiwwan 24f, torbanitti guyyoota 7f ni argama. Rakkoon fayyaa ariifachiisaan yaala hatattamaa barbaachuu mala. Fakkeenyotni muraasni:

- Ilkaan buqqa'e.
- Yoo itti cimaa fi kulkula afaan keessaa qabaattan.
- Yooo dhukkubbii ilkaanii cimaa qabaattan. Kana jechuun dhukkubbii hirriba isin dhoowwu kan dawaa ofiin fudhatamu kan akka asprin fi Tylenol yoo fudhattanis isin hin dhiisne jechuudha.

Rakkoo fayyaa ilkaanii hatattamaatif, ogeessa ilkaanii eeggumsa jalqabaa (PCD) keessaniif bilbilaa. Sa'aatiiwwan 24 keessatti ni qunnamamtu. Waajjirootni muraasni bakka yeroo rakkoo qaaman dhaqan qabu. Yoo PCP keessan qunnamuu hin dandeenyee fi hin qabaannee, karaa 877-600-5472 tiin Tajaajila Maamilaatif bilbilaa. Eeggumsa ilkaanii hatattamaa irratti isin gargaaru.

Filannoowwan kun hunduu isiniif hin ta'an taanan, 911 irratti bilbilaa ykn Kutaa Ariifachiisaa qunnamaa. **Ambulaansii barbaaddu taanan, maaloo 911 tti bilbilaa.** Hospitaalota kutaa ariifachiisaa qaban fuula 63 irratti ilaalaa.

## Rakkoowwan fayyaa amalaa ariifachiisoo

**Rakkoowwan fayyaa amalaa ariifachiisoo** jechuun, yoo nagaa ta’uudhaaf gargaarsa kallattiidhaan barbaaddan jechuudha. Yoo isin ykn namni ta’e rakkoo keessa jiraate jechuudha. Fakkeenyi isaa too’annoo ala ta’uudha. Yoo nageenyummaan keessan rakkoo keessa jiraate ykn ofii keessan ykn nama miidhudhaaf yaaddan jechuudha.

**Rakkoo keessa jirtu taanan, 911 tti bilbilaa ykn gara kutaa ariifachiisaa deemaa.**

- Fayyaa sammuu tajaajiloota hatattamaa do not need a referral or preapproval. Trillium Community Health Plan miseensota haala rakkoo fi rakkoo booda gargaarsa ni kenna.
- Dhiyeessaan fayyaa sammuu tajaajiloota fayyaa sammu kee fooyyeessanii fi tasgabbeessan irratti gargaarsa ni kenna. Rakkoowwan booda isin gargaaruu fi deeggaruudhaaf ni yaalla.

## Lakkoofsota naannoo fi rakkoowwan sa’aatii-24, jiddugaloota qaamaan dhufuu fi kan tasa seenuu

## Bilbiluu ni dandeessu, sararri 988. 988 kan irratti barreessan karaa ittiin gargaarsa nama of ajjeechaa yaadaa qabuu gargaarsi ogeessota leenjii rakkoo irratti fudhataniin sa’aatiiwwan guyyatti 24, torbanitti guyyoota 7 itti argattaniidha.

**<u>Qunnamtiiwwan yeroo rakkoo:</u>**

David Romprey Oregon Warmline
800-698-2392

Sarara Ijoollee
800-852-8336

Sarara Ga’eessotaa
800-282-7035

**<u>Kaawuntii Clackamas:</u>**

Sarara Rakkoo fi Bakka Fayyaa Sammuutiif Qaaman Dhaqan
11211 SE 82nd Ave, Suite O
Happy Valley, Oregon 97086
503-655-8585

Tajaajila Eeggumsa Ga’eessotaa Clackamas
971-673-6655

**Kaawuntii Multnomah**
Sarara Rakkoo fi Bakka Fayyaa Sammuutiif Qaaman Dhaqan
4212 SE Division St. Suite 100
Portland Oregon, 97206
800-716-9769
Ittisa Balaa Guddifachaa fi Qindeessaa Eeggumsaa
503-575-3767Tajaajiloota Eeggumsa Ga'eessotaa Multnomah
503-988-4450

**Kaawuntii Washington**
Sarara Yeoo Rakkoo
503-291-9111

Tajaajiloota Eeggumsa Ga'eessotaa Washington
971-673-5200

**Bakka Fayyaa Hawaasaa Fayyaa Sammuu**
Kaawuntii NAMI-Clackamas *Ispaanishiin ni jira
503-344-5050

Kaawuntii NAMI-Multnomah
503-228-5692

Kaawuntii NAMI-Washington
503-356-6835

**Rakkoo fayyaa amaalaa** jechuun yoo gargaarsa hatattamaan barbaaddedha. Yoo hin yaalamne ta'e, rakkinichi ariifachiisaa ta'uu danda'a. Maaloo sararoota bilbilaa yeroo rakkoo kan naannoo sa'aatii 24 keessaa tokkotti bilbilaa ykn kanneen armaan gadii keessaa tokko ykn rakkoo ta'uu isaa hin beektan yoo ta'e, 988 irratti bilbila. Haala ariifachiisaa hambisuu fi ittisuu irratti isin gargaaruu barbaanna.

**Fakkeenyota isin ykn miseensi maatii keessan rakkoo fayyaa amalaa ariifachiisaa ykn rakkoo qabaachuu mul'isan keessaa:**

- Of ajjeessuuf yaaduu.
- Sagalee waamichaa ofii keessan ykn nama biroo akka miitaniif isin kakaasu dhagahuu.
- Namoota biroo, bineeldota ykn qabeenya miidhuu.
- Mana barnootaatti, bakka hojiitti, maatii ykn hiriyoota keessatti haala baayyee rakkisaa ykn baayyee nama jeequ.

Hawaasa keessatti tasgabbeessudhaaf wantoota Trillium Community Health Plan hpjjatu keessaa:

- Lakkoofsa bilbilaa miseensi yoo rakkoo qabaate itti bilbilu.
- Garee gargaarsa rakkoo sochootuu kan yoo miseensi gargaarsa barbaade itti dhuftu.
- Jiddugaloota qaamaan yeroo rakkoo dhaqan (gaditti ilaalaa)
- Deebisaa rakkoo (eeggumsa yeroo gabaabaa)
- Tasgabbiidhaaf bakka yeroo muraasaaf itti turan.
- Tajaajiloota tasgabbii boodaa fi tajaajiloota eeggumsaa hatattamaa. Eeggumsi kuni guyyatti sa'aatiiwwan 24f, torbanitti guyyoota 7f ni argama. Tajaajilootni tasgabbii boodaa tajaajiloota haguugaman, kan rakkoo fayyaa qaamaa ykn fayyaa sammuu wajjiin wal

qabatan, kan rakkoo sana tasgabbeessuudhaaf ykn furuudhaaf erga wanti hatattamaan tasgabbaa'ee booda kennamanidha.
- Maamiloota yaala cimaa mana keessatti yaala fayyaa amalaa guyyatti sa'aatiiwwan 24f fudhatan.

Waa'ee tajaajiloota fayyaa amalaa kennamanii fuula 30 irratti caalmatti ilaalaa.

## Ittisa of ajjeechaa

Yoo rakkoo sammuu qabaattanii kan hin yaalamne ta'e, of ajjeesuu dandeessu. Yaala gaaridhaan, jireenyi keessan ni fooyya'a.

### Mallattoolee baratamoo akeekkachiisa of ajjeecha

Isin ykn namni isin beektan wa'ii waa'ee of ajjeesuu yaaduu isaa yoo agartan, gargaarsa argadhaa. Namoota waa'ee of ajjeesuu yaadan keessaa 80% gargaarsa barbaadu. Mallattoolee akeekkachiisaa sirritti hordofuu qabdu.

Mallattooleen akeekkachiisa of ajjeechaa muraasni:

- Waa'ee du'uu barbaaduu yaaduu ykn of ajjeesuu dubbachuu.
- Akkaataa itti of ajjeesan karoorsuu, kan akka qawwee bitachu.
- Abdii kutuu ykn sababa jireenyaa wallaaluu.
- Miirri sakaalamuu ykn dhukkubbii furmaata malee isinitti dhagahamuu
- Waa'ee namoota biroo irratti ba'aa ta'uu dubbachuu.
- Kabaja dabarsanii kennuu.
- Waa'ee du'aa deddeebisanii yaaduu ykn dubbachuu.
- Alkoolii ykn dawaa baayyee fayyadamuu.
- Mammaraachuu fakkaachuu.
- Amala addaa rakkisaa mul'isuu.
- Kophummaa ta'uu ykn isinitti dhagahamuu.
- Miirrii garmalee jijjiiramuu.

**Yaadotaa fi haasaa of ajjeechaa tasuma iccitiitti hin qabatina!**

**Akkasumas gargaarsa kan argattan karaa:**

- 988 irratti bilbiluu – lakkoofsa bilbilaa dijitii sadii kan biyyaalessaa kan kallattiidhaan Ofajjeechaa 988 ykn Sarara Yeroo rakkoo irratti bilbiluu. 988 titti bilbiluun ykn barreessuun, ogeessota fayyaa sammuu isin gargaaran wajjiin wal qunnamtu.
- Lakkoofsa rakkoo fayyaa sammuu ganda keessanii barbaaduu. Qorannoowwantaasisuu fi tajaajiloota isin barbaaddan qindeessuu irratti isin gargaaru. Sararoota gargaarsaa dabalataatif fuula 69 irra ilaalaa ykn gara www.TrilliumOHP.com deemaa.

## Hordoffii rakkoo ariifachiisaa boodaa

Rakkoo ariifachiisaa booda, eeggumsi hordoffii isin barbaachisuu mala. Kuni waan erga kutaa ariifachiisaadhaa baatanii isin barbaachisu kamiiyyuu ta’uu mala. Eeggumsi hordoffii ariifachiisaadhaa miti. Yoo isin isteetaan ala kan taatatn ta’e, OHP’n eeggumsa hordoffii hin haguugu. Eeggumsa hordoffii qindeeffachuudhaaf dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa ykn ogeessa ilkaanii keessan bira bilbilaa.

- Eeggumsa hordoffii dhiyeessaa keessan idilee ykn ogeessa ilkaanii keessan idilee irraa argachuu qabdu. Eeggumsa hordoffii akka isiniif qindeessuf haakimni haala ariifachiisaa akka dhiyeessaa keessanitti bilbilu gaafachuu dandeessi.

- Erga eeggumsa hatattamaa ykn ariifachiisaa fudhattanii booda hanga danda’ameen daddaffiidhaan dhiyeessaa ykn ogeessa ilkaanii keessan qunnama. Eessatti akka yaalamtanii fi maalif akka ta’e dhiyeessaa yknn ogeessa ilkaanii keessanitti hima.

- Dhiyeessaan ykn ogeessi ilkaanii keessan eeggumsa hordoffii keessan ni too’ata fi beellama barbaaddu taanan isiniif qaba.

# Tajaajila manaa alaa

## Tajaajila sagantaa’aa eeggumsaa isteetaa alaa

Trillium Community Health Plan dhiyeessaa isteetaa alaa isinif sirreessa di kaffaltii tajaajilaa ni haguuga, yoo:

- Tajaajiloota Oregon keessatti hin argamne barbaaddan.
- Ykn yoo gatiin tajaajilaa maadaalawaa ta’e.

## Rakkoo hatattamaa manaan alaa

Mana keessaniin alatti ykn bakka Trillium Community Health Plan taajila itti kennuun alatti tajaajila ariitii barbaaduu maltu. **911 tti bilbilaa ykn kutaa ariifachiisaa kamiiyyuu dhaqa** Tajaajiloota ariitiitif mirkaneessa duraa isin hin barbaachisu. Tajaajilootni fayyaa ariifachiisaan Yunaaytid Isteet keessatti ni haguugamu, kuni immoo rakkoowwan fayyaa amalaa fi ariifachiisaa ilkaanii dabalata. Tajaajiloota Yunaaytid Isteet alaa hin haguugnu, Canada fi Meksikos dabalatee.

Tajaajila eeggumsa hatattamaaf hin kaffalinaa. **Kutaa rakkoo hatattamaaf ni kaffaltu yoo ta’e, Trillium Community Health Plan isiniif deebisuuf ittin gaafatamu.** Yoo kaffalchiifamtan maal akka gootaniif, fuula 73 ilaala.

### Manaan alatti tajaajila ariifachiisaa barbaaddu taanan, maaloo tarkaanfiiwwan armaan gadii hordofa

1. Isteetaan ala imaltu taanan, Kaardii Eenyummeessa Fayyaa Oregon fi Eenyummeessa Trillium Community Health Plan qabadhaa deema.

2. Eenyummeessa Trillium Community Health Plan keessan itti agarsiisaa akka Trillium Community Health Plan kaffalchiisan gaafadha.

3. Hanga isaan Trillium Community Health Plan akka kaffalchiisan beektanitti, waraqaa kamiiyyuu hin mallatteessina.

4. Yoo isaan inshuraansii keessan mirkaneessuu ykn gaaffii biroo kan qabaatan ta'e, Kutaa Ariifachiisaa ykn waajjira kaffalchiisaa dhiyeessaa akka Trillium Community Health Plan qunnaman gaafadhaa.

5. Mana keessaniin alatti tajaajila ariifachiisaa hin taane barbaaddu taanan, PCP keessan qunnama.

Haala hatattamaa keessatti tarkaanfiiwwan armaan olii kunniin mijachuu dhabu. Qophaa'uu fi tarkaanfiiwwan barbaadamoo yeroo rakkoo isiteetaan alaatif taasisuun, rakkoo kaffalchiisaa ni hambisa. Tarkaanfiiwwan kunniin tajaajiloota Trillium Community Health Plankaffaluuf akka hin kaffalchiifamneef gargaara. Dhiyeessaan kaffalchiisa nuuf hin ergu taanan, Trillium Community Health Plantajaajilaaf hin kaffallu.

# Kaffalchiisa tajaajilaa

## Miseensonni OHP tajaajiloota haguugamaniif hin kaffalchiifaman.

Dhiyeessaa wajjiin daawwannaa jalqabaa hogguu taasistan, waajjiricha akka Trillium Community Health Plan wajjiin jirtan itti himaa. Inshuraansii birootis ni qabdu yoo ra'e, itti himaa. Kuni dhiyeessaan akkamiin kaffalchiisa akka rawwatu baruuf gargaara. Daawwannaawwan fayyaa kamiifiyyuu, kaardii eenyummeessaa keessan qabadhaa.

Trillium Community Health Plan wajiin waliigaltee kan qaban ykn namni isaan wajjin hojjatu miseensa kaffalchiisuu, kaffalchiisaa miseensaa ejansii sassaabbiitti erguu ykn himata seeraa mallaqa silaa Karoora Fayyaa Hawaasaa Trilllium kaffaluun isarra jiraatu akka kaffaluuf isa dirqamsiisuu hin danda'u.

### Miseensonni beellamota darbanii fi dogongorootaaf akka kaffalan hin taasifamanu.

- Beellamootni darban tajaajila OHP (Medicaid) miti akkasumas miseensa ykn OHP hin kaffalchiifaman.
- Dhiyeessaan keessan waraqaa isa sirrii hin ergu yoo ta'e, ykn yoo mirkaneessa hin arganne, kanaaf kaffalchiisni isinitti hin kennamu. Kuni dogongora dhiyeessaa jedhama

## Miseensonni kaffalchiisa madaallii ykn tasaa hin kaffalan.

Dhiyeessan hamma kaffalchiisa irra hafe kaffalchiisa taanankuni immoo kaffalchiisa madaalchisaa jedhama. Akkasumas kaffalchiisa tasaa jedhama. Hangi isaa hamma garaagrummaa gatii isa sirrii fi gatii Trillium Community Health Plan kaffaluuti. Kuni yeroo hedduu yoo dhiyeessaa waliigaltee hin qabne ilaaltan mudata. Gatiiwwan kanneenif maamilootni ittin gaafataaman.

Gaaffii qabdu taanan, Tajaajila Maamilaatti bilbilaa 877-600-5472. Odeeffannoo kaffalchiisa tasaatif https://dfr.oregon.gov/Documents/Surprise-billing-consumers.pdf adeemaa.

## Dhiyeessaan keessan kaffalchiisa isinitti erga taanan hin kaffalinaa.

Gargaarsaaf kallattiidhaan Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan karaa 877-600-5472, (TTY 711) qunnamaa.

Akkasumas waajjira kaffaltii dhiyeessaatti bilbiluun akka isaan OHP qabaachuu keessan beekan ibsaaf.

# Tajaajilootni isin kaffaluufii maltan jiraachuu malu.

Baratamaatti, Trillium Community Health Plan wajjiin, waraqaan fayyaa isin kaffaltan hin jiraatu. Yeroo takka takka garuu kaffalchiifamuu maltu.

### Dhiyeessaaf kan kaffaltan yoo:

- **Eeggumsa idilee Oregon tiin alatti kan fudhattan ta'e** Tajaajiloota hatattamaa ykn ariifachiisoo hin taane, Oregontiin alatti kan fudhattan yoo ta'e.
- **Dhiyeessaatti akka OHP qabdan kan himin yoo ta'e.** Dhiyeessaatti akka Trillium Community Health Plan, inshuraansii biraa kan qabdan ta'uu yoo hin himin ykn yoo maqaa eenyummeessa Trillium Community Health Plan irra jiru hin taane yoo himtan ta'e, kanaafuu dhiyeessaan Trillium Community Health Plan kaffalchiisuu hin danda'uu jechuudha. Dhiyeessitootni yeroo tajaajilaatti, kaffalchiisuu ykn sassaabbiiwwan taasisuu dura, Trillium Community Health Plan tti ulaagaa kan guuttan ta'uu mirkaneeffachuu qabu. Isinkaffalchiisuu dura, odeeffannoo haguuggaa argachuu qabu.
- **Tajaajila ittifame fudhachuu itti fuftu.** Isin ykn bakka bu'aan keessan yeroo ol iyyannaatti fi adeemsa caqasaatti, itti fufiinsa faaydaawwanii kan gaafattanii fi murtiin xumuraa kan gara keessan hin gorredha. Gatii dabalataa tajaajila ittifamee argamu yookan kanneen guyyaa beeksisni kenname irraa jalqabamee ykn kan ibsa ol iyyannaa jalqabamee irraa kaasee kaffaluu qabdu.
- **Yoo tajaajiloota rakkoo isinirra gahee irraa mallaqa argattan.** Yoo kaffalaan qaama sadaffaa, kan akka inshuraansii konkolaataa, tajaajiloota isin dhiyeessaa irraa argattaniif cheekii isiniif erga yoo ta'e fi isin cheekii kana akka dhiyeessaf kaffalamu yoo hin taasisne.

- **Dhiyeessaa sana waliin hin hojjannu yoo ta'e.** Yoo dhiyeessaa Trillium Community Health Plan wajjiin waliigaltee hin qabne ilaaluu filattan, tajaajiloota keessaniif kaffaluu qabdu. Dhiyeessaa Trillium Community Health Plan wajjiin waliigaltee hin qabne ilaaluu barbaaddu taanan mirkaneessi dursaa barbaadamuu waan maluuf ykn dhiyeessan waliigaltee qabu kan fedhii keessan guutu jiraachuu waan maluuf, dursitani Tajaajila Maamilaatif bilbiluu qabdu ykn PCP wajjiin hojjachuu qabdu.
- **Tajaajiloota hin haguugamne argachuudhaaf gaafachuu ni dandeessu.** Tajaajiloota dhiyeessaan keessan akka Trillium Community Health Plan tiin hin haguugamne isinitti yeroo filattanitti, kaffaluu qabdu. Haala kana keessatti:
    - Tajaajilli kan karoorri keessan hin haguugneedha.
    - Tajaajila fudhachuu keessanii dura, uunka sirri Kaffaluudhaaf Waliigaluu mallatteessuu qabdu. Waa'ee uunkaa caalmaatti gaditti baradhu.

# Uunka Kaffaluudhaaf walii nan galaa akka mallatteesitaniif gaafatamuu maltu.

Uunki kaffaluudhaaf walii nan galaa yoo tajaajila Trillium Community Health Plan tiin ykn OHP dhaan hin haguugamne barbaaddan mallatteeffama. Uunki kuni dhiisicha jedhama. Garagalcha uunkaa asirratti ni argattu https://bit.ly/OHPwaiver.

**Uunki Kaffaluudhaf Walii nan galaa sirrii ta'uudhaaf kanneen armaan gadii dhugaa ta'uu qabu:**

- Uunki tilmaama gatii tajaajilaa qabaachuu qaba. Kuni immoo dirqama kan kaffalchiisa irra jiruun wal simuu qaba.
- Tajaajilichi guyyaa isin uunkicha mallatteessitan irraa guyyoota 30 keessatti saganteeffamuu qaba.
- Uunkaan OHP'n tajaajilaaf hin kaffaaluu jechuu qaba.
- Uunkaan isin kaffaltii ofii keessaniif kaffaluudhaaf waliigaluu hima.
- Tajaajila haguugamaniif ofii keessanii akka kaffaltan gaafattan. Kana gochuuf filattan taanan, dhiyeessan keessan kanneen armaan gadii dursee isinitti himnaan dhiyeessan keessan isin kaffalchiisuu mala:
    - Tajaajilli kan haguugamuu fi Trillium Community Health Plan tajaajiloota haguugamaniif guutummatti ni kaffala.
    - Gatii tilmaamaa, kaffaltchiisa walqabatu, hamma Trillium Community Health Plan tajaajila kanaaf kaffalu. Dhiyeessan hamma Karoorri Fayyaa Hawaasaa Trillim kaffalu caalaa isin hin kaffalchiisu; fi
    - Kana beektanii fedhii keessaniin tajaajiloota haguugamaniif yoo kan kaffaltan ta'e.
- Dhiyeessan barreeffamaan odeeffannoowwan armaan olii kan isiniif kennan ta'uu kan isin ykn bakka bu'aan keessan mallatteessitan, fi
    - Gaafiwwan akka gaafattaniif, odeeffannoo dabalataa akka argattaniif, hojjataa dhimmaa fi bakka bu'aa keessan wajjiin akka mari'attan carraan yoo isiniif kenname.

- Isin dhuunfaatti kaffaluuf yoo waliigaltan. Isinii fi bakka bu'aan keessan waliigaltee odeeffannoo kaffaltii ofirraa qabu yoo mallatteessitan.
- Dhiyeessan garagalcha waliigaltee mallatteefffamee isiniif kennuu qaba. Tajaajiloota haguuggaman kan waliigaltee irratti tarreeffamaniif dhiyeessan komii Trillium Community Health Plan yoo hin galchinee.

## Kaffalchiisa eeggumsa hatattamaa manaa alaa ykn isteetan alaa

Dhiyeessitootni rakkoowwan hatattamaa waliigaltee hin qabne muraasne waa'ee seerota OHP (Medicaid) hin beekan waan ta'eef, isin kaffalchiisuu malu. Kaffalchiisa argattu yoo ta'e, Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan qunnamaa. Dogongoraan kaffalchiifamtan yoo ta'e, waraqaalee isin barbaachisan qabaachuu malla.

**Dhiyeessitoota isteetaa alaatin kaffalchiifamtu yoo ta'e, kallattiidhaan nu qunnammaa.** Dhiyeessitootni hedduun waraqaawwan kaffaltii hin kaffalamin akka sassabaniif ejensiiwwan sassaabbiitti dabarsuu ykn mana murtiitti himachuu malu. Kuni takkaa ta'e taana rakkoowwan kana fyruun ulfaataadha. Akkuma kaffalchiisni isin gaheen:

- Kaffalchiisa fayyaa hin didinaa.
- Hnaga danda'ame saffisaan Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan karaa 877-600-5472 (TTY: 877-600-5473) tiin bilbilaaf.
  Sa'aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8:00 a.m. hanga 5:00 p.m.
- Xalayaa mana murtii yoo argattan, kallattiidhaan nuuf bilbili. Gorsa seeraa fi gargaarsaaf abbaa alangaa Bilbila Tolaa Faayidaawwan Hawaasaa karaa 800-520-5292 tiin qunnamuu ni dandeessu. Yeroo OHPtti dogongoraan akka kaffaltu taasifamteerta taanan seerri si gargaaru ni jira.
- Komiin keessan karaa Karoora Fayyaa Hawaasaatiin fudhatama waan dhabeef akka kaffalchiifamtan gaafatamtan yoo ta'e, Tajaajila Maamilaa qunnamaa. Waa'ee ittisawwanii, mirgoota keessanii, fi yoo nu waliin walii hin galle maal gochuu akka qabdanii caalmatti baruuf, fuula 87 ilaala.

# Waa'ee tajaajilootaaf kaffaluu fi kaffalchiifamuu qabxiilee barbaachiso.

- Dhiyeessaadhaf kaffaltii taasisuu keessaniin dura, Tajaajila Maamilaa akka qunnamtan cimsinee isin beeksisna.

- Yoo dhiyeessan ofii keessanii akka kaffaltan isin gaafate, hin kaffalinaa! Hojjataan waajjiraa akka Trillium Community Health Plan bilbiluuf gaafadhaa.

- Trillium Community Health Plan akkaataa Tajaajilooa Fayyaa Duraaduuban Tarraa'anitti, tajaajiloota haguugamaniif ni kaffala, fuula 24 ilaalaa.

- Tarree faayodaawwanii fi tajaajiloota faayidaawwan OHP jalatti Trillium Community Health Plan tiin haguuggamaniif, akkasumas kan hoggansa dhimmaa fi qindeessa eeggumsaatif, fuula 42 ilaalaa. Waa’ee waan haguugamuu irratti gaaffii qabdu taanan, PCP qunnamuu ykn tajaajila maamilaa Trillium Community Health Plan tiif bilbiluu ni dandeessu.

- Trillium Community Health Plan wajiin waliigaltee kan qaban ykn namni isaan wajjin hojjatu miseensa kaffalchiisuu, kaffalchiisaa miseensaa ejansii sassaabbiitti erguu ykn himata seeraa mallaqa silaa Karoora Fayyaa Hawaasaa Trilllium kaffaluun isarra jiraatu akka kaffaluuf isa dirqamsiisuu hin danda’u.

- Miseensotni beellamoota haguugamaniif hin kaffalchiifaman Fuula 54 ilaalaa. Miseensotni beellamoota haguuggaa qabanitti ofii geejjibuu isaanitiif kaffaltii argachuu ykn daawwannaawwan haguuggamaniif argannaa baasii fudhachuu ni malu.

- Akka hin kaffalchiifamne eeggumsi kan taasifamu yoo dhiyeessaan fayyaa keessanii kan beeku ta’e ykn akka OHP qabdan kan beekan ta’eedha. Akkasumas dhiyeessitoota OHP wajjiin hojjatan qofa irratti (garuu dhiyeessitootni hedduun ni godhu)

- Yeroo takka takka dhiyeessan keessan waraqaa sirnaan guutuu dhabuu mala. Yoo kuni uumame, kaffaltii hin argatani. Kana jechuun isintu kaffala jechuu miti. Ati tajaajila kan fudhattee fi nuti dhiyeessaadhaf kaffaltii kan hin taasisin yoo ta'e, dhiyeessan akka ati kaffaltu si taasisa jechuudha miti.

- Tarii nurraa ibsa nuti tajaajilichaaaf hin kaffalluu jedhu argachuu dandeessa ta'a. Kana jechuun ati kaffaluutu sirra jiraata jechuudhaa miti. Dhiyeessaan kaffalchiisa ni kaasa.

- Yoo nuti ykn dhiyeessaan tajaajilli OHP dhaan akka hin haguugam ne sitti himne, ati ammallee murtii kana karaa ol iyyannoo ykn caqasaa mormachuu ni dandeessa. Fuula 87 ilaalaa.

- Haala Trillium Community Health Plan cufamaa ta’e keessatti, tajaajiloota nuti haguugn ykn kenninuuf kaffaluun isin irra hin jiraatu.

# Miseensota OHP ykn Medicare qaban.

Namootni tokko tokko OHP (Medicaid) fi yeroo wal fakkaataatti qabu. OHP wantoota Medicare hin haguugne kan haguugu qaba. Lamaanui qabdu taanan, Medicare haguuggaa fayyaa keessan isa ijoodha. OHP'n wantoota Medicare hin haguugne kan akka dawaawwanii haguuguu dand'a.

**Lamaanuu qabdu taanan, kanneenif hin gaafatamtan:**

- Kaffaltii waloo
- Hir'isa ykn
- Kaffalchiisa tajaajiloota medicare inshuraansii waloo, kaffalchiisni sunnen OHP dhaan haguugamu.

Gatiiwwan ajajawwan muraasaatiif kaffaltii waloo kaffaluu maltu.

Dhiyeessaa waliigaltee hin qabne ilaaluu filattu taanan, haalli isin itti hir'isawwan, inshuraansii waloo, kaffaltii waloo itti akka kaffaltaniif gaafatamtan ni jira. Waajjira Aging and People with Disabilities (APD, Gadamoojjiiwwan Qaama Miidhamoo) ykn Area Agency on Aging (AAA, Ejansii Naannoo kan Gadamoojjummaa) qunnamaa. Fayyadama keessan akkamiin akka fayyadamtan caalmaatti isinitti himu. Aging and Disability Resource Connection (ADRC, Hidhata Gadamoojjiiwwan Qaama Miidhamoo) karaa 855-673-2372tiin bilbilaatoo lakkoofsa naannoo keessanii kan APD ykn AAA argadhaa.

Tajaajiloota kamtu Medicare fi OHP (Medicaid) dhaan akka haguugaman baruudhaaf, ykn dhiyeessaa argachuudhaaf fi tajaajiloota akkamiin akka fayyadamaniif, Tajaajila Maamilaa irratti bilbilaa.

**Dhiyeessitootni Medicare ykn Trillium Community Health Plan keessan kaffalchiisu.**
Trillium Community Health Plan Medicare wajjiin kan hojjatuu fi waliigalteewwan dhimmootni kamiiyyuu akka nuti kaffalluuf ergamuu qabuu jedhu qabna.

- Dhiyeessaa keessan lakkoofsa keessan kan OHP itti kennaatoo Trillium Community Health Plan tiin akka haguugamtan itti hima. Ammallee mallaqa akka kaffaltan isinitti himu taanan, Tajaajila Maamilaatti karaa 877-600-5472, (TTY 877-600-5473) bilbilaa. Isin gargaarra.
- Fuula 73 irratti haalota muraasa ittiin dhiyeessan kaffalchiisa isiniif erguu danda'u baraa.

Fayyadamtootni Medicare eeggumsa qaamaatif yeroo barbaadanitti CCO jijjiiruu ykn dhiisuu ni danda'u. Haa ta'uutii garuu, miseensonni Medicare qaban eeggumsa ilkaanii fi fayyaa amalaatif, CCO fayyadamuu qabu.

# CCOwwan jijjiiruu fi eeggumsa sochoosu

**Sababa mirkanaa’aa qabdu taanan, CCOwwan keessaa bahuu ykn dhiisuu dandeessu.**

Yoo CCO hin qabdan ta’e, OHP’n keessan tajaajilaaf bilisa ykn kaardii banaa jedhama. Kuni tajaajila bilisaa kan jedhamu dhiyeessitootaaf tajaajila isaan kennan hundaaf kan kaffalu isteeta waan ta’eefi. Fayyadamtootni tajaajila bilisaa gosoota faaydaawwan eeggumsa fayyaa qaamaa, ilkaanii fi fayyaa amalaaa miseensota CCO wajjiin wal fakkaataa ta’e argatu.

## Yoom CCO jijjiiruu ykn dhiisuu akka dandeessan.

CCO’n isin qabdan bakka isin jiraattan irratti hundaa’a. Bakkeewwan muraasni CCO tokkoo ol qabu. Bakkeewwan kanneenitti, yoom aka CCO keessan akka jijjiirtan seerotni jiru. Yeroowwan isin itti jijjiiruu ykn adda kutuu (bahuu) dandeessan kanneeni:

- Guyyoota 30 keessatti, yoo:
  - Karoora keessatti hirmaattan hin barbaaddan taanan, ykn
  - Isin karoora ta’e gaafattanii isteetni garuu kan biraa keessa yoo kan isin galchu ta’e.
- Erga CCOtti makamtanii guyyoota jalqbaaa 90’n keessatti, ykn
  - Isteetni xalayaa “haguugaa” erga isin guyyaa jalqabdanii booda jedhu isiniif erga taanan, xalayaa sana booda guyyoota 90 qabdu jechuudha.
- CCO tokko wajjiin ji’oota 6 erga turtanii booda.
- Yeroo OHP keessan haaromfattan.
- OHP yeroo ji’oota 2 gadii dhiisanii, CCO keessa seentanii, carraa CCO keessan haaromsuu yeroo OHP keessan haaromsuun isinirra jiraatutti kan dhabdan yoo ta’e.
- CCO’n akka miseensa haaraa hin daballe ittifama taanan.
- Filannoowwan armaan olii hin ta’an taanan, xiqqaatu ji’oota 12 keessatti yeroo takka.

**Kanneen armaan gadii keessaa tokko ta’a taanan, yeroo barbaaddanitti bahuu ykn jijjiiruu ni dandeessu:**

- Waa’ee tajaajiloota isin gaafattanii CCO’n sababa ittisa amantii ykn safuu qaba taanan.
- Sababa fayyaa qabdu taanan. Tajaajilli isin barbaaddan kanneen waliigaltee qaban biratti hin argamu yoo ta’ee fi dhiyeessaan keessan tajaajiloota kophaa kophaatti fudhachuun miidhaa qaba kan jedhu ta’e. Fakkeenya: Yeroo wal fakkaataatti Yaala baqaqsuutiin dhaluu fi ujjummoo baasuu.
- Sababootni biraa kanneen hammatu, kana qofas miti, eeggumsa laafaa, tajaajiloota haguugaman argachuu dadhabuu, dhiyeessitoota waliigaltee qaban kan rakkoo fayyaa keessan iratti muxannoo qaban argachuu dadhabuu.

- Bakka tajaajilaa irraa ni baatu taana.
  - Bakka CCO’n keessan tajaajila itti hin kenninetti sochoota taana, akkuma socho’uu keessan OHAtti himtaniin, karoora keessan jijjiiruu dandeessu. Maaloo OHP dhaaf karaa 800-699-9075 tiin bilbilaa ykn hedda sarara irraa karaa ONE.Oregon.gov fayyadamaa.
- OHP yeroo ji’oota 2 gadii dhiisanii, CCO keessa seentanii, carraa CCO keessan haaromsuu yeroo OHP keessan haaromsuun isinirra jiraatutti kan dhabdan yoo ta’e.
- Tajaajilootni afaan isin barbaaddaniin kan hin kenamne yoo ta’e.
- Tajaajilootni haala safeeffannaa aadaatin kan hin kennamne yoo ta’e, ykn
- Walitti fufiinsan tajaajila argachuu irratti yaaddoo qabdy taanan.

**Namootni muraasni CCO yeroo barbaadanitti jijjiiruu ykn dhiisuu danda’u. Miseensonni kunneen:**

- Miseensonni Medicare fi OHP (Medicaid) qaban CCO eeggumsa fayyaatiif fayyadaman yeroo barbaadanitti dhiisuu danda’u. Haa ta’uutii garuu, miseensonni Medicare qaban eeggumsa ilkaanii fi fayyaa amalaatif, CCO fayyadamuu qabu.
- Ameerikaanota Indiyaa fi Jiraattota Alaska kan mirkaneessa Hundee Indiyaa qabaachuu isaanii agarsiisu qabanii f tajaajila bakka biraatti fedhan. Eeggumsa bakka Tajaajila Fayyaa Indiyaanotaa, kilinika/sagantaa fayyaa gosaa, ykn kilinika maqaaa fi tajaajila bilisaa OHP fayyadamuu ni danda’u.

Kana bilbiluudhaan ykn barreeffamaan gaafachuu ni dandeessa. Maaloo Tajaajila Maamilaa OHP tiif karaa 800-273-0557 bilbilaa ykn iimeela Oregon.Benefits@odhsoha.oregon.gov irratti ergaa.

# Akkamiin CCO akka jijjiirtan ykn keessaa baatan

**Kana hubadhaa:** Trillium Community Health Plan eeggumsa gaarii danda’amu akka argattan fedha. Trillium Community Health Plan tajaajiloota muraasa FFS ykn kaardiin banaan isiniif hin kennine isiniif kenna. Tajaajila sirrii argachuudhaaf rakkoo yoo qabdu taanan, maaloo Trillium Community Health Plan keessaa bahuu keessaniin dura nuti isin haa gargaarru.

Ammallee bahuu barbaaddu taanan, karoora keessan jijjiiruuf dirqama CCOn biraa naannoo keessan jiraachuu qaba.

**CCO keessan jijjiiruu ykn keessaa bahuu barbaaddu taanan, OHPtti himaa** Isin ykn bakka bu’aan keessan Tajaajila Maamilaatti karaa 800-699-9075 ykn 800-273-0557 (TTY 711) tiin Wiixataa hanga Jimaataa, 8 a.m. irraa hanga 5 p.m. PT bilbiluu ni dandeeessu. Hedda keessan sarara irraa ONE.Oregon.gov or email Oregon.Benefits@odhsoha.oregon.gov. fayyadamaa.

CCO keessan yeroo jijjiirtanitti, eeggumsa ni argattu. Caalmatti baruuf fuula 80 ilaalaa.

# Trillium Community Health Plan sababoota muraasaaf akka baatan isin gaafachuu danda’a.

Trillium Community Health Plan akka OHA’n isin baasu kan gaafatuu yoo isin:

- Yoo kan hojjattoota ykn dhiyeessaa keenya jeeqaa, kan hin qabamne ykn rakkisaa kan ta’u ta’e. Yoo amalli keessan kun sababa rakkoo fayyaa ykn miidhamummaa qabdan irraa kan ka’e ta’e malee.
- Malaammaltummaa ykn gochootaa seeran alaa kan biraa kan akka namni biraa fayyadamma eeggumsa fayyaa keessan akka fayyadamu taasisuu kan raawwattan yoo ta’e.
- Yoo miidhama ykn sodaa miidhamaa ta’an. Kuni dhiyeessaa eeggumsa fayyaa, hojjattoota isaanii, dhukkubsatoota biraa, ykn hojjataa Trillium Community Health Plan irratti kan xiyyeeffate ta’uu danda’a. Gochaan jeequmsaa ykn sodaachine kun Trillium Community Health Plantajaajila akka isiniif ykn namoota birootiif hin kennine sirritti kan miidhu ta’e.

Karoora keenya keessaa isin baasudhaaf, isteeta (abbaa taayitaa fayyaa Oregon) keessa deebi’ee ilaalee akka mirkaneessu feena. CCO’n akka keessaa baatan barbaaduun kan mirkanaa’u taanan, xalayaan isiniif kennama. Adeemsa irratti gammachuu hin qabdan taanan ykn muurtii keenyan yoo walii hin gallee, komee taasisuu dandeessu. Akkamiin akka komee taasisanii fi ol iyyannoo akka gaafataniif, fuula 87 ilaalaa.

**Trillium Community Health Plan sababoota kanneeni wal qabataniif akka keessaa baatan isin gaafachuu hin danda’u, kan qofas miti:**

- Haalli fayyaa keessanii cimaa ta’aa waan dhufeef.
- Tajaajila hin fayyadamtan waan ta’eef.
- Tajaajila baayyee waan fayyadamtaniif.
- Tajaajiloota waan fayyadamuuf ykn bakka mana eeggumsa (bakka eeggumsaa yerooo dheeraa, Bakka Yaalaa Dhukkuba Sammuu) keessa kaa’amuuf waan jettaiif.
- Amala addaa kan akka tasgabbaa’aa ykn gargaaraa taatan isin hin taasisne waan qabdaniif.
- Daree keessan eeggamaa, haala fayyaa ykn seenaa jechuun gara fuulduraatti tajaajiloota baayyee ykn tajaajiloota qaqqaalii barbaaddu jechuudha.
- Miidhamummaa qaamaa, barachuu, guddinaa ykn sammuu yoo qabaatte.
- Eeggumsa ODHS Child Welfare keessa jirtu yoo ta’e.
- Komii kan taasistan, murtii wajjiin kan walii hin galle, ol iyyannoo ykn caqasa kan gaafattan.
- Waa’ee eeggumsa Karoorri Fayyaa Hwaasaa Trillium isin wajjiin irratti waliigaluu dhabuu murtii yoo kaawwattan.

Odeeffannoo dabalaata fi gaaffiiwwan sababa isin itti hin hirmaanneefiitif, haala addaatiin yeroo muraasaaf hirmaachuudhaaf, Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 tin akkasumas Tajaajila Maamilaa OHPtiif karaa 800-273-0557 bilbilaa.

OHP keessan haaromsuu dura, xalayaa hirmaannarraa hafuu wajjiin yoo xiqqaate guyyaa 60 keessatti isiniif kennama.

# Yeroo CCO jijjiirtanitti ykn dhiistaniiti eeggumsa

Maamillan karoora jijjiiran ammallee tajaajiloota wal fakkaataa, haguugaa dawaa ajajamee, fi akkasumas darbee dhiyeessitoota alaa ilaaluudhaaf mirga qabu. Kana jechuun yoo CCOwwan jijjiirattanitti ykn OHP fee-for-service irraa gara CCO tti deemtanitti eeggumsi hin jijjiramu jechuudha. Kuni yeroo takka takka “Jijjiirraa Eeggumsaa” jedhama.

Rakkoo fayyaa cimaa qabdu yoo ta’e, karoorri kee haaraa fi inni durii eeggumsaa fi tajaajiloota isin barbaaddan akka argattaniif, waliin hojjachuu qabu.

## Yeroo karoora jijjiires, eenyutu eeggumsa walfakkaataa argata?

Kuni miseensota rakkoowwan fayyaa cimaa qaban, eeggumsa hospitaalaa barbaadan, ykn eeggumsa ciisanii yaalamuu fayyaa sammuutif tola. Fakkeenyotni muraasni kanneen gargaarsa kana argatanii kunooti:

- Namoota dhukkuba kalee sadarkaa xumuraa qaban.
- Daa'imman rakkoo fayyaa qaban.
- Miseensota sagantaa yaala kaansarii harmaa fi afaan gadaamessaa.
- Miseensota Gargaarsa Eeggumsa HIV/AIDS fudhachhaa jiran.
- Miseensota qaama bakka buufatan.
- Miseensota ulga qaban ykn kan amma ilmoo argatan.
- Miseensota yaala kaansarii fudhachaa jiran.
- Miseensa tajaajiloota tarii walitti ffaa ta’an yoo hin argannee rakkoon fayyaa isaanii cimaa ta’uu danda’u ykn kan carraa hospitaala ykn bakka eeggumsaa ciisuu mudaman.

Yeroon tajaajilli kuni itti dhumu:

- Miseensota Medicare fi OHP (Medicaid) qabaniif, guyyoota 90.
- Miseensota birootif, yeroo kanarra gabaabaa.
    - Fayyaa qaamaa fi afaanitiif guyyaa 30 fayyaa amalaatif guyyoota 60. Ykn
    - Hanga PCP’n haaraan miseensaa eeggumsa isaanii hanga ilaalanitti.

Trillium Community Health Plan miseensonni yeroo sagantaawwan jijjiiranis karoorab walfakkaataa barbaadan:

- Eeggumsa argachuu fi geejjiba gara eeggumsaa argachuu.
- Trillium Community Health Plan keessa hin jiran ta’anis, hanga kan armaan gadii keessaa tokko ta’utti, tajaajila dhiyeessaa isaanii irraa hayyamuu:

    - Tajaajilli yaala ajajamanii fi mirkanaa'an guutame kan dhumate yoo ta'e.
    - Gulaalaan dhiyeessaa eeggumsi kana booda fayyaadhaaf kan hin barbaachisne ta'uu yoo murteesse. Eeggumsi ogeessa affaatini yoo ta'e, karoorri yaalaa dhiyeessaa ulaagaa guutun gulaalama.
- Gosti eeggumsaa muraasni hanga dhiyeessaa ammaa waliin xumurtanii itti fufu. Gosootni eeggumsaa kunneen:
    - Eeggumsa erga ulfooftanii/deessanii duraa ykn boodaa (da'uumsa dursaa fi da'uumsa booda).
    - Tajaajila bakka buusuu hanga waggaa tokkoffaa bakka buusuu boodaa.
    - Adeemsa yaalaa isaanitiif Raadiyeeshinii fi Keemooteeraappii (yaala kaansarii)
    - Dawaawwan akka karaa yaalii addaartti hiikkan itti kenname kan yeroo eeggumsaa isaanii fakkaatan.

Poolisii Qindeessa Eeggumsaa Trillium Community Health Plan irraa garagalcha argachuu dandeessu, Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472. Bilbilaa. Akkasumas marsariitii keenya irra ni jira: [www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/care-coordination-and-case-management.html](www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/Benefits-and-Services/care-coordination-and-case-management.html).Gaaffii qabdu taanan maaloo Tajaajila Maamilaatif bilbilaa.

# Murtiiwwan xumura jireenyaa.

## Qajeelfama dursaa.

Ga'eessotni hunduu waa'ee eeggumsa isaanii irratti murtii kennuu mirga qabu. Kuni mirga yaala fudhachuu fi diduutis hammata. Dhukkubbiin ykn miidhamni akka kana haakimatti, miseensota maatiitti, bakka bu'aa keessanitti gosa tajaajilaa fudhachuu barbaaddan akka hin himne isin ittisuu danda'a. Tajaajiloota akkasii sana barbaachuu keessan dura, seerri Oregon fedhiiwwan, amantiiwwan, fi galmawwan keessan akka tarreesitan isin gaafata. Uuunki isin fayyadamtan **qajeelfama dursaa** jedhama.

An qajeelfama dursaa allows you to:

- Ofii keetii ibsachuu hin dandeessu yoo ta'e, sonawwan, amantiiwwan, galmawwan,fi fedhiiwwan eeggumsa fayyaa keetii qooduu.
- Ofii keetii kennuu hin dandeessu taanan nama murtiiwwan fayyaa keetii kennu ibsuu. Namni kun bakka bu'aa fayyaa kee jedhama fi gita isaanii kana irratti hojjachuu qabu.
- Mirga yaala ykn yaalawwan baqaqsuu fudhachuu fi diduu fi mirga waa'ee eeggumsa fayyaa keessan irratti murtii kennuu akka qabaattan isin taasisa.

## Waa’ee Qajeelfama Dursaa akkamiin odeeffannoo dabalataa argachuun danda’ama.

Kitaaba qajeelfama dursaa isiniif kennuu ni dandeenya. “Murtiiwwan Eeggumsa Fayyaa Kennuu” jedhama. Caalmaatti baruudhaaf, kitaabicha garagalcha isaa fi uunka Qajeelfama Dursaa Argadhaa. Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan tiif karaa 877-600-5472 bilbilaa. Trillium Community Health Planakkasumas ni kenna.
Uunka Qajeelfana Dursaa buufachuudhaaf, maaloo:
www.oregon.gov/oha/ph/about/pages/adac-forms.aspx daawwadhaa.

Akkasumas waa’ee qajeelfama dursaa Murtiiwwan Fayyaa Oregonitti bilbiluun argachuu ni dandeessu. **503-692-0894** ykn **800-422-4805** (fayyadamtootni TTY; maaloo 711 irratti bilbilaa). Sa’aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 9 a.m. hanga 3 p.m. PT

Qajeelfama Dursaan wal qabatee poolisii Trillium Community Health Plan tiif irratti odeeffannoo dabalataatif, maaloo www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/Advance_Directive.html daawwadhaa.

**Waa’ee Qajeelfama dursaa odeeffannoowwan biroo dabalataa**

- Qajeelfama dursaa guutuun filannoo keessani. Qajeelfama dursaa guutuuu fi mallatteessuu yoo kan hin barbaadnee, haguuggaa fi argannaa eegguumsaa keessan akkasumatti tura.
- Qajeelfama dursaa yoo hin guutnee fi hin mallatteessinee, Trillium Community Health Plan tiin akka addaatti hin ilaalamtan.
- Qajeelfama dursaa guuttanii jirtu taanan, dhiyeessitootaa fi maatii keessanitti waa'ee isaa himiitii garagalcha isaanif kennaa.
- Trillium Community Health Plan filannoowwan isin Qajeelfamaa Dursaa guuttamee fi mallatteeffame keessatti tarreessitan ni kabaja.

## Trillium Community Health Plan ulaagaawwan qajeelfama dursaa kaa’aman hin hordofu taananii akkamiin komachuun danda’ama.

Dhiyeessaan keessan waan isin qajeelfama dursaa keessatti barreessitan hin hordofu taanan, komii Waajjira Hayyama Ragaaleetti taasisuu ni dandeessu.

**Waajjira Hayyama Ragaalee**
503-370-9216 (fayyadmtootni TTY; maaloo 711 irratti bilbila)
Sa’aatiiwwan: Wiixataa hanga Jimaataa, 8 a.m. hanga 5 p.m. PT
Komii keessan erguudhaaf
1430 Tandem Ave NE, Suite 180
Salem, OR 97301
Iimeela: hlo.info@odhsoha.oregon.gov

Garagalcha uunka komee argachuudhaaf, Tajaajila Maamilaa Trillium Community Health Plan karaa 877-600-5472 (TTY 711) bilbilaa.

Uunkaawwan komii asitti argachuu fi caalmatti baruu ni dandeessu:
www.oregon.gov/oha/PH/HLO/Pages/File-Complaint.aspx.

## Qajeelfama Bal’aa akkamiin addaan kuttu.

Adda kutuudhaaf, garagalcha qajeelfama bal’aa keessan argadhaattii addaan biinxaa. Akkasumas ADDAKUTAMEERA jettanii qubee gurguddaan irratti barressiitanii mallattoo fi maqaa irra kaa’uu dandeessu. Gaafiiwwan ykn odeeffannoo dabalataatif Murtiiwwan Fayyaa Oregon karaa 800-422-4805 or 503-692-0894 (TTY 711) tiin qunnama.

# Garaagarummaan POLST fi qajeelfama dursaa maali?

**Tajaajila Yaala Lubbuu Baraarridhaaf Kennamu (POLST)**

**POLST uunka fayyaa kan isin yaala xumura jireenya keessanii irratti dhiyeessaan keessan akka hordofu barbaaddan of keessaa qabuudha. POLST akka kuuttan tasuma hin gaafatamtan, garuu dhukkuba cimaa qabdu taananii fi sababa yaaliwwan gosa hundaa murtaa’aa hun barbaaddan taanan, waa’ee uunka kanaa caalmatti baruu ni dandeessu. POLST’n Qajeelfama Dursaa irraa adda**

| | **Qajeelfama Duraa** | **POLST** |
|---|---|---|
| **Maalodhaa?** | Waraqaa seeraa | Ajaja fayyaa |
| **Eenyutu argachuu danda’a?** | Ga’eessota umriin isaanii 18 ol ta’e hundaafuu | Nama umrii sadarkaa kamirraayyuu jiru kan dhukkuba cimaa qabu |
| **Dhiyeessaan kiyya mirkaneessuu/mallatteessuu qabaa?** | Mirkaneessa dhiyeessaa hin barbaadu | Dhiyeessaa eeggumsa fayyaatiin mallaattaa’uu fi mirkanaa’uu qaba |
| **Yoom fayyadamaa?** | Eeggumsa ykn rakkoo fuulduraatif | Eeggumsa ykn rakkoo ammaatif |

Caalmatti baruudhaaf, kana ilaalaa: **https://oregonpolst.org/**

Iimeela: polst@ohsu.edu ykn Oregon POLST dhaaf karaa 503-494-3965 bilbilaa.

# Ibsa yaala Fayyaa Sammuu.

Oregon uunka filannoowwan fayyaa sammuu mataa keessanii irrratti barreessitan qabdi. Uunkaan kuni Ibsa Yaala Fayyaa Sammuu jedhama. Uunkichi yeroo rakkoo fayyaa sammuu qabaattan, ykn yeroo fayyaa sammuu keessaniif tajaajila murteessuu hin dandeenyef ta’a. Uunka kana guutudhaaf yeroo rakkoo hin qabaanne fi waa’ee eeggumsa keessanii irratti yeroo murteessuu dandeessaniidha.

### Uunki kuni maal naaf godha?

Uunkichi yeroo eeggumsa keessaniif mataa keessanii murtoo kennuu hin dandeenye tajaajila akkamii akka barbaaddan isinitti hima. Murtii kennuu hin dandeessanu taanan, haakimoota lamaa fi mana murtii qofatu murtii kennuu danda’a.

Uunkaan kuni waa'ee gosoota eeggumsaa ati barbaadduu fi hin barbaannee akka filannoo taasistu siif hayyama. Ga'eessa waa'ee eeggumsa keetii murtii kennu adda baasuudhaf fayyaduu mala. Namni ati adda baastu kun siif dubbachuu fi fedhiiwwan kee hordofuu qaba. Fedhiiwwan kee barreeffamaan hin kaa'amne yoo ta'e, namni kun maal akka ati barbaaddu siif murteessa jechuudha.

Ibsi uunkaa waggoota 3 qofaaf ta’a. Waggoota 3 keessatti murtii kennuu hin dandeessan taanan, uunki keessan hojirra oola Hanga deebitanii murii kennitanitti hojirra oola. Yeroo waa'ee eeggumsa keessanii murtii kennuu dandeessanitti, ibsa keessan jijjiiruu ykn addaan kutuu ni dandeessu. Dirqama uunka keessan PCP fi nama filannoo eeggumsaa keessan isiniif taasisutti kennuu qabdu.

Waa’ee Lallaba Yaala Fayyaa Sammuu caalmaatti baruudhaaf, marsariitii Isteeta Oregon karaa https://aix-xweb1p.state.or.us/es_xweb/DHSforms/Served/le9550.pdf daawwadhaa.

Dhiyeessaan filannoowwan isin uunka keessatti tarreessitan hin hordofu taanan, komachuu dandeessu. Uunka kana asitti argachuu dandeessu www.healthoregon.org/hcrqi Komee keessan kan ergitan:

**Sagantaa Hayyamaa fi Rageessa Dhaabbilee Fayyaa**
800 NE Oregon Street, Suite 465
Portland, OR 97232
Iimeelal: mailbox.hclc@odhsoha.oregon.gov
FAAKSII: (971) 673-0556

# Malaammaltummaa, Qisaasumaa fi Miidhama Gabaasu

Nuti karoora fayyaa hawaasaati, fi maallaqni eeggumsa fayyaa miseensota fayyaa isaanii fi nageenya isaanii eeguu irratti akka bahu feena. Kana gochuuf gargaarsa keessan barbaadna.

Yoo dogongorri, malaammaltummaan, qisaasni, ykn miidhaan mudateera jettee yaadda ta, daddafii gabaasi! Dhoksaadhan gabaasuu ni dandeessu. Seerri nama odeeffannoo kennuu namoota malaammaltummaa, qisaasummaa fi miidhama gabaasan ni eega. Gabaasa taasistu taanan, haguuggaa hin dhabdani. Nama malaammaltummaa, qisaasummaa fi miidhama gabaasu miidhuun, jeequun, sodaachisuun seeran ala.

## Medicaid Fraud faallaa seerichaati fi Trillium Community Health Plan kana cimsee ilaala.

**Fakkeenyotni muraasni malaammaltummaa, qisaasummaa fi miidhamaa dhiyeessaa:**

- Dhiyeessaan tajaajila Trillium Community Health Plan tiin haguugamaniif kaffalchiisuu.
- Dhiyeessan tajaajila isin hin gudhatiniif isin kaffalchiisu
- Haala fedhii keessanii irratti hundaa'un dhiyeessaan tajaajila isin hin barbaadne yoo isiniif kenne.

**Fakkeenyotni muraasni malaammaltummaa, qisaasaa fi miidhama kan miseensan taasifamuu:**

- Dawaa kana dura isiniif ajajameef haakimoota hedduu bira ajajaaf deemuu.
- Namni biraa eenyummeessa nama biraa fayyadamee tajaajila argachuu

## Akkamiin malaammaltummaa, qisaasaa fi miidhama gabaasuu dandeenya

Gabaasa malaammaltummaa, qisaasaa fi miidhamaa karaa hedduun taasisuu ni dandeessu.

Trillium Community Health Plan kallattiin bilbiluu, sarara irraan gabaasuu barreessuu. **malaammaltummaa, qisaasaa fi miidhama kamiiyyuu kan dhiyeessaa ykn miseensotaan raawwatamins ejansiiwwan gaditti tarreefamanitti gabaasna.**

Sarara keenya irratti bilbilaa: 877-600-5472
Faaksii: 844-805-3991
Ergaa iccitaa'aa galchi: www.trilliumohp.com/login.html
Barreeffamaan karaa: Trillium Community Health Plan
LSP 11740
Eugene, OR 97440-3940

**YKN**

Bilbilaan, faaksii fi barreeffama kanneenirratti taasisuun malaammaltummaa maamilaa gabaasaa.

**Kutaa Qorannoo Malaammaltummaa DHS**
LSP 14150
Salem, OR 97309
Bilbila: 1-888-FRAUD01 (888-372-8301)
Faaksii: 503-373-1525 xiyyeeffannoo: Bilbila
Marsariitii: www.oregon.gov/oha/FOD/PIAU/Pages/Report-Fraud.aspx.

YKN (dhiyeessaa addaa)

**OHA Office of Program Integrity**
3406 Cherry Avenue NE
Salem, OR 97303-4924
Bilbila: 1-888-FRAUD01 (888-372-8301)
Faaksii: 503-378-2577
Marsariitii: www.oregon.gov/oha/FOD/PIAU/Pages/Report-Fraud.aspx.

YKN

**Kutaa Too'annoo Malaammaltumaa Medicaid (MFCU)**
Oregon Department of Justice
100 SW Market Street
Portland, OR 97201
Bilbila: 971-673-1880
Faaksii: 971-673-1890

## Malaammaltummaa maamilaa fi dhiyeessaa sarara irraan gabaasudhaaf:

www.oregon.gov/dhs/abuse/Pages/fraud-reporting.aspx

**Trillium Community Health Plan malaammaltummaa, qisaasummaa fi miidhama hambisuu irratti ni hojjata. Seerota hundaa, Seera Himannaa Kijibaa fi Seera Himannaa Kijibaa Federaalaatis ni hordofna.**

# Komeewwan, Aariiwwan, Ol iyyannaawwanii fi caqasawwan

Trillium Community Health Plan mieesnsonni hunduu mala komii (Komeewwan, Aariiwwan, Ol iyyannaawwanii fi caqasawwan) argachuu isaanii ni mirakaneessa. Miseensonni akka komii galfataniif, himataniif, ykn ol iyyannaa fi Abbaa Taayitaa Oregonitti ol caqasa akkaataa itti galfatan salphaa akka ta'u ni yaalla.

komii galfachuu, himatanaadhaf, ykn ol iyyannaa fi adeemsa caqasaatiif gargaarsa barbaaddu taanan nu beeksisaa. Akkasumas waa'ee akkaataa qabiinsa ol iyyannaawwan komii/himannaawwanii irratti odeeffanno dabalataa isiniif kennina. Qajoojilli garagalcha beeksisaa illee ni argama. Waan qajeelfama keessatti ibsame irratti odeeffannoo dabalataa argachuu irratti gargaarsa barbaannan nu qunnamaa:

- Bilbila: 541-214-3948
- Qindeessaa Komee keenyaf karaa 877-600-5472 TTY: bilbilaa. 877-600-5473
- Faaksii: 844-805-3991
- Ergaa: Trillium Community Health Plan<br>L SP 11740<br>Eugene, OR 97440-3940
- Iimeela: Grievances@TrilliumCHP.com
- Marsariiti: www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/member-satisfaction.html

## Komee taasisuu ni dandeessu

- **Komee** jechuun akka itti hin quufin isaan beelsisuu jechuudha.
- **Mormii** jechuun yoo isin Trillium Community Health Plan ykn dhiyeessaa wajjiin walii hin galtan ta'edha.
- **Himannaan** komee isin Trillium Community Health Plan, tajaajiloota eeggumsa fayyaa, ykn dhiyeessaa keessan waliin gammachuu hin qabaanne taasistaniidha. Mormiin himannaas ta'uu ni danda'a.

Slphaa taasisuudhaaf, OHP jecha **Komee** jedhu himannaawwanii fi waldhibdeedhaafis ni fayyadama.

Qaama eeggumsaa keessan kamiiyyuu haa ta'uu itti quufa hin qabdan yoo ta'e, komachuu dandeessu. Wantoota haala gaarii irratti akka ta'aniif ni yaalla. Tajaajila Maamilaatif karaa 877-600-5472, TTY bilbilaa: 877-600-5473. Akkasumas komee karaa OHA ykn Abbagaar taasifachuu ni dandeessu. OHA karaa 1-800-273-0557 ykn Abbagaar karaa 1-877-642-0450 qunnamuu ni dandeessu.

Ykn

Barreessa

Trillium Community Health Plan
LSP 11756
Eugene, OR, 97440
Iimeela: grievances@Trilliumchp.com

Faaksii:844-850-4861

Akkasumas uunka komii as irratti argachuu dandeessu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/member-satisfaction.html

Komee dhimmoota barbaaddan kan ittisa tajaajilaa ykn faayidaa irraa hafe afaaninis barreeffamaanis yeroo barbaaddanitti taasisuu dandeessu. Komee karaa OHA galfattu taanan, Karoora Fayyaa Hawasaaa Trilliumtti ergama.

**Fakkeenyota sababoota isin itti komee galfachuu dandeessanii:**

- Rakkoo beellama qabachuu ykn geejjiba argachuu
- Rakko dhiyeessaa naannoo isin jiraatanitti argachuu
- Dhiyeessitootaan, hojjataa dhiyeessaatin, konkolaachisaadhaa ykn Trillium Community Health Plan tiin kabajaa ykn hubannaa dhabuu.
- Eeeggumsa isin waa'ee isaa hin beekne, kan garuu inuma fudhattan.
- Kaffalchiisa tajaajilaa isin kaffaluuf walii hin gallee
- Poroppoozaalota dheeressaa kan mirkaneessa murtii Komii Trillium Community Health Plan wajjiinii
- Nageenyumaa konkolaachisaa fi konkolaataa
- Qulqullina tajaajila fudhattanii

Bakka bu'aan ykn dhiyeessaan bakka keessan bu'ee komee isiniif galchuu ni danda'u, hayyama barreeffamaa akkas gochuu yoo qabaatan.

Komee keessan ilaallee akkaataadhuma saffisa haalli fayyaa keessanii barbaadun maal gochuu akka qabdan isinitti himna. Kuni komii fudhannee guyyoota hojii 5 keessatti akka ta'u taasifama

Yeroo dabalataa barbaadna taanan, guyyoota hojii 5 keessatti xalayaa isiniif ergina. Waan yeroo dabalataa barbaannuf isinitti himna. Yeroo dabalataa kan gaafannuu yoo fedhii keessaniin ta'e qofaadha. Xalayaan afaan isin barbaaddaniin barreeffama. Guyyaa akkamiin akka ilaaluu qabnu hubanne irraa kaasnee guyyoota 30 keessatti xalayaa isiniif ergina.

Akkaataan qabiinsa nuti komee keessaniif taasisne isin hin gammachiisne taanan, Kana karaa Kutaa Tajaajila Maamilaa karaa 1-800-273-0557 tiin qooduu ykn Sagantaa Abbagaar qunnamuu ni dandeessu. Abbagaar miseensota OHP tiif warra morman yoo ta'e, isin gargaarudhaaf waan

danda'an godhu. Maaloo iimeela OHA dhaaf erga. OHA.OmbudsOffice@odhsoha.oregon.gov or leave a message at 877-642-0450.

Qabeenyi biraa kan gargaarsotaa fi tajaajilaa hawaasa keessa jiru 211 Info dha. Gargaarsaf 2-1-1 irratti bilbilaa ykn marsariitii www.211info.org ilaalaa.

**Trillium Community Health Plan , kanneen waliigaltee isa waliin qaban, waliigaltee xiqqoo kan qaban, dhiyeessitootni hirmaatan kanneen gochuu hin danda'an:**

- Maamila akka qaama komee ykn ol iyyannaa hin fayyadamne ykn dhiyeessaa bu'aa hatattamaa gaafate ykn ol iyyannaa maamilaa gargaare adabuu.
- Komee, ol iyyannaa, ykn caqasa dura galfame akka baasaniif jajjabeessuu; ykn
- Bu'aa komee, ol iyyannaa fkn caqasaa fayyadamuun maamila irratti deebisanii fayyadamuu ykn miseensi akka hirmaannaa adda kutu gaafachuu.

# Murtoo kennine akka jijjiirru nu gaafachuu dandeessu.

## Kuni ol iyyannaa jedhama.

Tajaajila fayyaa, ilkaanii ykn fayyaa amalaa ittisna, dhaabna ykn hir'isna taanan, xalayaa ittisaa waa'ee murtii kanaa isiniif himu isiniif ergina. Xalayaan ittisaa kuni, Beeksisa Murtii Faallaaa Faaydaa (NOABD) tis ni jedhama. Akkasumas dhiyeessaan waa'ee murtoo keenyaa akka beeku ni taasisna.

**Yoo murtoo keenyan walii hin galle ta'e, mirga akka jijjiirruuf nu gaafachuu ni qabda.** Kuni ol iyyannaa jedhama, murtoo keenya ol iyyattu waan ta'eef.

| **Murtoo keenyan walii hin galtan taanan, sadarkaawwan kanneen hordofaa.** | |
|---|---|
| **Sadarkaa 1** | **Ol iyyannoo gaafachuu**<br>Dirqama guyyaa xalayaa ittisaa (NOABD) irraa guyyoota 60 keessatti gaafachuu qabda.<br><br>877-600-5472 (TTY 877-600-5473) irratti nuuf bilbilaa ykn uunka Gulaallii Murtii Eeeggumsa Fayyaa fayyadamuu dandeessu. Uunki kuni xalayaa ittisaa waliin ergameera. Akkasumas asirrattu argachuu dandeessu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. |

| | |
|---|---|
| | Uunka asitti erguu ni dandeessu:<br><br>Trillium Community Health Plan<br>LSP 11756<br>Eugene, OR, 97440<br><br>Iimeela: Appeals@TrilliumCHP.com<br><br>Akkasumas uunka karaa 844-850-4861 faaksii gochuu dandeessu.<br><br>**Ol iyyannaa eenyutugaafachuu danda'a?**<br>Isin ykn nama isiniif dubbachuuf hayyama barreeffamaa qabu. Kuni immoo haakima ykn bakka bu'aa keessan seerawaa ta'uu danda'a. |
| **Sadarkaa 2** | **Deebisaa keenya eeguu.**<br>Takka gaafannaa keessan erga argannee booda, murtoo isa duraa deebinee ilaalla. Haakimni haaraan galmeewwan fayyaa keessanii fi gaafannaawwan seera kan hordofan ta'uu isaa mirkaneeffachuudhaaf deebisee ilaala. Murtoo kana gulaaludhaaf odeeffannoo nu barbaachisu kamiiyyuu nuuf kennuu ni dandeessu.<br><br>**Ol iyyannaa kiyya gulaaludhaaf, hanga takka turtu?**<br>Gaaffii keessan keessa deebi'uu fi deebii kennuuf guyyaa 16 qabna. Yeroo dabalataa barbaadna taanan, xalayaa isiniif ergina. Deebisaadhaf hanga guyyaa 14 fudhanna.<br><br>**Deebisaa hatattamaa barbaada yoo ta'e ho?**<br>[Oliyyanaa hatattamaa gaafachuu ni dandeessu. Kuni ol iyyanaa saffisiisuu jedhama. Uunka gaafachuudhaaf nuuf bilbilaa. Uunki kuni xalayaa ittisaa waliin ergameera. Akkasumas as irratti argachuu dandeessu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. Tursiisni idilee yeroo ol iyyannaa lubbuu, fayyaa, ykn dandeettii haala rakkoo keessatti socho'uu irratti rakkoo fida taanan, ol iyyannaa hatattamaa gaafadha. Guyyaa hojii 1 keessatti bilbillee xalayaa isiniif ergina fi akkasumas ol iyyannaan keessan nu gahuu isiniif mirkaneessina.<br><br>**Ol iyyannaan hatattamaa hangam fudhata?**<br>Ol iyyannaa hatattamaa argattu taanan, murtii keenya saffiisaan akkaataadhuma fayyaan keessan barbaaddun taasisna, yeroo ol iyyannaan hatattamaa gaafatame irraa yeroo sa'aatii 72 hin caalletti. Isiniifi dhiyeessaa keessanis hanga danda'meen bilbillee murtee keenya isin beeksisna. Xalayaas ni argattu.<br><br>Yoo isin gaafattan ykn yeroo dabalataa barbaaddan, yeroo hanga guyyaa 14 dheeressuu dandeenya.<br><br>Ol iyyanaan hatattamaa didamee yeroon dabalataa kan barbaadamu yoo ta'e, isiniif bilbilla akkasuas beeksusa barreeffamaa guyyaa lama keessatti argattu. Ol iyyannaan hatattamaa gaafatame ol iyyannaa idilee |

| | |
|---|---|
| | ta'ee guyyoota 16 keessatti murtoon kan itti kennamu ykn hanga guyyyaa 14 dabalataa fudhata.<br><br>Yeroo ol iyyannaa dabalataan dheeressuu hin barbaaddan taanan ykn ol iyyannaa hatattamaa didame waliin waliihingaltan taana, komee galfachuudhaaf mirga qabdu. |
| **Sadarkaa 3** | **Murtoo keessan dubbisaa**<br><br>Murtoo ol iyyannaa keenya wajjiin xalayaa isiniif ergina. Xalayaan murtii ol iyyannaa kun Beeksisa Furmaata Ol iyyannoo (NOAR) jedhamas. Murtoodhaan waliigaltu taanan, waa gochuun isinirra hin jiraatu.<br><br>**Ammallee walii hin galtanii? Caqasa gaafadhaa.**<br><br>Isteetni akka murtii ol iyyannaa ilaalu gaafachuu dandeessu. Kuni caqasa gaafachuu jedhama. Caqasa guyyaa Beeksisa Furmaata Ol iyyannoo (NOAR) irraa guyyoota 120 keessatti gaafachuu qabda.<br><br>**Caqasa hatattamaa barbaada yoo ta'e hoo?**<br>Caqasa hatattamaa gaafachuu ni dandeessu. Kuni caqasa saffisiisuu jedhama.<br><br>Uunka sarara irraa kana fayyadamuu dandeessu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. to ask for a normal hearing or a faster hearing.<br><br>Akkasumas isteetaaf karaa 800-273-0557 (TTY 711) bilbiluu ykn uunka gaafannaa xalayaa kana waliin isiniif ergame fayyadamuu ni dandeessu. Uunka as irratti argadhaa www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. Uunka kana kan ergitan:<br><br>OHA Medical Hearings<br>500 Summer St NE E49<br>Salem, OR 97301<br>Faaksii: 503-945-6035<br><br>Isteetiin erga gaafattanii yeroo gabaabaa guyyoota hojii 2 keessatti caqasa argachuu yoo dandeessan ni murteessa.<br><br>**Caqasa eenyutu gaafachuu danda'a?**<br>Iisin ykn nama isiniif dubbachuuf hayyama qabu. Kuni immoo haakima ykn bakka bu'aa keessan seerawaa ta'uu danda'a.<br><br>**Bakka caqasaatti maaltu ta'a?**<br>Bakka caqasaatti, Abbaa murtii Oregon Administrative Law maalif |

| | |
|---|---|
| | akka murtii keenyaan walii hin gallee fi waa'ee ol iyyannaa himuu dandeessu Abbaan murtii murtii xumuraa kenna. |

## Gaafifii deebii waa'ee ol iyyannaawwanii fi caqasaawwanii

| |
|---|
| **Xaklayaa ittisaa hin arganne yoo ta'e hoo? Ammas ol iyyannoo gaafachuu nan danda'aa?** |
| Il iyyannoo gaafachuu dura xalayaa ittisaa argachuu danda'uu qabdu.<br><br>Dhiyeessaan tajaajila argachuu akka hin dandeenye ykn tajaajilootaaf kaffaluun akka isin irra jiraatu isinitti hima taanan, xalayaa ittisaa gaafachuu ni dandeessu (NOABD). Takka xalayaa ittisaa argannaan, ol iyyannaa gaafachuu ni dandeessu. |
| **Trillium Community Health Plan yeroo ol iyyannaa hin guutu yoo ta'e hoo?** |
| Deebisaadhaf guyyoota 30 ol nutti fudhata taanan, isteetni akka gulaalu gaafachuu ni dandeessu. Kuni caqasa jedhama. Caqasa gaafachuudhaaf, isteetaaf karaa 800-273-0557 (TTY 711) bilbilaa ykn xalayaa ittisaa wajjiin uunka gaafannaa isiniif ergame fayyadamuu dandeessu. (NOABD). Uunka as irratti argadhaa www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html. |
| **Caqasa irratti namni biroo bakka na bu'uu ykn na gargaaruu danada'a?** |
| Namni biraa caqasa irratti akka bakka si bu'ufilachuu mirga ni qabda. Kuni nama kamiiyyuu kan akka, hiriyaa, miseensa maatii, abukaatoo, ykn dhiyeessaa keessan ta'uu danada'a. Ni barbaadda taanan ofii keessan bakka bu'uus ni dandeessu. Abukaatoo ni dhaabbattu taanan, kaffaltii isaanii kaffaluu qabdu.<br><br>Gorsaa fi bakka bu'iinsa mallaqa maleetiif, Bilbila Tajaajila Hawaasaa karaa 1-800-520-5292; TTY 711 tiin qunnamaa. Bilbilichi qindoominsa Gargaarsa Seeraa Oregon fi Jiddugala Seeraa Oregonti. Akkasumas odeeffannoowwan gargaarsa seeraa karaa OregonLawHelp.com argamuu ni danda'u. |
| **Yeroon murtoodhaaf eeggannaa irra jirutti, tajaajiloota argachuu nan danda'a?** |
| Yoo tajaajila ykn faayidaa ittifama fudhachuu kan turtan ta'ee fi nutti addaan kutne, yeroo ol iyyannaa fi caqasaatti akka itti fufu gaafachuu ni dandeessu. Ittifufa faaydaa karaa bilbilaa, xalayaa, ykn faaksii gaafachuu ni dandeessa.<br><br>Isin kan gochuu qabdan:<br>• Guyyaa beeksisaa irraa guyyoota 10 keessati kana gaafadhaa ykn guyyaa murtiin kun hojirra itti oole irraa, kan fedhe dura haa ta'u. |

- Uunka Gaafannaa Gulaallii Murtii Eeggumsa Fayyaa fayyadamaa. Uunki kuni xalayaa waliin ergameera. Akkasumas as irratti argachuu dandeessu www.trilliumohp.com/members/oregon-health-plan/for-members/handbooks-forms.html.
- Gaaffii waa'ee tajaajila itti fufuu kan sanduuqa 8 kan fuula 4 irra kan *uunka Gaafannaa Gulaallii Murtii Eeggumsa Fayyaa* irra jiruuf "eeyyee" jedhaa deebisaa.

**Tajaajila itti fufaadhaf, kaffaluun qabaa?**
Faayidaa ykn tajaajila ittifame argachuu itti fufuu barbaaddu taanan, akka kaffaltaniif gaafatamuu maltu. Yeroo ol iyyannaatti murtoo keenya jijjiirra taanan, ykn yoo abbaan murtii caqasatti isin waliin waliigale, kaffaluun isin irra hin jiraatu.

Murtii keenya kan jijjiirree fi tajaajilootaa fi faaydaa fudhachaa kan hin jirre yoo ta'e, akkaataadhuma haalli fayyaa keessanii barbaadun tajaajiloota fi faayidaawwan ni mirkaneessina ykn ni kennina. Guyyaa murtiin keenya jijjiiramuu isaa beekne irraa sa'aatiiwwan 72 caalaa hin fudhannu.

## Yoo Medicare qabaadhe ho? Mirga ol iyyannaa hedduu qabaa?

Yoo Trillium Community Health Plan fi Medicare kan qabaattan ta'e, mirgoota ol iyyannoo olitti ibsaman caalaa qabaachuu dandeessu. Odeeffannoo dabalataaf, Tajaajila Maamilaatif kaaraa 877-600-5472 (TTY: 877-600-5473) bilbilaa. Waa'ee mirga keessan ol iyyannaatiif, Medicare dhaaf karaa 800-633-4227 tiin bilbiluu ni dandeessu.

# Jechoota beekuu qabdan

**Ol iyyannoo** – Yeroo karoorri murtii waa'ee tajaajila keetii haakimni ajaje kan ati irratti walii hin galle akka jijjiiru barbaaddetti Karoorichi maaliif murtii isaa jijjiiruu akka qabu xalayaa barreessuu ykn uunka guutuu ni dandeessa. Kuni ol iyyannaa guutuu jedhama.

**Qajeelcha Dursaa –** Uunksa seera'aa kan fedhiiwwan eeggumsa jireenya keessan gara xumuraa irratti ittiin ibsattanii. Ofii keessanii taasisuu hin dandeessanu taanan, murtoowwan eeggumsa fayyaa keessan namni biraa akka isiniif taasisu filachuu dandeessu.

**Hordoffii** – Odeeffannoo waa'ee eeggumsa dhukkubsataa, rakkoowwan eeggumsa fayyaa, fi fedhiiwwanii gulaaluu. Kuni eeggumsi jijjiiramuu qabaate beekuf ykn eeggumsa fuulduraa karoorsuuf gargaara.

**Kaffalchiisa Madaallii (kaffalchiisa tasaa)** – Kaffalchiisni madaallii yoo dhiyeessan hanga hafeef kan isin kaffalchiisu ta'eedha. Kuni kan ta'u yoo sagantaan gatii tajaajilaa guututti kan hin haguugne ta'eedha. Kuni kaffalchiisa tasaa jedhama. Dhiyeessitootni OHP miseensota kaffalchiisa madaalchisaa taasisuu hin qaban.

**Fayyaa Amaalaa** – Kuni fayyaa sammuu, dhukkubbii sammuu, araada fi rakkoo fayyadama wantootaati. Haala yaadaa ykn akkaataa itti sochootan jijjiiruu mala.

**Kaffalshiisa ofee ykn Kaffalchiisa waloo** – Hamma mallaqaa namni tajaajiloota akka ajajaa fi daawwannaawwaniitif dirqama kaffaluudha. Miseensonni OHP kaffalchiisa ofee hin qaban. Inshuraansiiwwan fayyaa dhuunfaa fi Medicare yeroo tokko tokko kaffalchiisa ofee ni qabaatu.

**Qindeessa Eeggumsaa** – Tajaajila barnoota, gargaarsa fi qabeenyota hawaasaa kennuudha. Fayyaa keessan irratti akka hojjattanii fi eeggumsa fayyaa keessatti karaa akka qabaattan gargaara.

**Hariiroo Hawaasaa** – Himannaa seeraa kaffaltii argachuuf taasifamu. Yakkaaf himanni hariiroo hawaasaa hin jiru. Fakkeenyotni muraasni kan akka of miidhuu, sassaabbii kaffalchiisaa, alabaasii fayyaa fi malaammaltummaadha.

**Inshuraansii waloo** – Hamma namni tokko karoora fayyaatiif eeggumsaaf kaffaluudha. Yeroo hedduu dhibbeentaa dha, hamma 20% Kan hafe inshuraansiitu kaffala.

**Seera Fayyadamaa –** Seerotaa fi heerota namoota eeganii hojiiwwan yakkaa ittisaniidha.

**Dhaabbilee Gargaarsa Qindaa'aa (CCO)** – CCO'n saganataa OHP naannoo kana akka faayidaa keessan argattan taasisu. CCOwwan dhiyeessitoota eeggumsa fayyaa hawaasa keessaa hunda hammata. Naannoo ykn isteeta keessatti miseensota OHP tiif eeggumsa taasisuuf waloodhaan hojjatu.

**Rakkoo –** yeroo ulfaataa, rakkoo, xaxaa. Hin furamu taanan haala ariifachiisaatti ce'uu danda'a.

**Ibsa Yaala Fayyaa Sammuu –** Uunka isin yoo fayyaa sammuu qabaattanii fi waa’ee eeggumsa keessanii murtii kennuu hin dandeessan ta’e guuttani. Waa’ee tajaajiloota isin barbaaddanii fi hin barbaadnee ibsa. Akkasumas nama ga’eessaa waa’ee eeggumsa keessanii murtii kennu akka himtan isin taasisa.

**Hir’isa–** Hamma isin inshuraansiin fayyaa kan hafe kaffaluu dura eeggumsa fayyaa haguugamuuf kaffaltaniidha. Kuni Medicare fi inshuraansii fayyaa dhuunfaa qofaafii.

**Meeshaalee dandamannaa fi fooyya’iinsaa** – Meeshaalee tajaajila teeraappiitif ykn hojiilee guyyaa hundaatif isin gargaaraniidha. Fakkeenyi kan hammatu:

- Hirkannoo
- Kasaraa
- Hirkoo
- Too’atuuwwan gulukoosii
- Waraansa keessooo
- Piroosteetikii fi ortooteksii
- Gargaarsa agarree gad aanaa
- Meeshaalee haasaa
- Wiilchariiwwan motoraa
- Meeshaaleee gargaarsa hargansuu

Qorannoo – yoo dhiyeessaan rakkoo, hanqina ykn dhibee adda baasu.

**Meeshaalee Fayyaa Dandamannaa Qaban (DME)** – Wantoota akka teessoowwan qaama miidhamaa, irkoo, fi sireewwan hospitaalaa kan yeroo dheeraf turan. Akka dhiyeessiiwwan fayyaa hin baratamani.

**Rakkoo ilkaanii hatattamaa –** Rakkoo fayyaa ilkaanii mallattoowwan keessan irratti hundaa’udhaan. Fakeenyi dhukkubbii ilkaanii cimaa fi iita.

**Rakkoo fayyaa hatattamaa –** Dhukkubbii ykn miidhama eeggumsa kallattiidhan barbaadudha. Kuni dhiiga hin dhaabbannee, dhukkubbii cimaa, ykn lafee caphxe ta'uu danda'a. Waan kutaan qaama keessanii tokko akka sirnaan hin hojjanne taasisuu dha. Rakkoon fayyaa sammuu hatattamaa miira akka too’annoodhaan ala ta’uu ykn miirri mataa keessan ykn nama biraa miidhuu akka dandeessan isinitti dhagahamuuti.

**Geejjiba fayyaa hatattamaa –** Eeggumsa fayyaa argachuudhaaf Ambulaansii ykn Life Flight fayyadamu. Teknishaanotni fayyaa hatattamaa yeroo geejjibaa ykn balallii gargaarsa kennu.

**KH ykn MH** – Kutaa hatattamaa ykn muummee hatattamaa jechuuudha. Kutaa hatattamaa iddoowwan hospitaalaa kan isin rakkoowwan fayyaa fi fayyaa sammuu hatattamaatif eeggumsa itti argattani.

**Eeggumsa kutaa hatattamaa –** eeggumsa yeroo rakkoo fayyaa cimaa ta’e qabaattan argattanii fi turuuf kan hin mijannedha. Kuni KH keessatti ta’uu mala.

**Tajaajiloota hatattamaa –** Eeggumsa haalota fayyaa ykn fayyaa sammuu tasa nama muudatan fooyyessu ykn tasgabbeessu.

**Tajaajiloota hin hammatamne –** kanneen karoorri fayyaa hin kafalleefidha. Fakkeenya: OHP'n tajaajiloota bareedinaa keessan, kan akka yaala baqaqsuu pilaastikaa ykn wantoota of isaanii fooyya'an kan akka qufaa hin kaffalu.

**Seera Himannaa Sobaa Federaalaa fi Isteetaa –** Seera namni tokko beekkaadhaan galmee fayyaa sobaa galmeessisuu ykn faayidaa eeggumsa fayyaa sobaa argachuu yakka taasisuudha.

**Komee –** Komii idilee yoo tajaajila CCO, tajaajiloota fayyaa, ykn dhiyeessaa keessanitti gammachuu hin qabaannee isin taasistaniidha. OHP kana komee jedhee waama. Seerri CCOwwan komii kamiifiyyuu deebisaa kennuu qabu jedha.

**Tajaajila fi meeshaalee dandamannaa** – tajaajilootaa fi meeshaalee dandeettii jireenyaa guyyaa guyyaa isin barsiisani. Fakkeenyi teeraappii haasa'aa daa'ima dubbachuu hin jalqabiniif kennamuudha.

**Inshuraansii fayyaa** – Sagantaa eeggumsa fayyaatif kaffaludha. Erga sagantichaaf, kaampanichaaf, ykn ejansii mootummaatif galmooftanii booda, tajaajiloota fayyaa haguugamaniif ni kaffalu. Sagantaawwan inshuraansii muraasni, kaffaltiiwwan ji'aa pirimiyamiiwwan jedhaman qabu.

**Qorannoo saaxilamummaa fayyaa** – Qorannoo waa'ee fayyaa miseensaati. Qorannoon kun waa'ee fayyaa hamilee fi qaamaa, amalaa, haala jireenyaa, fi seenaa maatii gaafata. CCOwwan maamiloota gargaarsaa fi deeggarsa barbaachisaadhan wal qunnamsiisudhaaf itti fayyadamu.

**Eeggumsa Fayyaa Manaa –** Tajaajila yaala baqaqsuu, dhukkubaa fi miidhama booda jireenya kee fooyyessuuf fudhattuudha. Tajaajiloota kanneen keessaa muraasni, dawaawwan, nyaata fi dhiqannaadhangargaaruu fa'a.

**Tajaajiloota Hospaayisii –** Tajaajila nama du'aa jiruu fi maatii isaa jajjabeessuuf kennamudha. Hospaayisiin bakka filataamaa fi yaalli, gorsi fi dandamannaan bakka itti kennamuudha.

**Ciisanii yaalamuu fi deddeebidhaan yaalamu** – Ciisanii: Yoo hospitaala galtanii yoo xiqqaate halkanoota sadiif (3) hospitaala kan turtan ta'eedha. Deddeebii: Yoo yaalli baqaqsuu ykn dawaan hospitaala keessatti kan taasifamu ta'ee fi sana booda kan deemtan ta'e:

**Hospitaaleffamuu** – Yoo namni tokko eeggumsaaf hospitaala kan galu ta'e.

**Qindeessa eeggumsa cimaa** – Miseensonni muraasni fedhii fayyaa addaa qaban sadarkaa fayyaa irra ga'uuf gargaarsa dabalataa fi qabeenyota argatu. Fakkeenyi nama eeggumsa fayyaa addaa ta'e barbaduu tarii:

- Gadamoojjiiwwan
- Namoota miidhama qaamaa qaban
- Namoota rakkina baayyee ykn cimaa qaban
- Daa'imman rakkoowwan amalaa qaban

- Namoota dawaawwan IV fayyadaman
- Dubartoota ulfa rakkisaa qaban
- Buleeyyii fi maatii isaanii
- Namoota HIV/AIDS ykn somba qaban

**Medicaid** – Sagantaa biyyaalessaa namoota galii gad aanaa qaban gargaaru. Oregon keessatti, kuni Sagantaa Fayyaa Oregon jedhama.

**Fayyaadhaf kan barbaadaman** – Dhiyeessa tajaajilaa kan rakkoo fayyaa fi mallattoolee isaa qorachuu, ittisuu fi yaaluudhaaf kennamuudha. Akkasumas tajaajiloota fayyaa dhaabbataa ta'an jechuudhasi.

**Medicare** – Sagantaa eeggumsa fayyaa namoota umrii 65 ykn sanaa oliiti. Akkasumas namoota umrii kamiiyyuu kan miidhama qaban ni gargaara.

**Waliigaltee kan qaban** – Dhiyeessaa fayyaa, fayyaa sammuu, ilkaanii dawaa, fi meeshalee kan CCO wajjiin waliigaltee qabu jechuuudha.

**Dhiyeessaa waliigaltee qabu ykn hirmaatu** – Dhiyeessaa CCO waliin hojjatu kamiiyyuu. Dhiyeessaa waliigaltee qabu tolaan ilaaluu dandeessa. Ogeessonni addaa waliigaltee qaban muraasni ergaa barbaadu.

**Dhiyeessaa waliigaltee hin qabne** – Dhiyeessaa CCO wajjiin waliigaltee hin qabne. CCO'n miseensota isaan ilaalaniif hin kaffalu. Dhiyeessaa waliigaltee hin qabne ilaauuf mirkaneessa argachuuu qabdu.

**Waliigaltee Dhiisicha kaffaluu kan OHP (OHP 3165 ykn 3166)** – Uunka isin yoo tajaajila OHP'n hin kaffalleef kaffaluuf waliigaltaniidha. Tajaajilli addaa fudhatame fi guyyaan yoo irratti mallatteeffame gaariidha. Uunka dhiisuchaa duwwaa asitti argachuu dandeessu https://bit.ly/OHPwaiver. Dhiisicha mallatteessuu keessanni shakkituu? Waajjira dhiyeessaa gaafachuu dandeessu Afaanota dabalataatif, maaloo kan gadii ilaalaa: www.oregon.gov/oha/hsd/ohp/pages/forms.aspx

**Tajaajiloota haakimoota** – Tajaajiloota haakima irraa argattu.

**Karoora** – Dhaabbata fayyaa, ilkaanii, fayyaa sammuu, ykn CCO kan tajaajiloota eeggumsa fayyaa maamiloota isaatif kaffalu.

**POLST** – **Tajaajila Yaala Lubbuu Baraarridhaaf Kennamu (POLST).** Uunka fedhiin tajaajiloota isin xumura jireenya keessanii irratti barbaaddanii dhiyeessitoota fayyaatiin hordofamuu uunka itti hordoftaniidha.

**Tajaajila Tasagabbiidhan boodaa –** Tajaajiloota haala ariifachiisaa boodaa kan rakkina keessan tasgabbeessan, fooyyeessan ykn suphanidha.

**Mirkaneessa duraa (hayyama duraa, ykn PA)** – Sanada sagantaan kee tajaajila keetiif akka kaffalu ibsuudha. Sagantaawwan muraasni tajaajila isaanii argachuu keetiin dura PA gaafatu. Haakimootni yeroo hedduu kana ni hojjatu.

**Piriimiyamii** – Gatii inshuraansii

**Ajaja dawaa haguugamuu** – Inshuraansii fayyaa kan dawaa ajajameef ykn qorichootaaf kaffaltii taasisuudha.

**Ajaja Dawaa** – Dawaa haakimni keessan akka fudhattanif isiniif ajaje.

**Eeggumsa ittisaa ykn ittisa** – Eeggumsa fayyaa kan akka fayyaa taatan isin eegan. Fakkeenyi talaallii qufaa fudhachuu fi waggatti yeroo hundaa of qorachiisuudha.

**Dhiyeessaa eeggumsa jalqabaa (PCP)** – Ogeessa fayyaa eeggumsa fayyaa isiniif taasisuudha. Isaan namoota ati jalqaba yeroo rakkoon si mudatu ykn eeggumsa barbaadde bilbiltuufidha. PCP'n kee haakima, narsii shaakaltuu, gargaartuu haakimaa, ogeessa lafee, ogeessa nyaataa fa'a ta'uu danda'a

**Ogeessa ilkaanii jalqabaa (PCD)** – Haakima yeroo hedduu rakkoo ilkaanii kee fi irga keetiif eeggumsa siif taasisu jechuudha.

**Dhiyeessaa** – Nama ykn ejansii kamiiyyuu kan tajaajila eeggumsa fayyaa kennu.

**Tajaajiloota haaromsaa** – tajaajiloota akka fayyaa guututti deebitaniif isin gargaaran. Kuni yeroo hedduu yaala baqaqsuu, miidhama, ykn rakkoo wantootaa booda isin gargaaru.

**Bakka bu’aa** – Nama bakka keessan bu’ee akka hojjatu ykn dubbatu filatame.

**Qorannoo** – Gaafannaa yknm qorannoo rakkoowwan fayyaa ykn fedhiiwwan eeggumsaatif taasifaman.

**Eeggumsa narsiingii addaa** – Eeggumsa madaa, teeraappii, ykn dawaa kee fudhachuu wajjiin wal qabatee gargaarsa narsii Tajaajila eeggumsa addaa hospitaala keessatti, narsii manatti waamuun, yookn mana kee keessatti ogeessa eegumsa fayyaatiin.

**Ogeessa addaa** – Ogeessa fayyaa kan leenjii addaa dhukkuba ta'e tokko yookan kutaa qaama kee ta'e tokko eeguu irratti leenjii addaa qabu jechuudha.

**Of ajjeechaa** – gochaa lubbuu of baasuu

**Telehealth** – Eeggumsa bakka eeggumsa waajjira dhiyeessaatti karaa suursagalee ykn bilbila irraa kennamu.

**Jijjiirama eeggumsa** – Miseensonni karoorawwan OHP jijjiiran muraasni tajaajiloota wal fakkaataa argachuu fi dhiyeessaa wal fakkaata wajjiin itti fufu. Kana jechuun yerooo karoorawwan CCO jijjiirattanitti ykn gara tajaajila OHP bilisaatti adeemtanitti hin jijjiraman jechuudha. Kuni jijjiirama eeggumsa jedhama. Rakkoo fayyaa cimaa qabdu yoo ta’e, karoorri kee haaraa fi inni durii eeggumsaa fi tajaajiloota isin barbaaddan akka argattaniif, waliin hojjachuu qabu.

**Hojjataa fayyaa aadaa (THW)** – Hojjataa fayyaa hawaasaa kan hawaasa tajaajiluudhaaf dhiyeessitoota fayyaa ykn kilinika waliin hojjatu. THW miseensonni haqummaadhan yaalamuu mirkaneessa. Isteeta Oregoniin kan rageeffaman THW hundaa miti. Gosa THW garagaraa jaha (6) tu jira, isaanis:

- Hojjataa fayyaa haawaasaa
- Ogeessa addaa nageenyummaa hiriyaa
- Abuuraa fayyaa dhuunfaa
- Ogeessa addaa gargaaraa hiriyaa
- Deessistuu
- Hojjattoota Fayyaa Aadaa Gosaa

**Eeggumsa ariifachiisaa** – Eeggumsa dhukkubbii cimaadhaaf guyyaa wal fakkaataa irratti barbaaddan. Akkasumas eeggumsa miidhamni ykn dhukkubbiin akka hin cimne ykn qaamne keessan tokko akka hojii hin dhaabneef kennamudha.

**Nama odeeffannoo kennu** – Nama qisaasama, malaammaltummaa, miidhama, alabaasii, ykn fayyaa fi nageenyummaa hawaasaa gabaasudha.